

Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Bulchiinsa Taaksii caalmaatti si'ataa, bu'a qabeessaa fi tilmaamamaa taasisuuf taaksiiwwan Naannicha keessaa hundi kan ittiin hogganaman labsiin bulchiinsa taaksii of danda'ee akka jiraatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Gama hiika seerota taaksiitiin sababa adda addummaa bulchiinsa taaksii keessatti uumamuun dhamaatii kaffalaa taaksii mudachaa ture hambisuuf kan dandeessisu sirni hiikaa seera taaksii walfakkaataa ta'e akka jiraatu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef,

Kaffaltoonni taaksii komii gama murtii taaksiitiin qaban dhiyeessuu kan itti danda'an sirna dhiyeessa komii dhaqqabamaa ta'e, haalaan kan gurmaa'ee fi murtii saffina qabu kennuu dandeessisu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a)tiin kan kanatti aanu labsameera.

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun **“Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 203/2009”** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Labsii kana dabalatee raawwatiinsa seerota taaksiif akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisu yoo ta'e malee:

- 1) **“Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 2) **“Murtii gibiraa fooyya'e”** jechuun akkaataa Labsii kana Keewwata 30tiin murtii gibiraa fooyya'e Abbaan Taayitichaa kennu dha.
- 3) **“Murtii ol'iyyannoon irratti dhiyaachuu danda'u”** jechuun:
 - a) Murtii komii irratti kenname,
 - b) Kan armaan gadii osoo hin dabalatiin murtii Abbaan Taayitichaa kennu biroo kamiyyuu:
 - i) Murtii taaksii;
 - ii) Deemsa murtii taaksii kennuutiin murtii Abbaan Taayitichaa kennu.
- 4) **“Uunka Mirkanaa'e”** kan jedhu Labsii kana Keewwata 80tiin hiika kennameef ni qabaata.
- 5) **“Abbaa Taayitaa”** jechuun Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaati.

- 6) **“Dhaabbata”** jechuun kubbaaniyaa, waldaa shariikummaa, dhaabbata misooma mootummaa yookiin dhababata faayinaansii mootummaa yookiin dhaabbata namootaa biroo Naannicha keessatti yookiin Naannichaa alatti hundaa’edha.
- 7) **“Boordii”** jechuun akkaataa Labsii kana Keewwata 87 tiin kan dhaabbate Boordii ol iyyannoo taaksiiti.
- 8) **“Kubbaaniyyaa”** jechuun qaama seerummaa kan qabu bu’uura seera Daldalaa Itoophiyaatiin kan hundeeffame dhaabbata hojii daldalaa hojjechuuf hundeeffame yoo ta’u, bu’uura seera biyya biroottiin kan hundeeffame dhaabbata daldalaa walfakkaatu ni dabalata.
- 9) **“Miseensa sagalee murteessaa qabu”** jechuun kubbaaniyyaa ilaalchisee faayidaa ofiif jecha kophaa isaa yookiin nama quunnamtii qabu waliin kallattiinis ta’ee al-kallattiin:
 - a) Faayidaa kubbaaniyyicha keessaa qabu waliin walqabatee %50(dhibbeentaa shantama) yookiin isaa ol mirga sagalee kennuu kan qabu
 - b) Faayidaa kubbaaniyyicha keessaa qabu waliin wal-qabatee %50 (dhibbeentaa shantama) yookiin isaa ol gahee bu’aa kan argatu, yookiin
 - c) Faayidaa kubbaaniyyicha keessaa qabu waliin walqabatee %50 (dhibbeentaa shantama) yookiin miseensa gahee kaappitaalaa isaa ol qabuu dha.
- 10) **“Sanadni”** jechuun Kanneen armaan gadii ni dabalata:
 - a) Galmee herregaa, galmee, rikardii, sanada galmee, ibsa baankii, nagahee, Invooyisii, Vaawuchara, Waliigaltee yookiin walta’insa yookiin dikilaaraasiyoonii gumurukaa;
 - b) Akkaataa Labsii kana keewwata 24 tiin bakka bu’aan taaksii hayyamni kennameefiitiin waraqaa ragaa yookiin ibsa kenname ; yookiin
 - c) Meeshaa kuusaa odeeffannoo elektirooniiksii keessatti odeeffannoo yookiin daataa kuufame /qabame/ kamiyyuu.
- 11) **“Shallaggii taaksii tilmaamaan raawwatamu”** jechuun Abbaan Taayitichaa akkaataa Labsii kana Keewwata 28 tiin shallaggii taaksii tilmaamaan raawwatu dha.
- 12) **“Bara baajataa”** jechuun bara baajata Mootummaa Naannichaati.
- 13) **“Shallaggii taaksii sodaa”** jechuun abbaan taayitichaa akkaataa Labsii kana Keewwata 29tiin sodaa irraa ka’uu dhaan shallaggii taaksii raawwatudha.
- 14) **“Ajaja kaffaltii maallaqaa”** jechuun akkaataa Labsii kana Keewwata 45tiin ajaja kaffaltii maallaqaa Abbaan Taayitichaa kennuu dha.
- 15) **“Waliigaltee idil-addunyaa”** jechuun Mootummaa Itoophiyaa fi Mootummaa yookiin Mootummoota biyya biroo yookiin dhaabbata idila-addunyaa gidduutti waliigaltee taasifamudha.

- 16) **“Dhaabbata idila-addunyaa”** jechuun dhaabbata biyyootni walabummaa qaban yookiin Mootummoonni biyyoota kannneenii miseensa itti ta’aniidha.
- 17) **“Dhala kaffaltii tureef kaffalamu”** jechuun akkaataa Labsii kana Keewata 39 tiin sababa kaffaltiin taaksii tureef dhala kaffalamuu dha.
- 18) **“Bakka bu’aa taaksii heeyyamni kennameef”** jechuun akkaataa Labsii kanaa Keewata 96 yookiin 97 tiin bakka bu’aa taaksii hayyami kennameefii dha.
- 19) **“Abbaa Taayitaa hayyama kennu”** jechuun hayyama, waraqaa ragaa, walta’insa, yookiin mirga biroo kennuuf qaama seeran aangoon kennameefiidha.
- 20) **“Hojii gaggeessaa”** jechuun :
- a) Waldaa shariikaatiif yoo ta’u, shariikichi yookiin hojii gaggeessaa waldaa shariikichaa yookiin nama sadarkaa kanaan hojjatu yookiin hojii wal fakkaatu hojjetudha ;
 - b) Kubbaaniyaaf yoo ta’u, hojii raawwachiisaa ol’aanaa kubbaaniyyichaa, daayirektara, hojii gaggeessaa ol’aanaa yookiin nama kubbaaniyyicha keessatti aangoo kana fakkaatu qabu yookiin sadarkaa kanatti hojjetu yookin hojii kana fakkaatu rawwaatu ;
 - c) Dhaabbata biroo kamiifiyyuu, hojii gaggeessaa ol’aanaa dhaabbatichaa, yookiin nama kubbaaniyyicha keessatti aangoo kana fakkaatu qabu yookiin sadarkaa kanaan hojjetu yookiin hojii kana fakkaatu raawwatudha ;
- 21) **“Miseensa”** jechuun kubaaniyyaa ilaalchisee abbaa aksiyoona kan ta’e yookiin waldaa shariikummaa keessatti nama miseensa ta’e dabalatee dhaabbata keessatti faayidaa miseensummaa nama qabudha.
- 22) **“Faayidaa miseensummaa”** jechuun dhaabbata ilaalchisee aksiyoona kubbaaniyyaa keessa jiru yookiin faayidaa waldaa shariikummaa keessa jiru dabalatee faayidaa abbummaa dhaabbata keessa jirudha.
- 23) **“Waldaa shariikaa”** jechuun bu’uura Seera Daldalaa Itoopiyaatiin waldaa shariikaa dhaabbate yoo ta’u, qaama walfakkaataa bu’uura seera daldalaa biyya alaatiin kan dhaabbates ni dabalata.
- 24) **“Adabbii”** jechuun sababa seera taaksii darbuutiin adabbii bulchiinsaa fi/ykn adabbii yakka bu’uura Labsii kanaatiin yookiin seera taaksii birootiin buufamudha.
- 25) **“Murtii Adabbii Maallaqaa”** jechuun abbaan taayitichaa akkaataa Labsii kana keewata 115 tiin adabbii maallaqaa murteessudha.
- 26) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaamni namummaa kennameef jechuudha.

- 27) **“Itti gaafatamummaa sadarkaa Lammaffaa irratti dhufu”** jechuun akkaataa Labsii kana Keewwata 18 (4), 42 (3) (c), 43 (12) 44 (8), 45 (10), 48 (1), 49 (1) yookiin 50 (1)tiin namni tokko ittigaafatamummaan qabu “Itti Gaafatamummaa isa jalqabaa” jedahamee kan caqafamu gama bahachuutiin itti gaafatamummaa namni biroo qabudha.
- 28) **“Shallaggii kaffalaa taaksiitiin raawwatame”** jechuun kaffalaan taaksii taaksicha shallaguuf dirqama qabu akkaataa Labsii kana Keewwata 27 tiin shallaggii taaksii raawwatedha.
- 29) **“Beeksisa shallaggii taaksii”** jechuun”:
- a) Bu’uura Labsii Gibira Galiitiin beeksisa gibiraa dhiyaatu;
 - b) Bu’uura Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin beeksisa Taaksii Dabalata Qabeenyaa dhiyaatu;
 - c) Meeshaa gara biyya keessatti galu irratti Taaksii Dabalata Qabeenyaa kaffalamu yookiin taaksii eeksaayizii kan agarsiisu dikilaaraasiyoonii gumurukaati;
 - d) Bu’uura Labsii Taaksii Eksaayiziitiin beeksisa Taaksii Eksaayizii dhiyaatu;
 - e) Bu’uura Labsii Tarn Oovar Taaksiitiin beeksisa Tarn Oovar Taaksii dhiyaatu;
 - f) Bu’uura Labsii kana Keewwata 25 tiin kan dhiyaatu beeksisa taaksii dursee kaffalamu; yookiin
 - g) Bu’uura seera taaksiitiin beeksisa taaksii jedhamee kan caqasamu beeksisa shallaggii taaksii kaffalaa taaksiitiin qophaa’u.
- 30) **“Kaffalaa taaksii taaksii shallaguuf dirqama qabu”** jechuun nama beeksisa shallaggii taaksii ofii isaatii raawwate dhiyeessuuf dirqamudha.
- 31) **“Taaksii”** jechuun bu’uura seera taaksiitiin taaksii buufamu yoo ta’u, kanneen armaan gadii ni dabalata:
- a) Taaksii kaffalaa taaksiitiin hir’ifamee hafu;
 - b) Bu’uura Labsii Gibira Galiitiin taaksii dursee yookiin yeroo yeroodhaan kaffalmu;
 - c) Adabbii;
 - d) Dhala Sababa kaffaltiin tureefkaffalamu;
 - e) Bu’uura Labsii Gibira Galiitiin gibira biroo kamiyyuu kaffalamu.
- 32) **“Shallaggii taaksii”** jechuun beeksisa shallaggii taaksii, shallaggii taaksii tilmaamaan raawwatamu, shallaggii taaksii sodaa, shallaggii taaksii fooyya’insa, adabbii bulchiinsaa taaksii, yookiin shallaggii dhalaa yookiin bu’uura seera taaksiitiin shallaggii biroo kamiyyuu taasifamu.
- 33) **“Tumaa taaksii dhoksuu”** jechuun
- a) Labsii Gibira Galiitiin; fi
 - b) Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin tumaalee ilaallatanidha.

34) **“Murtii taaksii”** jechuun

- a) Shallaggii taaksii kaffalaa taaksiitiin raawwatame shallaggii taaksii hin dabalanne,
- b) Kaffalaan taaksii taaksicha shallaguuf dirqama qabu iyyata dhiyeeffate irratti murtii akkaataa Labsii kana keewwata 31 tiin kennamu;
- c) Kaffalaa taaksiitiin akka kaffalamu yookin gara fuulduraatti akka kaffalamu murtii akkaataa labsii kana keewwata 42 (2) tiin kenname;
- d) Itti gaafatamummaa sadarkaa lammaffaa irratti dhufu yookiin taaksii kaffalchiisuuf, baasii bahu deebisiisuu ilaalchisee murtii kennamu;
- e) Dhala sababa kaffaltiin tureef buufame ilaalchisee murtii kenname;
- f) Iyyata taaksii deebi’uu akkaataa Labsii kana keewwata 51 yookiin 52 tiin dhiyaate irratti murtii diddaa kennamu;
- g) Akkaataa Labsii kana keewwata 51 tiin hanga taaksii deebi’uu kan bakka buufamuu danda’uu ol ta’e, akkaataa Labsii kana Keewwata 52 tiin gaaffii hanga deebii dhiyaatu yookiin akkaataa labsii kana keewwata 52 tiin hanga deebii irra deebiin kaffalamuu qabuu ilaalchisee murtii kennamu; yookiin
- h) Taaksii herrega kaffalamu irraa hir’ifamee hafe Abbaa Taayitichaatiif hin kaffalamne ilaalchisee akkaataa Labsii Gibira Galii Keewwata 86 Keewwata Xiqqaa 3 tiin murtii kennamu.

35) **“Beeksisa taaksii”** jechun kanneen armaan gadiiti:

- a) Bu’uura Labsii Gibira Galiitiin beeksisa taaksii dhiyaachuu qabu;
- b) Bu’uura Labsii Gibira Galiitiin taaksii kaffalaa gibiraatiin irraa hir’ifamee qabamu ilaalchisee beeksisa taaksii dhiyaatu;
- c) Bu’uura Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin beeksisa Taaksii Dabalata Qabeenyaa dhiyaatu;
- d) Meeshaa gara biyya keessatti gale irratti Taaksii Dabalata Qabeenyaa kaffalamu yookiin taaksii eksaayizii agarsiisu dikilaaraasiyoonii gumirukaa;
- e) Bu’uura Labsii Taaksii Eksaayiziitiin beeksisa taaksii dhiyaatu;
- f) Bu’uura Labsii Tarn Oovar taaksiitiin beeksisa taaksii dhiyaatu;
- g) Bu’uura Labsii kanaatiin beeksisa taaksii kaffalaa taaksiitiin dhiyaachuu qabu;

36) **“Seera Taaksii”** jechuun:

- a) Labsii kana, Labsii Gibira Galii, Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa, Labsii Qaraxa Teembiraa, Labsii Taaksii Eksaayizii, Labsii Tarnovar Taaksii Naannichaa ta’ee seerota biro galii gibiraa fi bulchiinsa Taaksii Naannichaa ni dabalata.

- b) Abbaan taayitichaa taaksicha, ashuuraa, yookiin kaffalticha bulchuuf hanga itti gaafatamummaan itti kennametti Seera biroo taaksii, ashuuraa, kaffaltii kanneen buusu kamiyyuu;
- c) Dambii yookiin qajeelfama bu'uura Seerota keewwata kana Keewwata Xiqqaa 35(a-g)tti jalatti caqafamaniin irratti hundaa'uun bahan kamiyyuu.

37) **“Hojjetaa taaksii”** jechuun

- a) Daayirektara Ol'Aanaa Abbaa Taayitichaa
- b) Itti Aanaa Daayirektara Ol'Aanaa Abbaa Taayitichaa
- c) Bu'uura Labsii hundeeffama Abbaa Taayitichaatiin seera taaksii bulchuu fi raawwachiisuuf itti gaafatamtoota yookiin qaxaramtoota Abbaa Taayitichaa biroo itti gaafamummaan itti kenname;
- d) Abbaa Taayitichaa bakka bu'uun yoo hojjetan Miseensa Poolisii Naannichaa.

38) **“Yeroo Taaksii”** jechuun taaksiin walqabatee yeroo taaksii Abbaa Taayitichaatiif beeksifni itti dhiyaatu kan hammatudha.

39) **“Baasiwwan taaksii kaffalchiisuuf bahan”** jechuun:

- a) Abbaan Taayitichaa taaksii hin kaffalamin kaffalchiisuuf baasii baasu baasiwwan Labsii kana keewwata 32 keewwata xiqqaa 3 jalatti tarreeffaman;
- b) Labsii kana keewwata 43 keewwata xiqqaa 9(a) tiin kanneen tarreeffaman Abbaan Taayitichaa taaksicha kaffalchiisuuf qabeenyaa dandeesisu qabuuf baasiwwan baasudha.

40) **“Bakka bu'aa taaksii”** jechuun kaffalaa taaksichaa bakka bu'uun naannicha keessatti maallaqa kamiyyuu fudhachuuf yookiin kaffaluuf nama dhuunfaa itti gaafatamummaa qabu yoo ta'u, kanneen armaan gadii ni dabalata:

- a) Waldaa shariikaa ilaalchisee shariika waldaa shariikichaa yookiin hoji gaggeessaa;
- b) Kubbaaniyyaa ilaalchisee daayirektara kubbaaniyyichaa;
- c) Nama dhuunfaa dandeettii hin qabne ilaalchisee nama dandeettii hin qabne bakka bu'uun yookiin faayidaa nama kanaatiif bakka bu'aa seera qabeessa galii fuudhu;
- d) Labsii kana keewwata 42 jalatti kaffalaa taaksii caqafame ilaalchisee bu'uura keewwata caqafamaetiin abbaa imaanaa kaffalaa taaksichaa;
- e) Kaffalaa taaksii kamiyyuu ilaalchisee kaayyoo seerota taaksiitiif jecha Abbaan Taayitichaa beeksisa barreeffamaan kennameen kaffalaan taaksichaa nama dhuunfaa bakka bu'aa taaksii ta'uu isaa beeksiseedha.

41) **“Kaffalaa taaksii”** jechuun nama taaksii kaffaluuf dirqama qabu yoo ta'u kanneen armaan gadiis ni dabalata:

- a) Gibira galii ilaalchisee bu’uura gabatee “B” yookiin “C” tiin galii bara gibirichaatti gibirri itti kaffalamu kan hin qabne yookiin nama yeroo haara galfii gibiraa irra jiru yookiin kasaaraan irra qaqqabe;
 - b) Taaksii Dabalata Qabeenyaa ilaalchisee Nama Taaksii Dabalata Qabeenyaatiif galmaa’e yookiin galmaa’uuf dirqama qabu;
 - c) Tarn Oovar Taaksii ilaalchisee nama kaffalaa Tarn Oovar Taaksii ta’e.
- 42) **“Taaksii hin kaffalamne”** jechuun guyyaa kaffaltii yookiin Abbaan Taayitichaa Labsii kana keewwata 34 jalatti kan tumame guyyaa kaffaltii dheeresse yoo ta’e, taaksii yeroo dheerate keessatti hin kaffalamnedha.
- 43) **“Nama taaksii hir’isee galii taasisuuf itti gaafatamummaan itti kenname”** jechuun bu’uura Labsii Gibira Galii kutaa kudha shaniitiin herrega kaffalamu irraa taaksii hir’isee galii taasisuuf nama dirqami itti kennamedha.
- 44) **“Taaksii hir’ifamee hambifamu”** jechuun bu’uura Labsii Gibira Galii kutaa kudha arfuriitiin herrega kaffalamu irraa taaksii hir’ifamee hambifamuu qabuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun kaffaltoota gibiraa mootummaa naannoo Oromiyaa kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Gatii Gabaa Sirrii

- 1) Tumaan Labsii Gibira Galii keewwata 74 akkuma eegametti ta’ee kaayyoo seerota taaksiitiif yeroo fi iddoo murtaa’e tokkotti gatiin sirrii meeshaa, qabeenyaa, tajaajilaa yookiin faayidaa tokkooti kan jedhamu, gatii gabaa idilee waqtichaa fi bakkichaa kan meeshichaa, qabeenyichaa, tajaajilichaa yookiin faayidichaati.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalati tumameen yeroo fi iddoo murtaa’e tokkotti gatii gabaa sirrii meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa murteessuun kan hin danda’amne yoo ta’e, meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa gatii isaa murteessuun hin danda’amnee fi garaagarummaa gatii sirrii gidduu jiru meeshaa wal fakkaataa biroo kamiyyuu qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa argamsiisu irratti sirreeffama barbaachisu taasisuun gatiin argamu meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa gatii isaa murteessuun hin danda’amneef gatii gabaa sirrii ta’ee fudhatama.
- 3) Raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiif meeshaan, qabeenyi, tajaajilli yookiin faayidaan tokko qabeenyaa, tajaajila yookiin faayidaa biroo waliin wal-fakkaataadha kan jedhamu meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa biroo kamiyyuu waliin amalaan,

qulqullinaan, baay'inaan tajaajila kennuun qabiyyee qabateen maqaa gaariitiin kan walfakkaatu yookiin haala walitti dhiyaatuun walfakkataa yoo ta'eedha.

- 4) Gatii sirrii meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa tokkoo bu'uura tumaalee Keewwata kanaatiin murteessuun kan hin danda'ame yoo ta'e, haala qajeeltoowwan waliigalaa tilmaama gatii waliin walsimeen gatiin gabaa sirrii Abbaan Taayitichaatiin kan murtaa'u ta'a.
- 5) Raawwii keewwata kanaatiif gatiin meeshaaf, qabeenyaaf, tajaajilaaf yookiin faayidaaf kaffalame gatii gabaa sirrii meeshichaa, qabeenyichaa, tajaajilichaa yookiin faayidichaa kan caale yookiin gadi kan ta'e ta'uu ni danda'a.
- 6) Abbaan taayitichaa gatii gabaa sirrii meeshaa, qabeenya, tajaajila yookiin faayidaa tokkoo murteessuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

6. Namoota Quunnamtii Qaban

- 1) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqaa 2 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, raawwii seerota taaksiitiif namoonni lama namoota quunnamtii qabaniidha kan jedhamu namoota lamaan keessaa inni tokko bu'uura ajaja, gaaffii, yaada yookiin fedhii nama isa birootiin ni socho'a jedhamee yoo tilmaamamu yookiin namoonni lamaanuu bu'uura ajaja, gaaffii, yaada yookiin fedhii qaama biroo sadaffaatiin ni socho'u jedhamee yoo amanamuudha.
- 2) Namni tokko qaxaramaa yookiin maamila nama biroo waan ta'ee qofaaf yookiin namoonni lamaanuu qaxaramtoota yookiin maamiltoota qaama sadaffaa ta'uu isaaniitiin qofa namoota quunnamtii qabaniidha jedhamuu hin danda'an.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti haalli waliigalaa ibsame akkuma eegametti ta'ee, namoonni armaan gaditti ibsaman namoota quunnamtii qabaniidha:
 - a) Abbaan Taayitichaa namoota lamaan keessaa inni tokko bu'uura ajaja, gaaffii, yaada yookiin fedhii nama birootiin hin socho'u jedhee yoo itti hin amanne malee nama dhuunfaa tokkoo fi fira nama dhuunfaa kanaa;
 - b) Haala dhaabbatni tokko yookiin tumaaleen keewwata kanaa biroonitti raawwataman miseensi dhaabbata kanaa ofii isaatiin yookiin namoota quunnamtii qaban waliin ta'uudhaan kallattiidhaan yookiin tokko yookiin tokkoo ol ta'anii fi walitti hidhamiinsa qabanii mirga %25 (dhibbeentaa digdamii shan) yookiin kanaa ol filachuu, gahee bu'aa yookiin gahee kaappitaalaa dhabbatichaa to'achuu yoo ta'u, dhaabbatichii fi miseensi dhaabbatichaa namoota quunnamtii qabanii dha;
 - c) Dhaabbileen lama quunnamtii qabu kan jedhaman namni tokko kophaa isaa yookiin haala tumaaleen keewwata kanaa biroo raawwatiinsa itti qabaatan nama quunnamtii qabu waliin ta'uun gahee bu'aa yookiin kaappitaala dhaabbilee lamaanii kallattiidhaan yookiin karaa dhaabbilee biroo walitti hidhamiinsa qabanii %25

(dhibbantaa digdamii shan) yookiin isaa ol kan ta'e mirga filachuu kan to'ate yoo ta'ee dha.

- 4) Firoota nama dhuunfaa tokkooti kan jedhaman kanneen armaan gadiiti:
 - a) Hiriya gaa'ila,
 - b) Abbaa, Haadha, Abaabayyuu, akaakayyuu/Akkoo, fira gara gadiiti lakkaa'aman, obboleessa, obboleettii, eessuma, adaadaa, mucaa obboleessaa, mucaa obboleettii, haadha buddeenaa, abbaa buddeenaa, mucaa guddifachaa;
 - c) Maatii mucaa guddifachaa, yookiin abbaa manaa/haadha manaa isaa/ishee;
 - d) Abbaa manaa yookiin haadha manaa namoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4(b) jalatti caqafamanii.
- 5) Hiriya gaa'ila nama dhuunfaa tokkooti kan jedhaman kanneen armaan gadiiti:
 - a) Inni ykn isheen nama seeraan fuudhe ykn itti heerumte;
 - b) Gaa'illi osoo hin jiraatiin inni ykn isheen akka abbaa manaa fi haadha manaatti waliin kan jiraatu ykn kan jiraattu.
- 6) Mucaan guddifachaa tokko firoota sadarkaa tokkoffaa warra isaa guddifatani waliin akka firooma qabutti lakkaa'ama.

Kutaa Lama

Seerota Taaksiiii Bulchuu Ilaalchisee Gahee Abbaa Taayitichaa

7. Itti Gaafatamummaa Abbaa Taayitichaa

Seerota taaksii bulchuu fi hojii irra oolchuun itti gaafatamummaa Abbaa Taayitichaati.

8. Dirqamaa fi itti gaafatamummaa Hojjetoota Taaksii

- 1) Hojjataan taaksii bu'uura Labsii Hundeeffama Abbaa Taayitichaa Lakk. 175/2005tiin aangoo hojii isaaf kenname kamiyyuu raawwatiinsaa seerota taaksiitiif jecha ittiin hojjechuu yookiin itti gaafatamummaa kamiyyuu bahachuu qaba.
- 2) Hojjataan taaksii seerota taaksiitiin aangoo kennameef kamiiniyyuu kan hojjetu yookiin hojii fi itti gaafatamummaa isaa kamiyyuu kan bahatu karaa amanamummaa fi haqummaa qabuun yoo ta'u, kaffalaa taaksiis kabajaan keessummeessuuf itti gaafatamummaa qaba.
- 3) Hojjataan taaksii kanneen armaan gadiitiin wal qabatee aangoo seerota taaksiitiin kennameefiitiin hojjechuu yookiin itti gaafatamummaa yookiin hojii isaa raawwachuu hin danda'u:
 - a) Dhimmi hojjetichaaf dhiyaate kan dhuunfaa, kan maatii, kan daldalaa, kan ogummaa, kan qaxarrii isaa yookiin quunnamtii faayinaansii nama qabu waliin kan walqabate yoo ta'e;
 - b) Bifa birootiin walitti bu'insa faayidaa kan fidu yoo ta'e.

- 4) Hojjetaan taaksii yookiin hojichi kallattiidhaan kan ilaallatu hojjetaan Abbaa Taayitichaa hojjataa herrega taaksii yookiin gorsaa yookiin nama beeksisa taaksii qopheessu yokiin taaksii ilaalchisee nama gorsa kennuuf hejjetaa herregaa yookiin gorsaa ta'uun tajaajiluuf yookiin qaxaramaa nama kanaa akka ta'u yaada isaaf dhiyaate fudhachuu hin danda'u.

9. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Qaamni kamiyyuu seerota taaksii raawwachiisuuf deeggarsa yoo gaafatme dirqama deeggarsa kennuu qaba.

10. Odeeffannoon Taaksii Iccitiin kan Qabamu Ta'uu

- 1) Hojjetaan taaksii odeeffannoowwanii fi sanadoota sababa hojitiin argate kamiyyuu iccitummaa isaa eeguu qaba;
- 2) Tumaan keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hojjetaan taaksii namoota armaan gadiitiif sanada yookiin odeeffannoo tokko ibsuu irraa isa hin dhorku:
 - a) Hojjetaan Abbaa Taayitichaa biroo itti gaafatamummaa isaa akka bahatuuf;
 - b) Nama yakka taaksii Seera taaksiitiin tumame akkasumas yakka taaksii seerota biroo kamiiniyyuu tumame raawwate himachuun akka danda'amuuf qaama seera raawwachiiftuuf;
 - c) Boordichaaf yookiin mana murtii falmichi itti gaggeeffamaa jiruuf itti gaafatamummaa taaksii nama tokkoo mirkaneessuuf yookiin itti gaafatamummaa adabbii yookiin sababa taaksii tursiisuutiin dhala kaffalamu yookiin odeeffannoo dhimma yakkaatiif barbaachisu;
 - d) Mana Hojii Odiitara Muummicha Naannichaatiif hojii isaa raawwachuuf odeeffannoo barbaachisu;
 - e) Biiroo Haqaatiif hoji isaa hojjechuuf odeeffannoo barbaachisu ;
 - f) Odeeffannoon kennamu nama dhuunfaa tokko addaan baasee kan hin beeksifne yoo ta'u, tajaajila sassaabbii galii mootummaa kan kennu yookiin waajjira Istaatiiktiksiif hojii isaa hojjechuuf odeeffannoo barbaachisu;
 - g) Namni odeeffannoon isa ilaallatu barreeffamaan heeyyama isaa yoo ibsee nama kamiifiyyuu;
 - h) Seera biroo kamiiniyyuu qaama aangoon kennameef.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin namni odeeffannoo fudhatu kamiyyuu
 - a) Kaayyoo odeeffannoon ibsameef galmaan gahuuf yoo ta'e malee iccitummaa odeeffannichaa eeguu;
 - b) Sanadoota odeeffannicha qabatan kamiyyuu Abbaa Taayitichaaf deebisuuf dirqama qaba.

- 4) Akkaataa keewwata kanaan **“Hojjataa taaksii”** kan jedhu kanneen armaan gadii ni dabalata:
 - a) Miseensa gorsaa boordii Abbaa Taayitichaa kan ta’e yookiin kan ture;
 - b) Kontiraaktara dabalatee sadarkaa kamittiyyuu Abbaa Taayitichaatiin kan qaxarame yookiin nama kamiyyuu Abbaa Taayitichaatiin hojii tokko irratti akka bobba’u taasifame
 - c) Hojjataa duraanii kan abbaa taayitichaa, qaxaramaa yookiin kontiraaktara.

Kutaa Sadii

Kaffaltoota Taaksii

Kutaa Xiqqaa Tokko

Galmee

11. Kaffaltoota Taaksii Galmeeessuu

- 1) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 jalatti kan tumame akka eegametti ta’ee, namni taaksii kaffaluuf dirqama qabu dursee kan galmaa’e yoo ta’e malee, bu’uura seera taaksiitiin Abbaa Taayitichaa biratti galmaa’uuf iyyachuu qaba.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1:
 - a) Galii Naannicha keessatti argatu qofa akkaataa Labsii Gibira Galii keewwata 48 fi 50tiin gibirri kan itti kaffalamu nama jiraataa Naannichaa hin taane;
 - b) Akkaataa Labsii Gibira Galii keewwata 60 keewwata xiqqaa 2 tiin nama galii gibirri itti kaffalamu qofaa qabu irratti raawwatiinsa hin qabaatu.
- 3) Qaxaramaan dursee kan galmaa’e yoo ta’e malee, qaxaramaan qaxaraa isaa waliin waliigalteen seene akka galmaa’uuf qaxarichi iyyachuuf dirqama qaba.
- 4) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 qaxaraan qaxaramaan akka galmaa’u hin taasifne akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dirqama galmaa’uu irra jiru irraa bilisa isa hin taasisu.
- 5) Iyyatni galmeeff dhiyaatu:
 - a) Bu’uura unka Abbaan Taayitichaa mirkaneesseen dhiyaachuu qaba;
 - b) Bu’uura dambii Manni Maree Buulchiinsa Naannichaa baasuutiin kan murtaa’u ashaaraa qubaa dabalatee maalummaa namichaa kan mirkaneessu ragaan sanadaa walqabatee dhiyaachuu qaba;
 - c) Kaffalaan taaksii guyyaa taaksii galmaa’uuf dirqama qabu irraa eegalee guyyoota 21 keessatti yookiin yeroo dabalataa Abbaan Taayitichaa heeyyame keessatti dhiyaachuu qaba.

- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin qaxaraan qaxaramaaf kan iyyatuuf yeroo ta'utti bu'urra keewwata kana keewwata xiqqaa 5(b)tiin eenyummaan gaafatamu qaxaramaadhaan dhiyaachuu qaba.
- 7) Keewwatni kun Keewwatni Xiqqaan 10 akkuma eegametti ta'ee, namni kamiyyuu akka keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin dirqama galmeedhaaf iyyachuun irra jiru namnumti kun seera taaksii taaksii addaa tokkoof dirqama galmaa'uu qabuu yookiin filannoo qabu dabalateeti.
- 8) Abbaan Taayitichaa akkaataa keewwata kana keewwata Xiqqaa 1tiin nama galmaa'uuf iyyate bu'uura seera taaksiitiin taaksii kaffaluuf itti gaafatamummaa kan qabu ta'uu isaa yoo amane ni galmeessa, nama kanaafis bu'uura unka mirkanaa'een waraqaa ragaa qopheessee ni kennaaf.
- 9) Abbaan Taayitichaa galmaa'uuf nama iyyata dhiyeessee gaaffii gaalmaa'uu kan hin fudhanne ta'uu isaa guyyaa iyyatichi dhiyaate irraa eegalee guyyoota 14 jiran keessatti nama galmaa'uuf iyyateef barreeffamaan ni beeksisa.
- 10) Namni tokko akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin galmaa'uuf yoo iyyata ragaa dhiyeessee namni kun unkaa iyyata galmee dabalataa biroo dhiyeessuun osoo isa hin barbaachisin Abbaan Taayitichaa ragicha namni kun seera taaksii birootiin dirqama taaksii addaa tokkoof galmaa'uu qabu yookiin galmaa'uuf heeyyamni kennameef guutuuf itti fayyadamuu ni danda'a.
- 11) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 10 jalatti tumame jiraatuyyuu Abbaan Taayiticha galmee dabalataa nama tokkoo haala guutuu ta'een raawwachuuf odeeffannoo dabalataa barbaachisu biroo kamiyyuu akka dhiyeeffatuuf nama kana gaafachuu ni danda'a.
- 12) Namni akkaataa keewwata kanaatiin galmaa'uu osoo qabuu hin galmaa'iin hafe Abbaan Taayitichaa bu'uura unka mirkanaa'een galmeessee waraqaa ragaa galmee kennuu ni danda'a.
- 13) Akkaataa keewwata kanaatiin galmeen nama tokkoo raawwatiinsa kan qabaatu galmee nama kanaa waraqaa ragaa mirkaneessu irratti guyyaa ibsame irraa eegaleeti.

12. Jijjiirama Beeksisuu

- 1) Namni galmaa'e kamiyyuu kanneen armaan gadii keessaa dhimma kamiyyuu ilaalchisee jijjiiramni yoo uumamu jijjiiramichi uumamee guyyoota 21 keessatti Abbaa Taayitichaaf barreeffamaan beeksisuu qaba:
 - a) Maqaan isaa, teessoo isaa dhaabbataa yookiin Lakkoofsa Saanduqa Poostaa isaa, dambii ittiin bulmaataa yookiin sochii yookiin sochiiwwan hojii ijoo isaa;
 - b) Teessoo Baankii Abbaa Taayitichaa waliin wal quunnamtii taasisu;
 - c) Teessoo elektirooniikii Abbaa Taayitichaa waliin wal quunnamtii taasisu;

- d) Tarreeffama dhimmoota biroo Abbaan Taayitichaa qajeelfamaan murteessu;
- 2) Namni galmaa'e akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin beeksisa jijjiiramaa yoo dhiyeessu namni kun seera taaksii birootiin galmee taaksii addaa tokkoof taasise waliin walqabatee jijjiramoota walfakkaataa beeksisuu ilaalchisee dirqama beeksisuu irratti gatame akka bahetti lakkaa'ama.

13. Galmee Haquu

- 1) Namni galmaa'uuf dirqama qabu seerota taaksii hundaaf dirqamni galmaa'uu irratti buufame yoo addaan citu galmichi akka haqamuuf Abbaa Taayitichaatti iyyachuu qaba.
- 2) Galmee haqsiisuuf iyyata dhiyaatu:
- a) Bu'uura unkaa mirkanaa'eetiinii fi
- b) Namni galmaa'e seerota taaksii hundaaf dirqama galmaa'uu irratti buufame guyyaa addaan cite irraa eegalee guyyoota 30 keessatti yookiin yeroo dabalataa Abbaan Taayitichaa kennu keessatti dhiyaachuu qaba.
- 3) Namni tokko akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin iyyata yoo dhiyeesse seera taaksii birootiin galmee taaksii addaa tokkoof taasifame akka haqamuuf dabalee akka iyyatetti fudhatama.
- 4) Namni tokko akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin iyyata yoo dhiyeessu Abbaan Taayitichaa namni kun hojii isaa kan dhaabe ta'uu fi seerota taaksii hundaaf dirqama galmaa'uu kan hin qabne ta'u isaa erga mirkaneessee booda nama kanaaf beeksisa barreeffamaa kennuun galmee isaa ni haqa.
- 5) Galmeen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti ibsame haqamuu beeksifni isaa ibsu yeroo iyyatichi dhiyaatee eegalee guyyoota 30(soddama) jiran keessaatti iyyatichaaf kennuun kan irra jiru yoo ta'u, Abbaan Taayitichaas yeroo iyyanni naaf haa haqamuu dhiyaate irraa eegalee guyyoota 90'n (sagaltamman) jiran keessatti dhimmoota taaksii kaffalaa taaksichaa ilaalchisee odiitii dhumaa taasisuu ni danda'a.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen namni tokko galmeen akka haqamuuf gaaffi kan hin dhiyeessine yoo ta'e Abbaan Taayitichaa namni kun hojii isaa guutummaan guutuutti dhaabuu isaa fi kaayyoo seerota taaksiitiif dirqama galmaa'uu kan hin qabne akkasumas nama uumamaa yoo ta'e du'uu isaa kubbaaniyyaa yoo ta'es diigamuu isaa yookiin namni biroo kamiyyuu jiraachuun isaa kan addaan cite ta'uu isaa yoo itti amanu kaffalaa taaksichaatiif yookiin bakka bu'aa taaksichaatiif bareeffamaan kennuun galmicha ni haqa.

- 7) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 fi 6tiin haqinsi galmee nama tokkoo taasifame seera taaksii biroottiin kaayyoo taaksii adda bahe tokkoof jecha galmee taasifame haquus ni dabalata.
- 8) Haqiinsi galmee nama tokkoo raawwatiinsa kan qabaatu beeksisa haqiinsaa Abbaan Taayitichaa kenne irratti guyyaa barreeffame irraa eegaleeti.
- 9) Haqiinsi galmee nama tokkoo seera taaksii biroottiin taaksii adda bahe tokko kan ilaallatu yoo ta’u, seera taaksii sanaan haqiinsa galmee ilaalchisee dirqamoota tarreeffaman guutuun dirqama ta’a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii

14. Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii

Kafaltoota taaksii adda baasuuf akka danda’amu Abbaan Taayitichaa bu’uura kutaa xiqqaa kana keessatti tumaameen, kaayyoo seeroota taaksiitiif jecha nama galmaa’eef lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kan jedhame ni kenna. Kaffalaan taaksichaas lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa akkaataa seerota taaksii jalatti tumameen fayyadamuu qaba.

15. Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii Kennuu

- 1) Abbaan Taayitichaa akkaataa Labsii kana keewwata 11 tiin kaayyoo seerota taaksiitiif jecha namoota galma’aniif lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii qopheessee ni kenna.
- 2) Seerota taaksii hundaaf lakkoofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksii tokko kan kennamu yoo ta’u, kaffalaan taaksii tokko yeroo kamittiyyuu lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii tokko qofa qabaata.
- 3) Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksiitiif lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kan kennu beekisisa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii erguudhaan ta’a.

16. Itti Fayyadama Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii

- 1) Naminni lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kennameef lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa beeksisa taaksii, beeksisa yookiin kaayyoo seera taaksii kamiiniyyuu sanada dhiyaatu yookiin hojii irra ooluun yookiin bu’uura seera taaksiitiin sanada qophaa’u irratti ibsuu qabata. Akkasumas kaffalaan taaksii nama taaksii hir’isee hambisuuf dirqama qabuuf kaffaltiin yammuu raawwatamuuf lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa kennuu qaba.
- 2) Kaffalaan taaksii hojii daldalaa hojjechuuf heyyamni akka kennamuuf iyyata dhiyeessu Abbaa Taayitaa heyyama kennuuf lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa kennuu qaba.

- 3) Kaffalaan taaksii akkaataa Keewwata kan Keewwata Xiqqaa 2tiin eeyyama isaa yoo haaromsu lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa dhiyeessuun kan irraa eegamu erga iyyatni heeyyamaa inni jalqabaa dhiyaatee booda, lakkoofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksichaa kan jijjirame yoo ta'e qofa.
- 4) Qaamni mootummaa heeyyama daldalaa yookiin hayyama hojii kennu kaffalaan taaksichaa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii isaa osoo hin dhiyeessiin heeyyama kennuu hin danda'u.
- 5) Tumaan Keewwata kana KeewwataXiqqaa 6 akkuma eegametti ta'ee, nama lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kennameef qofa kan tajaajilu waan ta'eef nama birootiin faayidaa irra ooluu hin danda'u.
- 6) Bakka bu'aan taaksii heeyyamni kan kennameef, lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii nama tokkoo itti fayyadamuu kan danda'u:
 - a) Namni abbaa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaa ta'e bakka bu'aan taaksii eeyyamni kennameef, lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaatti fayyadamuu akka danda'u barreeffamaan yoo heeyyamuuf : fi
 - b) Bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaa dhimmota taaksii abbaa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaatiif qofa yoo fayyadamudha.

17. Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii Haquu

- 1) Abbaan Taayitichaa haalonni armaan gadii yoo muudatan akeekkachiisa barreeffamaa kennuun lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii nama tokko haquu ni danda'a:
 - a) Akkaataa Labsii kana Keewwata 11tiin galmeen kaffalaa taaksichaa yoo haqamu;
 - b) Eenyummaa kaffalaa taaksichaa dhugaa kan hin taaneen lakkoofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksii kan kennameef yoo ta'e;
 - c) Kaffalaan taaksichaa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii biroo faayidaa irra oolaa jiru kan qabu yoo ta'e.
- 2) Abbaan Taayitichaa yeroo kamiyyuu akeekkachiisa barreeffamaa kennuun lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii nama tokkoo haquun lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii haaraa kennuufii ni danda'a.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Bakka Bu'oota Taaksii

18. Dirqamoota Bakka Bu'oota Taaksii

- 1) Bakka bu'aan taaksii tokko beeksisa taaksii dhiyeessuu fi taaksii kaffaluus dabalatee dirqama seerri taaksii kaffalaa taaksichaa irratti gatu kamiyyuu bahuuf itti gaafatamummaa qaba.

- 2) Kaffalaan taaksii tokko bakka bu'oota taaksii lamaa fi isaa ol kan qabu yoo ta'e, tokkoon tokkoon bakka bu'a taaksii dirqamoota Keewwata kana jalatti tumamaniif itti gaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu. Ta'us bakka bu'oota taaksii keessaa tokko dirqamoota bakka bu'iinsa taaksichaa bahachuu ni danda'a.
- 3) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa4 akkuma eegametti ta'ee, seera taaksiitiin haala birootiin kan tumame yoo ta'e malee, bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa1tiin taaksiin bakka bu'aa taaksiitiin kaffalamuu qabu, hanga maallaqaa qabeenyaa to'annoo yookiin qabiyyee bakka bu'aa taaksichaa jala jiru irraa sassaabuu qaba.
- 4) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 akkauma eegametti ta'ee, taaksiin bakka bu'aa taaksiitiin kaffaalamuu qabu osoo hin kaffalamiin yoo hafe, bakka bu'aan taaksichaa bakka bu'aa ta'uu isaatiin taaksicha kaffaluuf itti gaafatamummaa dhuunfa qabu:
 - a) Maallaqa taaksiin itti kaffalamu kan fudhate yookiin fudhachuu danda'uu kan balleesse, kaayyoo birootiif kan oolche yookiin kan dabarse yoo ta'e;
 - b) Qabeeny kaffalaa taaksichaa kan ta'ani fi to'annoo qabiyyee bakka bu'aa taaksichaa jala kan turan yookiin yeroo taaksiin itti kaffalamu qabu booda qabiyyee isaa jala kan ta'an fi qabeenyota yookiin mallaqa kaffaltii taaksiitiif oluu danda'an kan dabarse yookiin gar-tokkeen nama biroof kan kenne yoo ta'e.
- 5) Bakka bu'aan taaksichaa akkaataa keewwata kana keewwata Xiqqaa 4tiin kaffaltii taaksiitiif itti gaafatamummaa dhuunfaa kan hin qabaanne:
 - a) Maallaqani bakka bu'aa taaksichaatiin kaffalameef faayidaa kaffalaa taaksichaatiif kan oole yoo ta'ee fi maallaqni kaffalame seeraan dirqama kaffalaa taaksii taaksii kaffaluuf qabu dursa kan qabu yoo ta'e; yookiin
 - b) Maallaqni yeroo kaffalamutti bakka bu'aan taaksii idaan taaksii kaffalaa taaksii irra jiraachuu isaa kan hin beekne yookiin beekuu kan hin dandeenye yoo ta'e.
- 6) Akkaataa keewwata kana jalatti tumameen bakka bu'aan taaksichaa dirqama kamiyyuu seera taaksiitiin kaffalaa taaksichaa irratti gatame osoo hin bahatiin yoo hafe dirqama kamiyyuu kaffalaan taaksii qabu irraa bilisa taasisuu hin danda'u.

Kutaa Afur

Sanadoota

19. Dirqama Galmee Qabachuu

- 1) Kaayyoo seera taaksiitiif jecha kaffalaan taaksii tokko sanadoota akkaataa seera taaksiitiin qabamuu qaban bifa elktirooniksiitiin dabalatee dirqama qabachuu kan qabu ta'ee, sanadoonni kunis kan qabaman Afaan Oromootiin ta'ee, haala dirqama kaffalaa taaksii ifatti mirkaneessuu danda'uun Afaan Ingiliizitiis ta'uu ni danda'a.

- 2) Seera taaksiitiin haala birootiin yoo tumame malee tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 akkuma eegametti ta'ee, kaffalaan taaksii tokko sanadoota akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin ibsaman kanneen armaan gadii yeroo dheeraatiif tursiisuuf dirqama qabu:
 - a) Hanga yeroo sanada qabataniituu turuu seera daldalaa keessatti murtaa'e: yookiin
 - b) Sanadootni yeroo taaksii rogummaa qabaniin beeksisa taaksii Abbaa Taayitichaatiif guyyaa itti dhiyaate irraa eegalee waggoota 5(shan) niif ;
- 3) Yeroon Keewwata kana keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsame erga xummuramee booda bu'uura labsichaatiin falmii taasifamuuf yookiin yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsame dura bu'uura seera hojii irra ooleetiin falmii taasifamuuf sanadichi kan barbaachisu yoo ta'u kaffalaan taaksichaa hanga falmiwwan hundinuu xummuramanitti sanadicha qabee tursiisuuf dirqama qaba.
- 4) Sanadni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsameen qophaa'ee kan hin dhihaanne yoo ta'e, beeksisa barreeffamaan Abbaa Taayitichaatiin kennamuun yeroo murtaa'ee keessatti sanadichi turjumaanaa Abbaa Taayitichaa biratti fudhatama qabu biratti baasii kaffalaa taaksichaatiin gara afaan Oromooti hiikamee akka dhihaatu Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksichaa ajajuu ni danda'a.
- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 4tti kan tumaman jiraataniyyuu qajeelfama qabiinsa sanada gatii dabarsuu Abbaan Taayitichaa baasu raawwattiinsa ni qabaata.

20. Sanadoota Qorachuu

Bu'uura seera taaksiitiin kaffalaan taaksii sanadoota akka qabaatuuf dirqisiifamu, yeroo sababaawaa kamiyyuu Labsii kana keewwata 19 jalatti ibsameen sanadoota qorannoo Abbaa Taayitichaaf qopheessuuf dirqama qaba.

21. Nagaheewwan

- 1) Kaffalaan taaksii galmee herregaa qabaachuuf dirqama qabu osoo nagaheewwan hin maxxansiisiin dura akaakuu fi baay'ina nagaheewwan kanaa Abbaa Taayitichaa biratti galmeessisuu qaba.
- 2) Namni tajaajila maxxansaa kennu kamiyyuu nagaheewwan maxxansiisuuf kaffalaa taaksii irraa gaaffin yoo dhihaatuuf nagahicha maxxansuun dura akaakuu fi hanga nagaheewwan kanaa Abbaa Taayitichaatiin galmaa'uu isaanii mirkaneeffachuu qaba.
- 3) Kaffalaan taaksii galmee herregaa qabachuuf dirqama qabu kamiyyuu gurgurtaa raawwatuuf dirqama nagahee kennuu qaba.
- 4) Abbaan Taayitichaa raawwii keewwata kanaatiif qajeelfama ni baasa.

22. Meeshaa Gurgurtaa Galmeessu

- 1) Manni Maree Bulchiinsa Naannichaa meeshaa gurgurtaa galmeessu ilaalchisee dambii ni baasa.
- 2) Dambii armaan gadii tumuu ni danda'a:
 - a) Kaffaltoonni taaksii meeshaa gurgurtaa galmeessuu fayyadamuuf dirqama akka qaban;
 - b) Haala kaffaltoonni taaksii meeshaa gurgurtaa galmeessutti fayyadaman;
 - c) Nagahee meeshaa gurgurtaa galmeessuutiin maxxanfamee bahe odeeffannoowwan qabaachuu qabu;
 - d) Amaloota barbaachisoo meeshaa gurgurtaa galmeessuu;
 - e) Dhiheessitootni meeshaa gurgurtaa galmeessuu meeshaaleen dhiyeessan beekamtii akka argataniif adeemsa hordofuu qabanii fi dirqama dhiheessitootni qaban;
 - f) Meeshaan gurgurtaa galmeessuu kaffalaa taaksiitti gurgurame haala itti galmaa'u.
- 3) Raawwii Keewwata kanaatiif:
 - a) **“Meeshaa maallaqa callaa galmeessu”** jechuun bakka nagahee gurgurtaa idilee meeshaalee yookiin tajaajiloota gurgurtaa kan galmeessuu fi yaadannoowwan dubbisuuf qofa danda'amu kan kuusuu fi mala elektroniksiitiin Chiippii pirogiraamii ta'u kan itti hidhame pirogiraama sarkiiyuutiin tolfame meeshaa fayyadamudha;
 - b) **“Meeshaa gurgurtaa naquxaa”** jechuun meeshaa maallaqa callaa galmeessu kan bakka bu'u meeshaa kompitarawaa ta'e yoo ta'u, ajaja maamiltootaa, raawwii fi adeemsa ajajichaa fi herraga kaardii deebiitii fi kireediitii kan galmeessuu fi hordofu meeshaa kuusa keessa jiru kan to'atuu fi gochaawwan kana fakkaatan biroo raawwachuuf kan dandeessisu meeshaa dandeetti dabbalataa qabudha;
 - c) **“Meeshaa gurgurtaa galmmeessu”** jechuun meeshaa maallaqa callaa galmeessu yookiin meeshaa gurgurtaa naquxaati.

Kutaa Shan Beeksisa Taaksii

23. Beeksisa Taaksii Dhiyeessuu

- 1) Namni seera taaksiitiin dirqamni beeksisa taaksii dhiyeessuu irrattu buufame beeksisicha bu'uura unkaa mirkanaa'ee fi labsii kanaatiin haala dambii bahu keessatti ibsameen dhiheessuu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwatni Xiqqaa 3 akkuma eegametti ta'ee, kaffalaan taaksii kamiyyuu yeroo beeksisa barreeffamaa Abbaan Taayitichaa kennu keessatti ibsametti:
 - a) Beeksisa taaksii, beeksisa taaksii dursee Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessee guutu; yookiin
 - b) Beeksisa taaksii odeeffannoo beeksisa barreeffamaa Abbaan Taayitichaa kenne keessatti ibsaman hammate dhiyeessuu qaba.

- 3) Beeksifni taaksii dursee dhihaate beeksis shallaggii taaksii ofii kaffalaa taaksiitiin qophaa'e yoo ta'e, tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(a) raawwatiinsa hin qabaatu.
- 4) Abbaan Taayitichaa beeksis taaksii kaffalaa taaksiitiin yookiin maqaa kaffalaa taaksiitiin dhihaateen hin dirqisiifamu. Waan ta'eefis Abbaan Taayitichaa odeeffannoo amansiisaa fi mirkanaa'uu danda'u argate kamiyyuu irratti hundaa'ee hanga taaksii kaffalaan taaksii kaffaluu qabu murteessuu ni danda'a.
- 5) Keewwata kana Keewwatni Xiqqaa 6 fi Labsii kana Keewwatni 83 akkuma eegamanitti ta'ee, kaffalaan taaksii kamiyyuu beeksis taaksii dhiyeessu irratti mallatteessuu kan qabu yoo ta'u, beeksifni taaksichaa beeksisichii fi sandootni wal qabatan guutuu fi sirrii ta'uu isaanii ibsa kaffalaan taaksichaa ittiin mirkaneessu qabaachuu qaba.
- 6) Kaffalaan taaksichaa:
 - a) Nama dhuunfaa hin taane ;
 - b) Nama dhuunfaa dandeetti hin qabne yoo ta'e; yookiin
 - c) Nama dhuunfa sababa birootiin beeksisicha mallatteessuu hin dandeenye yoo ta'ee fi bakka bu'aa taaksii heeyyamni kennameetiif yookiin bakka bu'aa taaksiitiif aangoo bakka bu'iinsaa barreeffamaan kan kenne yoo ta'e; bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef yookiin bakka bu'aan taaksii kaffalaa taaksichaa beeksisicha mallatteessuu fi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5tiin ibsa mirkaneessaa kennuu ni danda'a.
- 7) Beeksifni taaksichaa bakka bu'aa taaksii heeyyamni kennameef yookiin bakka bu'aa taaksii kaffalaa taaksichaatiin kan mallattaa'e yoo ta'e kaffalaan taaksichaa qabiyyee beeksisichaa akka beekuu fi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti ibsameen beeksisichi guutuu fi sirrii ta'uu isaa ibsa akka kennetti lakkaa'ama.

24. Mirkaneessa Beeksis Taaksii Bakka Bu'aa Taaksii Heeyyamni Kennameefii Kennu

- 1) Bakka bu'aan Taaksii heeyyamni Kennameef beeksis taaksii kaffalaa taaksii kan qopheessu yookiin qophii isaa irratti deeggersa kan taasisu sanadoonni kaffalaa taaksichaa qoratamuun isaa fi hanga beekutti sanadoota wal qabatan odeeffannoowwan beeksifni taaksichaa ilaallatuu fi bittaa fi gurgurtaa sirriitti kan agarsiisan ta'uu isaa kan mirkaneessu bu'uura unka mirkanaa'eetiin waraqaa ragaa qophaa'e kaffalaa taaksichaatiif kennuu qaba.
- 2) Waraqaa ragaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame kennuuf bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef heeyyamamaa hin taane ibsa barreeffamaa sababa waraqaa

ragichaa kennuu hin barbaanneef kan of keessatti qabate kaffalaa taaksichaatiif kennuu qaba.

- 3) Bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef beeksisa taaksii kaffalaa taaksii kan qapheessu yokiin qophii isaa irratti deeggarsa kan taasisu beeksisichaan wal qabatee kaaffala taaksichaatiif akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1tiin waraqaa ragaa kan kenne yookiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin ibsa kan kenne ta'uu isaa beeksisa taaksii irratti ibsuu qaba.
- 4) Bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef akkaataa keewwata kanaatiin waraqaa ragaa kenne yookiin waraabbii ibsaa yeroon akkaataa Labsii kanaa keewwata 19 keewwata xiqqaa 2tiin murtaa'een tursuu kan qabu yoo ta'u, Abbaan Taayitaa barreeffamaan yoo gaafatu waraabbii isaa Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu qaba.

25. Beeksisa Taaksii Dursanii Dhiyeessuu

- 1) Kaffalaan taaksii hojii isaa addaan kute kamiyyuu hojii isaa addaan kutuu isaa guyyaa hojii isaa addaan kutee eegalee guyyoota 30'n (soddoman) keessatti Abbaa Taayitichaatiif barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 2) Kaffalaan taaksii Keewwatni Xiqqaan1 ilaallatu guyyaa hojii isaa addaan kutee eegalee guyyaa 60 (jaatama) keessatti yookiin Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksichaatiif beeksisa barreeffamaa kennuun yeroo murteessuu gadi keessatti:
 - a) Yeroo taaksii kaffalaan taaksii hojiisaa addaan kuteef yookiin beeksisa taaksii yeroon isaa hin geenye dura yeroo taaksii tureef beeksisa taaksii dursaa dhiyeessuu;fi
 - b) Bu'uura beeksisa taaksii dursaatiin taaksii kaffalamuu qabu kaaffaluu qaba.
- 3) Kaffalaan taaksii kamiyyuu Naannicha keessaa ba'uuf yoo jedhee fi Naannicha keessaa ba'uun kaffalaa taaksichaa yeroodhaaf akka hin taane kan tilmaamamu yoo ta'e, kaffalaan taaksichaa Naannicha keessaa bahuun dura:
 - a) Beeksisa taaksii yeroo Sanaa fi yeroo Naannicha keessaa ba'u yeroon dhiyeessii beeksisa taaksii hin geenye dura yeroo taaksii tureef beeksisa taaksii dursaa dhiyeessuu; fi
 - b) Bu'uura beeksisa taaksii dursaatiin taaksii kaffalamuu qabu kaffaluu yookiin haala taaksichi itti kaffalamu Abbaa Taayitichaatiif haala quubsaa ta'een mijeessuu qaba.
- 4) Kaffalaan taaksii yeroo taaksii kamiifiyyuu beeksisa taaksii yeroo taaksichaitti dhiyeessuu qabu hin dhiyeessu jechuun amanuun kan nama dandeessisu sababa yoo qabaatu Abbaan Taayitichaa beeksisa barreeffamaa kaffalaa taaksiitiif kennuun :

- a) Kaffalaan taaksichaa yookiin bakka bu'aan taaksichaa yeroon dhiyeessii yeroo beeksisa taaksii yeroo taaksichaa yoo ga'uu baates yeroo beeksisa Abbaan Taayitaa kenne keessatti ibsame keessatti beeksisa taaksii dursaa dhiyeessuu; fi
 - b) Taaksii beeksisa taaksii dursaatiin ibsame yeroo beeksisa Abbaan Taayitichaa kenne keessatti akka kaffalu ajajuu ni danda'a.
- 5) Kaffalaan taaksii gosa taaksii tokkoo ol ta'e kan isa ilaallatu yoo ta'e, keewwatni kun tokkoon tokkoo gosa taaksiitiif raawwatiinsa ni qabaata.
- 6) Kaayyoo keewwata kanaatiif "hojii" jechuun daldala yookiin bu'uura seera taaksiitiin galii taaksiin itti kaffalamu kan argamsiisu hojii biroo yoo ta'u, taaksii dhumaa ta'ee herrega kaffalamu irraa hir'atee Abbaa Taayitaatiif kan darbu hojii galii taaksiin itti kaffalamu argamsiisu hin dabalatu.

26. Beeksisa Taaksii Sirnaan Dhiyaate

Ragaan faallessu hanga hin dhiyaannetti kaffalaa taaksiitiin yookiin maqaa kaffalaa taaksiitiin beeksifni taaksii dhiyaateera jedhame kaffalaa taaksiitiin yookiin heeyyama kaffalaa taaksichaatiin akka dhiyaatetti laka'ama.

Kutaa Jaha Shallaggii Taaksii

27. Shallaggii Taaksii Kaffalaa Taaksiitiin Qophaa'u

- 1) Shallaggii taaksii bu'uura unka mirkanaa'een yeroo taaksii tokkoof kaffalaa taaksichaatiin qophaa'e kan dhiyeesse kaffalaan taaksii shallaggii taaksii, ofii saa kan qopheessuu hanga beeksisa shallaggii taaksichaa irratti ibseen kaayyoo Labsii kanaa kamiifiyyuu yeroo taaksii beeksifni taaksichaa raawwatiinsa itti qabaatu irratti hanga shallaggii taaksii kaffalamuu qabuu zeeroo dabalee akka dhiyeessetti lakka'ama.
- 2) Beeksisa shallaggii taaksii bu'uura unka mirkanaa'een yeroo taaksii tokkoof kaffalaa taaksichaatiin qophaa'e bu'uura Labsii Gibira Galii gabatee "B" yookiin "C" tiin kaffalaan taaksii galii taaksiin itti kaffalamu argatu itti yeroo taaksii kanatti kasaaraa kan isa muudate yoo ta'e hanga kasaaraa beeksisa shallaggii taaksii irratti ibsame kaayyowwan Labsii kanaa kamiifiyyuu yeroo taaksii beeksifni taaksii raawwatiinsa qabaatutti shallaggii kasaaraa mudateen akka dhiyeessetti lakka'ama.
- 3) Bu'uura unka mirkanaa'een yeroo taaksii tokkoof beeksisa taaksii dabalata qabeenyaa kaffalaa taaksiitiin qophaa'e dhiyaate shallaggii taaksii isaa kan qopheessu kaffalaan taaksii taaksii dabalata qabeenyaatiif galmaa'e, yeroo taaksii kanatti hanga taaksii dabalata qabeenyaa waliigalaa galtee kaffalamee gurgurtaa taaksiin dabalata qabeenyaa irratti

kaffalamu irraa hanga taaksii dabalata qabeenyaa waliigalaa sassaabee kan caalee yoo ta'e hanga taaksii beeksisa shallaggii taaksiitiin ibse kaayyooowwan Labsii kanaa kamiifiyyuu yeroo taaksii beeksifni taaksichaa itti raawwatamuuf gurgurtaa taaksiin itti kaffalamu irraa taaksii sassaabee ol taaksii galtee kaffaluu isaa kan ibsu beeksisa shallaggii akka dhiyeesse ta'ee fudhatama.

4) Beeksifni taaksii:

- a) Unkichichi odeeffannoo Abbaa Taayitaatiin dursee guutame kan qabate yoo ta'e yookiin;
- b) Odeeffannoon taaksii kaffalamuu qabu unkicha keessatti guutamaa osoo jiruu mala elektirooniksiitiin kan shallagame yoo ta'e bu'uura unka mirkanaa'eetiin beeksisni taaksii mala elektirooniksiitiin guutamee kaffalaa taaksiitiin dhiyaate kaffalaan taaksii shallaggii taaksii isaa qopheessuun akka dhiyaatetti lakkaa'ama.

28. Shallaggii Taaksii Tilmaamaan Raawwatamu

- 1) Kaffalaan taaksii kamiyyuu bu'uura seera taaksiitiin yeroo taaksii kamittiyyuu beeksisa taaksii dhiyeessuu qabu kan hin dhiyeessine yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa yeroo kamittiyyuu odeeffannoon argatu bu'uura godhachuun yeroo taaksichaatti kaffalaan taaksichaa taaksii kaffaluu qabu tilmaamaan ("shallaggii tilmaamaa" jedhamu kan waamamu) shallaguu kan danda'u yoo ta'u, tilmaamni shallagichaa kanneen armaan gadii ni ilaallata:
 - a) Kasaaraa Labsii Gibira Galii Gabatee "B" fi "C" ilaalchisee hanga kasaaraa yeroo taaksii;
 - b) Bu'uura Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin kaffaltii Taaksii Dabalata Qabeenyaa galtee irratti caalmaan kaffalame ilaalchisee yeroo taaksichaatiif hanga taaksii galtee irratti caalmaan kaffalamee;
 - c) Haala biroo kamiiniyyuu hanga zeeroo dabalatee hanga taaksii yeroo taaksichaatiif kaffalamuu qabuu.
- 2) Abbaan Taayitichaa bu'uura Keewwata kanaa Keewwa Xiqqaa 1tiin kaffalaa taaksii taaksiin isaa tilmaamaan shallagameef beeksisa shallaggii tilmaama taaksii qabxiwwan armaan gaditti tarreeffaman haammate kennuu qaba:
 - a) Hanga taaksii akkaataa haala isaatti shallagamee, kasaaraa fuul-duraatti darbu yookiin hanga taaksii galtee caalmaan kaffalamee;
 - b) Taaksii shallagame irratti hanga adabbii kaffalamuu qabu yoo jiraate;
 - c) Hanga taaksii shallagame irratti hanga dhalaa kaffaltii turee kaffalamuu qabuu yoo jiraate;
 - d) Yeroo taaksii shallaggiin taaksichaa ilaallatuu;
 - e) Guyyaa beeksifnni kun kennamee eegalee guyyaa 30'n (soddoman) keessatti guyyaa taaksichi, adabbii fi dhalli isaa itti kaffalamuu;

- f) Daangaa yeroo komii itti dhiyeeffachuu danda’u dabalatee shallaggii tilmaama taaksichaa irratti akkaataa komii isaa itti dhiyeeffachuu danda’u.
- 3) Bu’uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 2tiin beeksifni tilmaama shallaggii taaksii kan kennamu bu’ura seera taaksii taaksicha buusuutiin tilmaama shallaggii taaksii qophaa’een taaksiin kaffalamuu qabu yeroo itti kaffalamu **“yeroo kaffaltii taaksii isa jalqabaa”** jedhamee kan caqasamu) jijjiiruu kan hin dandeenye yoo ta’u, sababa kaffaltiin taaksichaa turuutiin adabbii fi dhalli buufamu herregamuu kan eegalu yeroo kaffaltii isa jalqabaa irraa eegalee ta’a.
- 4) Keewwatni kun raawwatiinsa kan qabaatu taaksii shallaggii taaksiitiin sassaabamu qofa irratti ta’a.
- 5) Keewwatni kun kaffalaa taaksii shallaggii tilmaama taaksii Abbaa Taayitichaatiin qophaa’ee qaqqabe kamiyyuu dirqama beeksisa taaksii shallaggii tilmaamichaa dhiyeessuu isaa hin hambisu.
- 6) Beeksifni shallaggii tilmaama taaksii Abbaa Taayitichaatiin qophaa’e kaffalaa taaksichaa erga qaqqabee booda, yeroo taaksii sanaaf kaffalaan taaksichaa beeksifni taaksii dhiyeessu yeroo taaksichaatiif akka beeksisa shallaggii taaksii ofii kaffalaa taaksiitiin yeroo taaksii keessatti dhiyaateetti hin lakka’amu.
- 7) Abbaan Taayitichaa yeroo kamittiyyuu shallaggii taaksii tilmaamarratti hundaa’e qopheessuu ni danda’a. Raawwiin keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’a
- 8) Abbaan Taayitichaa raawwii Keewwata kanaatiif qajeelfama baasuu ni danda’a.

29. Shallaggii Taaksii Sodaa

- 1) Abbaan Taayitichaa haalota Labsii kana keewwata 25 yookiin 44 jalatti ibsamaniin kaffalaan taaksii kamiyyuu yeroo taaksii tokkotti taaksii kaffaluu qabu ragaa argate irratti hundaa’uun shallaggii taaksii sodaa qopheessuu ni danda’a.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1raawwatamuu kan danda’u:
 - a) kaffalaan taaksii yeroo taaksichaatiif beeksisa taaksii kan hin dhiyeessine yoo ta’ee; fi
 - b) Taaksichi shallaggii taaksiitiin kan sassaabamu yoo ta’e qofadha.
- 3) Shallaggiin taaksii sodaa:
 - a) Kaffalaan taaksichaa yeroo taaksichaatiif guyyaan beeksisa taaksii itti dhiyeessu osoo hin ga’iin dura qophaa’uu ni danda’a; akkasumas
 - b) Yeroo qophaa’utti bu’uura seera hojii irra jiruutiin qophaa’uu qaba.
- 4) Abbaan taayitichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin shallaggii taaksii sodaa kaffalaa taaksiitiif qophaa’e beeksisa shallaggii taaksii sodaa qabxiiwwan armaan gadiitti tarreeffaman ofkeessatti qabate barreeffamaan kennuu qaba:
 - a) Hanga taaksii shallagamee;

- b) Hanga taaksii shallagame irratti adabbiin kaffalamu yoo jiraate;
 - c) Yeroo taaksii shallaggiin taaksichaa ilaallatu;
 - d) Yeroo taaksichii fi adabbichi itti kaffalamu, yeroon kun yeroo kaffaltiin taaksichaa osoo hin ga’iin dura ta’uu danda’a;
 - e) Daangaa yeroo komii itti dhiyeeffachuu danda’u dabalatee shallaggii taaksii sodaa irratti akkaataa komii isaa itti dhiyeeffatu.
- 5) Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksichaatiif beeksisa shallaggii taaksii sodaa kennu taaksichii fi adabbiin isaa battalumatti akka kaffalaman ajajuu ni danda’a.
- 6) Keewwatni kun kaffalaa taaksii kamiyyuu beeksifni shallaggii taaksii sodaa Abbaa Taayitichaatiin qophaa’ee akka qaqqabu taasifameef, dirqama beeksisa taaksii shallaggii taaksii sodaa ilaallatu dhiyeessu isaa hin hambisu.
- 7) Kaffalaan taaksichaa yeroo taaksii tokkotti taaksii kaffaluu qabu hunda shallagsiisuun akka danda’amuuf shallaggiin taaksii sodaa akkaataa Labsii kanaa keewwata 30 tiin fooyya’uu ni danda’a.
- 8) Beeksifni shallaggii taaksii sodaa kaffalaa taaksichaa erga qaqqabee booda, yeroo taaksii sanaatiif beeksifni taaksii kaffalaan taaksichaa dhiyeessu akka beeksisa shallaggii taaksii ofii kaffalaa taaksichaatiin qophaa’e yeroo taaksichaatiif dhihaateetti hin fudhatamu.

30. Shallaggiwwan Taaksii Fooyya’an

- 1) Abbaan Taayitichaa:
- a) Labsii Gibira Galii Gabatee “B” yookiin “C” ilaalchisee kasaaraan kaffalaa taaksii yeroo taaksichaatiif sirriitti kan shallagame ta’uu isaa;
 - b) Bu’uura Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin hanga taaksii dabalata qabeenyaa galtee irratti caalmaan kaffalame ilaalchisee kaffalaan taaksichaa yeroo taaksichaatti taaksii dabalata qabeenyaa galtee caalmaan kaffalamee sirriitti kan shallagame ta’uu isaa;
 - c) Kaffalaan taaksii haala biroo kamiiniyyuu hanga zeeroo dabalatee hanga taaksii yeroo taaksichaaf kaffaluu qabu sirriitti kan shallagame ta’uu isaa;
- Mirkaneeffachuudhaaf bu’uura ragaa argatuun shallaggii taaksii kamiyyuu (“shallaggii taaksii jalqabaa » kan jedhamu) jijjiiruun, hiri’isuun yookiin dabaluu fooyyesuu ni danda’a.
- 2) Seera taaksii rogummaa qabuun akkaataa biraatiin yoo tumame malee, Abbaan Taayitichaa akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1 tiin shallaggii taaksii kamiyyuu:
- a) Yeroo kamiyyuu kaffalaa taaksiitiin yookiin maqaa kaffalaa taaksiitiin gochi waliin dha’uu yoo raawwatamu yookiin haala cimaatiin yookiin maal dhibdeen beekaa raawwatame yoo jiraate;

- b) Haala biroo kamiiniyyuu:
- i) Kaffalaan taaksii shallaggii taaksii ofii isaatiin kan shallagu yoo ta'e, kaffalaan taaksii guyyaa beeksisa shallaggii taaksii ofii dhiyeessee eegalee kan lakkaawamu waggaa 5(shan) keessatti;
 - ii) Abbaan Taayitichaa Shallaggii taaksii biroo kamiifiyyuu guyyaa beeksisa shallaggii taaksii kaffalaa taaksichaatiif kennee eegalee kan lakkaawamu waggaa 5(shan) keessatti fooyyessuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitichaa akkaataa keewwata kanaa keewwata Xiqqaa 1tiin beeksisa shallaggii taaksii fooyya'e kaffalaa taaksiitiif kenne haalota armaan gadiitiin yeroo turee raawwatametti irra deebi'ee fooyyessuu ni danda'a:
- a) Beeksisa shallaggii taaksii jalqabaatiif yeroo Keewwatni kun Keewwatni Xiqqaan 2 (b)itti raawwatamutti; yookiin
 - b) Abbaan Taayitichaa beeksisa shallaggii fooyya'ee kaffalaa taaksiitiif erga kennee booda kan jiru waggaa tokko keessatti.
- 4) Haalli kamiyyuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaan 3(b) itti raawwatamu fooyya'insa dabalataa Abbaan Taayitichaa taasisu shallaggii taaksii jalqaba fooyya'e irratti jijjiiramoota, hir'ifamoota yookiin daballiiwwan taasifaman qofa irratti kan daangeffame ta'a.
- 5) Abbaan Taayitichaa shallaggii taaksii akkaataa keewwata kanaatiinfooyya'e ilaalchisee beeksisa barreeffamaa qabxiiwwan armaan gadii ofkeessatti qabate kaffalaa taaksiitiif kennuu qaba:
- a) Shallaggii taaksii jalqabaa Fooyya'iinsi irratti taasifameefi sababoota fooyya'iinsicha taasisuun barbaachiseef ibsa qabate;
 - b) Hanga taaksii akkaataa haala isaatiin shallagamee kasaaraa ful duratti darbu yookiin hanga taaksii galtee caalmaan kaffalamee;
 - c) Shallaggii taaksii fooyya'e irratti hanga adabbii kaffalamuu qabu yoo jiraate;
 - d) Shallaggii taaksii fooyya'e irratti hanga dhala kaffaltii turee kaffalamuu qabu yoo jiraate,
 - e) Yeroo taaksii shallaggiin taaksii fooyya'e ilaallatu;
 - f) Guyyaa beeksifni kennamee eegalee kan lakkaa'amu guyyoota 30(soddoma) jiran keessatti bu'uura shallaggii taaksii fooyya'een guyyaa taaksii dabalataa, adabbii fi dhalli kaffalamuu qabu itti kaffalamu;
 - g) Daangaa yeroo komii itti dhiyeefachuun danda'amu dabalatee shallaggii taaksii fooyya'e irratti akkaataa komii isaa itti dhiyeeffatu.

- 6) Bu'uura shallaggii taaksii fooyya'eetiin taaksii dabalataa kaffalamuu qabu yoo jiraate, adabbii fi dhalli taaksii dabalataa irratti kaffaltii tureef kaffalamu kan shallagamu bu'uura shallaggii taaksii jalqabaatiin guyyaa taaksichi kaffalamuu qabu irraa eegleeti.

31. Iyyata Shallaggii Taaksii Kaffalaan Taaksichaa Ofii Isaa Qopheesse Akka Fooyya'uuf Dhiyaatu

- 1) Kaffalaan taaksii shallaggii taaksii ofii qopheesse beeksisa taaksii ofii qopheesse Abbaan Taayitichaa akka fooyyessuufiif Abbaa Taayitichaatti iyyata isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Iyyanni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin dhiyaatu.
 - a) Beeksisa taaksii kaffalaan taaksii ofii isaatiin qopheessee dhiyeesse irratti fooyya'iinsa taasifamuu qaba jedhee itti amanuu fi sababoota fooyya'iinsichi taasifamuu qaba jedhee amaneef ibsuu ; fi
 - b) Yeroo Labsii kana keewwata 30 Keewwata Xiqqaa 2(b) (i) jalatti ibsame keessatti dhiyaachuu qaba.
- 3) Akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1tiin iyyatni yoo dhiyaatuuf iyyatni dhiyaatee guyyoota 120 (dhibba tokkoo fi digdama) keessatti bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun shallaggiin taaksii kaffalaa taaksiitiin qophaa'ee dhiyaate akka fooyya'u murteessuu yookiin iyyaticha kufaa taasisuu qaba.
- 4) Abbaan Taayitichaa shallaggii taaksii qopheesse kaffalaan taaksii ofii isaatiin qopheesse akka fooyya'u kan murteesse yoo ta'e :
 - a) Shallaggiin fooyya'insa taaksichaa akkaataa Labsii kana Keewwata 30 Keewwata Xiqqaa 1tiin raawwatamuu isaa ; fi
 - b) Shallaggii taaksii fooyya'ee akkaataa Labsii kana Keewwata 30 Keewwata Xiqqaa 5tiin kaffalaa taaksichaa akka qaqqabu taasifamuu qaba
- 5) Abbaan Taayitichaa iyyata akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin dhihaatu kan hin fudhanne yoo ta'e murtii isaa kaffalaa taaksiitiif barreeffamaan ni beeksisa.

Kutaa Torba

Taaksii fi Kaffaltiiwwan Biroo Sassaabuufi Kaffalchiisuu

Kutaa Xiqqaa Tokko

Taaksii fi Kaffaltiiwwan Biroo Kaffalchiisuu

32. Taaksiin Idaa Mootummaaf Kaffalamu Ta'uu

- 1) Bu'ura seera taaksiitiin taaksiin Kaffalaa taaksiitiin kaffalamuu qabuu fi yeroon kaffaltii isaa gahe idaa mootummaaf kaffalamu waan ta'eef Abbaa Taayitichaatiif kaffalamuu qaba.
- 2) Akkaataa Labsii kana Keewwata 83 Keewwata Xiqqaa 2tiin kaffalaan taaksii mala kaffaltii taaksii elektiroonoksiitiin akka kaffalu Abbaa Taayitichaatiin gaafatame Abbaan

Taayitichaa mala kaffaltii biroo akka fayyadamu barreeffamaan yoo heeyyame malee kaffalticha kan raawwatu mala kaffaltii elektiroonoksiitin ta'a.

- 3) Kaffalaan taaksicha taaksicha yeroo kaffaluu qabutti yoo hin kaffalle Abbaan Taayitichaa taaksii hin kaffalamne kaffalchiisuuf sababa tarkaanfii fudhatuun baasii baasu kamiifiyyuu itti gaafatamaa.

33. Itti gaafatamummaa Sadarkaa Lammaaffaatti dhufuu fi Taaksii Kaffalchiisuuf baasiwwan Raawwataman

- 1) Abbaan Taayitichaa namani kamiyyuu itti gaafatamummaa sadarkaa lammaffaa qabaatu yookiin taaksii kaffalchiisuuf baasii raawwatame kaffaluu qabuuf hanga maallaaqa kaffaluu qabuu fi guyyaa kaffaltii itti raawwatu beeksisa ibsu ni kenna.
- 2) Labsii kana kutaan torba, saddeetti, sagal fi kudhan akkasumas keewwata 105 ilaalchisee:
 - a) **“Taaksii”** jechi jedhu itti gaafatamummaa sadarkaa lammaffaatti dhufuu fi taaksii kaffalchiisuuf baasii ba’u ni dabalata;
 - b) **“Taaksii hin kaffalamne”** kan jedhu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(a) jalatti kan ibsamee fi taaksii yeroo kaffalamuu qabutti hin kaffalamne ni dabalata; akkasumas
 - c) **“Kaffalaa Taaksii”** kan jedhu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(a) kan ibsame nama itti gaafatamummaa taaksii kaffaluuf qabu ni dabalata.
- 3) Taaksiin nama itti gaafatamummaa sadarkaa lammaffaa qabuun kaffalame itti gaafatamummaan kun itti gaafatamummaa taaksii jalqabaa kaffalaa taaksichaa ilaallatu waliin bakka buufama.

34. Yeroo Kaffaltii Taaksii Dheeressuu

- 1) Kaffalaan taaksichaa bu’ura seera taaksitiin taaksii yeroon kaffaltii isaa gahe yeroon kaffaltii isaa akka dheeratuuf Abbaa Taayitichaatiif iyyata barreeffamaa dhiyeessuu ni danda’a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin iyyanni yeroo dhiyaatu Abbaan Taayitichaa sababni gahaan jiraachuu isaa yoo mirkaneeffate qajeelfama basuun:
 - a) Kaffalaa taaksitiif yeroo kaffaltii dheeressuufiif; yookiin
 - b) Bu’ura Abbaan Taayitichaa murteeessuun taaksicha qoqqooduun yeroo murtaa’e keessatti akka kaffalu taasisuu ni danda’a.
- 3) Abbaan Taayitichaa akkaataa keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin iyyata dhiyaateef murtii kenne kan ibsu beeksisa barreeffamaa kaffalaa taaksichaatiif ni kenna.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(b) tiin kaffalaan taaksii taaksicha qoqqooduun yeroo murtaa’e keessatti akka kaffalamu heeyyamameef kaffaltii yeroo tokkoo yoo hin kaffalle, kaffalaan taaksii yeroo kaffalticha dhaabe eegalee haaftee kaffaltii

guutummaan akka kaffalu Abbaan taayitichaa battalumatti tarkaanfii fudhachuu ni danda'a.

- 5) Kaffalaa taaksii yeroon kaffaltii taaksii akka dheeratu yookiin yeroo murta'e keessatti taaksii qoqqoduun akka kaffalu heeyyamameef kaffaltii ture irratti guyyaa kaffaaltii taaksii jalqabaa irraa eegalee dhala herregamu dirqama kaffaluu isaa hin hambisu.

35. Taaksii fi Ajaja Kaffaltii Qaama Sadaffaaf Kennamuun Maallaqa Kaffalamu irratti Mirga Dursaa Jiru.

- 1) Keewwatni kun kaffaltiiwwan armaan gadiitiif raawwatinsa ni qabaata:
 - a) Herrega kaffalamu irraa taaksii hir'ifamee kaffalamu, Taaksii Dabalata Qabeenyaa, Tarn Oovar Taaksii yookiin Eksaayiz Taaksii; fi
 - b) Bu'ura ajaja kaffaltii Maallaqaa qaama sadaffaatiif kennamuutiin maallaqa kaffalamuu qabu.
- 2) Namni Maallaqa Keewwannni kun irratti raawwatuuf kan abbaa idaa ta'e qabate, fudhate yookiin hir'isee hambise maallaqa kana abbaa imaanaa Mootummaa ta'ee waan qabuuf namni kun yoo kasaaru yookiin qabeenya isaa qulqullaa'u maallaqni inni abbaa imaanaa Mootummaa ta'ee qabate:
 - a) Adeemsa qabeenya qulqulleessuu yookiin qaama qabeenyaa waliigalaa kasaarichaa ta'ee hin fudhatamu; akkasumas
 - b) Qoqqoodinsi qabeenyaa kamiyyuu taasifamuu isaatiin dura Abbaa Taayitichaatiif kaffalamuu qaba.
- 3) Haala addaatiin seera biroo kamiiniyyuu kan tumame jiraatuuyyuu taaksiin herrega kaffalamu irraa hir'ifamee kaffalamu:
 - a) Idaa kamiyyuu nama kamiyyuu irraa barbaadamu yookiin itti gaafatamummaa raawwachuuf kabajamuu hin danda'u.
 - b) kaffaltii taaksichi qabamee irraa hambifamu irraa idaawwan barbaadaman hundairraa kan dursaa ta'a; akkasumas
 - c) Bu'ura seera yookiin ajaja Mana Murtii kamiiniyyuu kaffaltii maallaqaa kamiyyuu kaffalticha irraa hir'ifamu irra dursa ni qabaata.

36. Tariiba Kaffaltii

- 1) Kaffalaan taaksii tokko adabbii fi dhala kaffaltii turee kaffaluuf itti gaafatamummaa yoo qabaatuu fi kaffaltii kaffalaan taaksii raawwate hanga taaksii, adabbii fi dhala waliigalaa kan xiqqaatu yoo ta'utti, maallaqni kaffalame idaa agugu tariiba armaan gadiitiin ta'a:-
 - a) Dursa idaa taaksii muummee kaffaluuf;
 - b) Itti aansee kaffaltii tureef dhala kaffalamu;
 - c) Maallaqni hafe kaffaltii adabbiitiif oola.

- 2) Kaffalaan taaksii kamiyyuu yeroo kaffaltii itti raawwatu idaa taaksii tokkoo ol kan irraa barbaadamu yoo ta'e, tartiibni kaffaltii idicha aguguu bu'uura tartiiba yeroo idichi uumameetiin ta'a.

37. Wabii Kaffaltii Taaksitiif Dhiyaatu.

- 1) Abbaan Taayitichaa galii mootummaa eeguuf barbaachisaa ta'ee yoo argamu, akkaataa fi hanga barbaachisaa jedhee amanetti kaffalaan taaksichaa wabii akka dhiyeessu dirqisiisuu ni danda'a. kaffalaan taaksichaa wabii akka dhiyeessu kan gaafatamus:
 - a) kaffaltii taaksii yeroon isa gahe yookiin gahu; yookiin
 - b) Haal-duree kaffalaa taaksii bu'ura seera taaksitiin deebii gaafatuuf ta'a.
- 2) Bu'ura keewwata kanaatiin wabiin kennamu haal-dureewwan barbaachisoo Abbaan Taayitichaa gaafatu akkuma eegametti ta'ee, maallaqa callaa yookiin wabii baankitiin kennuu ni danda'a.
- 3) Kaffalaan taaksicha dirqama wabii dhiyeessuu kan qabaatu Abbaan Taayitichaa:
 - a) Hanga wabii barbaadamuu;
 - b) Akkaataa wabichi itti dhiyaatuu; fi
 - c) Beeksisa barreeffamaa guyyaa wabichi itti dhiyaatu ibsu kaffalaa taaksichaatiif yoo kenne qofaadha.
- 4) Kaayyoo kutaa kanaatiif jecha kaffalaan taaksii akkaataa keewwata kanaan tumameen hanga wabii hin dhiyesinee taaksii kaffalaa taaksichaa hin kaffalamne taasifamee fudhatama.

38. Eegumsa

- 1) Tumaa Keewwaata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin namoota armaan gadii irratti raawwatinsa ni qabaata:
 - a) Bu'uura seera gibira galiitiin herrega kaffalamu irraa nama taaksii hir'isee Abbaa Taayitichaatiif kaffale;
 - b) Akkaataa Labsii kana keewwata 18 Keewwata Xiqqaa 1tiin bakka bu'aa taaksii Abbaa Taayitichaatiif taaksii kaffale;
 - c) Akkaataa Labsii kana keewwata 42 tiin fudhataa abbaa taayitichaatiif taaksii kaffale ; yookiin
 - d) Bu'uur ajaja kaffaltii qaama sadaffaatiif kennamuutiin Nama abbaa taayitaatiif maallaqa kaffale.
- 2) Namni keewwannii kun irratti raawwatinsa qabaatu kaffalaa taaksichaa bakka bu'uun bu'uura seera taaksitiin maallaqa Abbaa Taayitichaatiif kaffaalle akka kaffaluuf himanni irratti dhiyaachuu hin danda'u.

Kutaa Xiqqaa Lama
Dhala Kaffaltii Tureef Kaffaluu

39. Dhala Kaffaltii Tureef Kaffalamu.

- 1) Keewwata kana keewwatni xiqqaan 8 akkuma eegametti ta'ee, yeroo kaffaltii taaksiitti yookiin isa dura kaffalaan taaksii taaksii hin kaffalle bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsameetiin guyyaa taaksichi kaffalamuu qabu irraa eegalee hanga guyyaa kaffalamee dhumeetti hanga hin kaffalamne irratti kaffaltii tureef dhala kaffaluuf dirqama qaba.
- 2) Taarifni dhalli kaffaltii turee yeroon keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame eegaluu isaatiin dura kurmaana jiru keessatti hanga taarifa dhala liqii ol'aanaa Baankii daldaalaatiin hojii irra oole irratti %15 dabalamee ta'a.
- 3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin taaksii dhalli kaffaltii turee irratti kaffalame taaksii kaffalamuu hin qabne ta'ee yoo argame, kaffalaa taaksichaatiif ni deebi'a.
- 4) Akkaataa Labsii kana Keewwata 106 tiin taaksii yeroo kaffaltii isaatti kaffaluu dhabuun adabbii buufamu irratti dabalataan ta'a.
- 5) Akkaataa Keewwata kanaatiin kaffaltii ture irratti dhalli herregamu, dhala baaqqeen kan shaallagamu yoo ta'e, kan herregamus guyyaa guyyaan ta'a.
- 6) Abbaan Taayitichaa kaffaltii ture irratti kaffalaa taksii dhala kaffaluuf dirqama qabu irratti hanga dhala kaffalamuu fi yeroo kaffaltii isaa beeksisa ibsu ni kennaaf.
- 7) Kaffalaan taaksichaa dhala kaffaltii ture irratti herregamu kaffaluu qabu ibsu beeksisa shallaggii taaksii abbaan taayitichaa dabalatee beeksisa kamiyyuu keessaatti hammatamuu ni danda'a.
- 8) Haalota armaan gadiitiin, yeroo beeksifni itti kennamee fi kaffaltiin itti raawwate gidduu jiruuf, dhala kaffaltii turee hin herregamu:
 - a) Abbaan Taayitichaa bu'uura seera taaksiitiin idaa taaksii kaffalaa taaksichaa irraa barbadamu beeksisa shallaggi taaksii dabalatee beeksisa barreeffamaa kamiyyuu kan beeksise yoo ta'ee; fi
 - b) Kaffalaan taaksichaa hanga guyyaa beeksisichi kennameetti dhalaa kaffaltii turee kaffaluu qabu dabalatee idaa taaksii beeksisichaan ibsame hunda guyyaa kaffaltii beeksisichaan ibsametti kan kaffale yoo ta'e.
- 9) Taaksii herregaa kaffalamu irraa hir'atee kaffalamu yookiin taaksii itti gaafatamummaa sadarkaa lammaffaatiin kaffalamu irratti dhalli kaffaltii turee herregamu kaffalamuu kan qabu nama itti gaafatamummaan kun irra jiru qofaan ta'uu isaatiin nama biraa kamirraayyuu gaafatamuu hin danda'u.

- 10) Hangi waligalaa dhala kaffaltii ture irratti herreagamuu idaa taaksii kaffalaa taaksii caaluu hin danda’u.
- 11) Kaayyoo keewwata kanaatiif “Taaksiin” dhala kaffaltii ture irratti herregamu hin dabalatu.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Taaksii Osoo Hin KAFFALAMNE HAFE KAFFALCHIISUU

40. Shallaggii Taaksii Raawwachiisuu

- 1) Tumaan Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 2 akkuma eegametti ta’ee, Kaffalaan taaksii yeroo Labsii kana keewwata 56 jalatti tumame keessatti komii isaa yoo hin dhiyeeffanne yeroo komii shallaggii taaksii Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksichaatiif kenne itti dhihaatu irraa eegalee kan xummuraa fi raawwatinsa qabaatu ta’a.
- 2) Kaffalaan taaksichaa shallaggii takisichaa irratti komii yoo dhiyeesse, shallaggiin taaksichaa kanneen armaan gadii keessaa yeroo haalli ture itti raawwatame isa dhumaa ta’a:
 - a) Kaffalaan taaksichaa Boordii Ol-iiyannoo taaksitti shallaggii taaksichaa irratti komii kan hin dhiyeessine yoota’e, yeroo komiin itti dhihaatu Labsii kana Keewwata 89 jalatti ibsameyoo xummuramu ;
 - b) Kaffalaan taaksichaa Boordii Ol-iiyannoo taaksitti shallaggi taaksichaa irratti komii kan dhiyeesse yoo ta’e, yeroon Mana Murtii Ol’aanaatti ol’iyyanni itti dhiyaatu Labsii kana keewwata 59 jalatti ibsame yoo xummuramu;
 - c) Kaffalaan taaksichaa Mana Murtii Ol’aanaatti shallaggii taaksii irratti ol’iyyata yoo dhiyeesse; yeroon Mana Murtii Ol’aanaatti ol’iyyanni itti dhiyaatu Labsii kana keewwata 60 jalatti ibsame yoo xummurame; yookiin
 - d) Kaffalaan taaksichaa Mana Murtii Waliigalaatti shallaggii taaksichaa irratti komii yoo dhiyeesse; Manni Murtichaa murtii dhumaa yoo kenne.
- 3) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 taaksii falmii irra jiru akkaataa Labsii kana Keewwata 58 Keewwata Xiqqaa 2 fi Keewwata 59 Keewwata Xiqqaa 3tiin kaffaluu hin dhorku
- 4) Kaffalaan taaksii shallaggii taaksii dhumaatiin taaksii irraa barbaadamu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2tiin yoo hin kaffalle abbaa idaa taaksii dirqama isaa hin bahanne ta’a.

41. Gaaffii Mirga Dursaa Qabeenya Irratti Dhiyaatu

- 1) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi mirgi wabii dursaa irratti kenname kamiyyuu qaama dhimmi ilaaluun galamaa’e akkuma eegametti ta’ee, bu’uura seera taaksitiin taaksii

kaffalaan taaksii kaffaluu qabu yeroon kaffaltii isa gahe hundinuu kaffalamee hanga xummuramutti abbaan taayitichaa qabeenya kaffalaa taaksichaa irratti mirga dursaa ni qabaata.

- 2) Tumaan Keewwata kanaa Keewwanni xiqqaa 7 akkuma eegametti ta'ee, mirga wabii dursaa kenname keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame gaaffii maallaqaa baankonni wabii irratti fudhatanii fi mirga dursaa miindaa qaxaramtootaa ni dabalata. Ta'us, taaksota Labsii kana Keewwata 35 Keewwata Xiqqaa 1(a) jalatti ibsaman waliin wal qabatee rawwatiinsa hin qabaatu.
- 3) Kaffalaan taaksii kamiyyuu dirqama taaksii kaffaluu isaa kan hin baane yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa taaksii hin kaffalamnee fi taaksicha kaffalchiisuuf tarkaanfiin fudhatamu baasii baasisu kaffalchiisuun akka danda'amuuf qabeenya kaffalaa taaksichaa irratti mirgi wabii Abbaa Taayitichaa akka galmaa'uuf qaama qabeenyicha galmeesseef akka iyyatu beeksisa ibsu kaffalaa taaksitiif ni kenna.
- 4) Kaffalaan taaksii beeksifni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti ibsame isa qaqqabe beeksisichi qaqqabee guyyaa 30 (soddoma) keessatti taaksicha kan hin kaffalle yoo ta'e, qabeenyi kaffalaa taaksichaa beeksisa Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksichaatiif kenne keessatti ibsame taaksii hin kaffalamnee fi baasii taaksicha kaffalchiisuuf ba'u wabummaan akka qabamuuf qaama qabeenyicha galmeesseef ajaja barreeffamaa ni kenna.
- 5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4tiin Abbaan Taayitichaa qabeenyaa nama taaksiin irraa barbaadamuu wabiin qabamee akka turu yeroo ajaja kennutti abbaan taayitaa galmeessu ajaja barreeffamaa qabeenyichi wabiin qabamee akka turu isa qaqqabe kaffaltii kamiyyuu osoo hin gaafatiin akka sanada wabummaa qabeenyicha irra jiruu kamiyyuutti ni galmeeffama, mirgi wabummaa duraan kenname akkuma eegametti ta'ee, wabummaan galmaa'u taaksii barbaadamu kaffalchiisuuf haala kamiiniyyuu wabii seeraan kenname ta'ee fudhatama.
- 6) Abbaan Taayitichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5tiin taaksii wabiidhaan mirkanaa'e guutummaan yoo fudhatu Abbaan Taayitichaa Abbaa Taayitichaa galmeessu akkaataa ajaja Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kennameen galmee gaggeesse akka haqu beeksisa kan kennu yoo ta'u, Abbaan Taayitichaa galmeessus kaffaltii tokko malee galmee wabummaa ni haqa.
- 7) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin Baankiiwwan qabeenya wabummaan fudhatan irratti mirga dursaa kan qabaatan liqqi kennuun dura kaffalaan taaksii idaa kan hin qabne ta'uu Abbaa Taayitaatiin kan mirkana'e yoo ta'e qofadha.

42. Dirqama Fudhattootaa

- 1) Fudhataan kamiyyuu qabeenya kaffalaa taaksii tokkoo Naannicha keessatti fudhataa ta'ee yoo muudame yookiin qabeenyichi qabiyyee isaa jala erga galee yeroo lamaan keessaa yeroo dursu irraa eegalee guyyoota 14'n (kudha arfan) jiran keessatti Abbaa Taayitichaatiif barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 2) Abbaan Taayitichaa idaa taaksii kaffalaa taaksii qabeenyi isaa to'annoo fudhataa jala jiruu fi hanga taaksii fuulduratti kaffalamu murteessuun beeksifni barreeffamaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame erga isa gahee guyyaa 30 (soddoma) keessatti fudhataaf beeksisuu qaba.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tuamame akkuma eegametti ta'ee, fudhataan :
 - a) Dursee Abbaa Taayitichaa irraa heeyyama kan argate yoo ta' e malee, qabeenya kaffalaa taaksichaa harka isaatti argamu beeksisifni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsame osoo isa hin qaqqabiin yookiin beeksisichi osoo hin keannamiiniif Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin yeroon guyyaan 30(soddoma) ibsame osoo hin darbiin dura gurguruu yookiin haala kamiiniyyuu dabarsuu hin danda'u.
 - b) Abbaan Taayitichaa gurgurtaa qabeenyichaa irraa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin hanga taaksii ibsamee yookiin hanga taaksii Abbaan Taayitaa itti waliigalee hir'isee hambisuu qaba;Akkasumas
 - c) Kaffalaa taaksii abbaa qabeenyaa ta'een taaksiin kaffalamuu qabu gurgurtaa qabeenyichaa irraa hir'ifamee hanga maallaqa hambifamuu qabuun dhuunfaan itti gaafatamaa ta'a.
- 4) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 fudhataan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin taaksii gaafatame dursuun kaffaltiiwwan armaan gadii raawwachuu irraa isa hin dhorku:
 - a) Beeksisaa keewwata kana keewwata Xiqqaa 2 jalatti caqasame keessatti maallaqa ibsame idaa seeraan mirga dursaa qabuu.
 - b) Durgoo fudhataa dabalatee baasiwwan fudhataan dandeettii fudhachuu isaatiin baasu.
- 5) Namoonni lamaa fi isaa ol ta'an kaffalaa taaksii tokko ilaalchisee yeroo fudhataa ta'utti, dirqamootaa fi itti gaafatamummaa keewwata kanaan ibsaman fudhatootta lamaanuu irratti waliinii fi qeenxeedhaan kan raawwataman yeroo ta'anitti dirqamoonni fudhattoota lamaan keessaa tokkoon raawwatamuu ni danda'u.

- 6) Kaayyoo keewwata kanaatiif “Fudhataa” jechuun qabeenya kaffalaa taaksii naannicha keessatti argamuu yookiin kaffalaa taaksii du’ee ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa nama tokkodha.
 - a) Qulqulleessaa Kubbaaniyyaa
 - b) Fudhataa Mana Murtiitiin yookiin Mana Murtiin ala filatame;
 - c) Abbaa imaanaa nama kasaaree;
 - d) Nama Qabeenyaa wabummaadhaan kenname qabiyyee isaa jala galche;
 - e) Qulqulleessituu dhaalaa qabeenya nama du’ee qulqulleessu.

43. Qabeenya Qabachuu

- 1) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 akkuma eegametti ta’ee, Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksii yeroo taaksiin kaffalamu hin kaffalle guyyaa 30(soddoma) keessatti taaksii irraa barbadamu yoo hin kaffalle qabeenyaan kaffalaa taaksii akka qabamu ajaja (“ajaja qabinsaa“ jedhamee kan ibsamu) kan kennamu ta’uu ibsu akeekachiisa kaffala taaksitiif kennuu ni danda’a.
- 2) Abbaan Taayitaa kaffalaa taaksii taaksii irraa barbaadamu kaffalu sodaan jiraachuu yoo mirkaneeffate ajaja qabinsaa yeruma sana kennuu ni danda’a.
- 3) Kaffalaan Taaksii Akkataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin akeekkachisa kennameen guyyaa ilaalame keessatti taaksii yoo hin kaffalle yookiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin jiraachuun yoo mirkanaa’e Abbaan Taayitichaa ajaja qabinsaa kaffalaa taaksitiif kennuu yookiin qabeenyaa kaffalaa taaksii qabiyyee jalatti ramade nama kamiyyuu irratti dabarsuu danda’a.
- 4) Ajajni qabinsaa kan armaan gadiitti caqasame malee qabeenyaa kaffalaa taaksii kamiyyuu irratti raawwatinsa qabaachuu ni danda’a:
 - a) Qabeenya qabame irratti mirga dursaa gaafatoonni qarshii qabeenyicha irratti qaban.
 - b) Dhorka kamiyyuu adeemsa murtii raawwatu yookiin qabeenyaa ajajni raawwii itti kenname ;
 - c) Bu’ura seera Itoophiyaatiin qabeenyaa dhorkamuu hin dandeenye.
- 5) Qabeenyaa kaffalaa taaksii irratti ajajni qabinsaa yoo kenname yookiin kan kennu yoo ta’e Abbaan Taayitichaa beeksisa barreeffamaa qabeenya qabaman ilaallatu ragaawwan tajaajiluu danda’an sanada kamiyyuu yookiin namni ibsa qabate kamiyyuu sanada kana yookiin ibsa Abbaa Taayitichaatiif akka dhiyeessu gaafatamuu ni danda’a.
- 6) Bu’uura ajaja qabinsaatiin qabeenyi yeroo qabamu miseensi poolisii iddichatti akka argamu Abbaan Taayitaa ajaja kennuu kan danda’u yoo ta’u qabeenya qabame haala nageenya isaa mirkaneessuun akka eegamu gochuu qaba.

- 7) Abbaan Taayitichaa bu'uura keewwata kanaatiin qabeenyaa kaffalaa taaksii yeroo qabu qabxiiwwan armaan gaditti ibsaman beeksisa qabate kaffalaa taaksitiif ni kenna.
 - a) Qabeenya qabamee fi hanga taaksii hin kaffalamne;
 - b) Kaffalaan taaksii qabeenya beeksisaan ibsamee fi qabatee yeroo turu keessatti taaksii barbaadamu kan hin kaffale yoo ta'e qabeenichi kan gurguramu ta'uu.
- 8) Raaawwii tumaa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 4 (a) tiif jecha "yeroo qabeenyi qabamee itti turu" jechuun :
 - a) Meeshalee badaniif haala meeshalee tilmaama keessa galchuun yeroo Abbaan Taayitichaa gahaadha jedhee murteessu.
 - b) Hala biroo kamiiniyyuu meeshaaleen erga qabamanii booda yeroo guyyaa 10 (kudhan) jirudha.
- 9) Kaffalaan taaksii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 7tiin beeksisa kennamun taaksii hin kaffalamnef qabeenyi isaa qabame yeroon guyyaan dhumaa ga'u kan hin kaffalle yoo ta'e Abbaan Taayitichaa qabeenyicha caalbaasii ifa ta'een gurguruun qarshii gurgurtaa irraa argame akka walduraa duubatti kaffaltiiwwan armaan gadiitiif akka oolu taasifama:
 - a) Sadarkaa jalqabatti hanga qabeenyichaa Abbaa Taayitichaatiin murta'u qabuuf, eegumsaa fi gurguruuf baasii ba'e aguuguuf;
 - b) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7 tiin beeksisa kenname ilaalchisee idaa taaksii hin kaffalamne kaffaluu;
 - c) Idaa biroo Kaffalaa taaksii kaffaluu
 - d) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 10 akkuma eegametti ta'ee qarshii gurgurtaa irraa haftee qarshii yoo jiraate guyyaa qabeenyichi gurgurame irraa eegalee guyyoota 45 keessatti kaffalaa taaksitiif ni kaffalama.
- 10) Kaffalaan taaksii waliigaltee barreeffamaatiin yoo ibsate Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9(d) tiin qarshiin ibsame idaa gara fuula duraatti dhufu kamiyyuu kaffaltiif akka oolu gochuun ni danda'ama.
- 11) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9 tiin ilaalame qarshii gurgurtaa irraa argame kaffalaan taaksii idaa taaksii irraa barbaadamuu fi qabeenya qabachuun, eeguun fi gurguruun baasii baaseen gadi yeroo ta'utti Abbaan Taayitaa bu'uura Labsii kana kutaa torbaatiin haftee idaa kaffalchiisuu ni danda'a.
- 12) Abbaa Taayitichaatiin qabeenyaa ajajni qabinsaa irratti darbe namni qabe kamiyyuu qabeenyaa kana yoo hin kennine yookiin kennuuf heeyyamamaa osoo hin taane yoo hafe akkaataa Labsii kana Keewwata Xiqqaa 9(a)tiin baasii murteessuu dabalatee gatii

qabeenya kennuu didee osoo hin caalle hanga taaksii kaffalaa taaksii irraa barbaadamu dhuunfaan itti gaafatamummaa fudhata.

- 13) Bu'uura Keewwata kanaatiin ajaja qabinsaa kennuu kan danda'u Daayireektara Ol'aanaa yookiin hojii kanaaf hojjataa taaksii Daayireektara Ol'aanaatiin bakka bu'insi kennameef ta'a.
- 14) Bu'uura Keewwata kanaatiin qabeenyi qabame Abbaa Taayitichaatiin kan qabamuu fi Itti gaafatamummaa Abbaa Taayitichaa jala kan turu yoo ta'u kaayyoo kamiifuu jedhamee mana hojii mootummaa birootiif dabarfamee kennamuu hin danda'u.
- 15) Bu'uura keewwata kanaatiin qabeenya kaffalaa gibiraa qabuuf kan danda'u gibira irraa barbaadamu waliin hanga madaalawaa ta'edha.

44. Maallaqa Dhaabbilee Faayinaansitiin Kaa'amee fi Qabeenya Qabataniituu.

- 1) Keewwanni kun kan raawwatu Abbaan Taayitichaa sababa gahaatiin kaffalaa taaksii irraa taaksii barbaadamu kan sassaabu ta'uu sodaan yoo jiraatu fi taaksicha ariitiin sassaabuun kan irra jiru yommuu ta'udha.
- 2) Yeroo Keewwanni kun raawwatu Abbaan Taayitichaa dhaabbata faayinaansii tokko kan armaan gaditti ibsaman akka raawwatuuf ajaja Bulchiinsaa kennuu ni danda'a:
 - a) Herregni kaffalaa taaksii akka hin sochone dhorkuu ;
 - b) Qabeenyaa kaffalaa gibiraa Dhaabbata faayinaansii keessa jiru meeshawwan of-eegannoon qabaman saanduuqa keessa Maallaqni calla, Meeshaa gatii guddaa, bareedina gatii qabeessa yookiin qabeenyaa biroo hin sochonne;
 - c) Qabeenya meeshaalee of-eegannoon qabamanii saanduuqa keessatti argaman odeefannoo barbaachisu yookiin tarree qabeenyawwan saanduuqa keessa jiranii Abbaa Taayitichaatiif akka kennamu.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin ajajini dhaabbata faayinansiif kennamu ; kaffalaa taaksii ajajichi raawwatinsa irratti qabaatu, maqaa, teessoo fi lakkoofsa eeyyumeessaa kaffalaa gibiraa qabaachuu qaba.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin ajajani yeroo kennamu Abbaan Taayitichaa bara taaksitti fi bara taaksii duraa kamiyyuu kaffalaan taaksii taaksii kaffaluun irra jiru ilaalchisee ariitiin shallaggii taaksii sodaa raawwachuu ni danda'a.
- 5) Abbaan Taayitichaa dhaabbata faayinaansichaatiif ajaja dhorkaa dabarsee guyyaa 10 (kudhan) keessatti ajajni akka itti fufu gochuuf kan dandeesisu eeyyama mana murtii argachuu qaba.
- 6) Ajajni dhorkaa guyyaa kennamee eegalee guyyaa 10 (kudhan) keessatti eeyyama mana murtii yoo hin arganne ajajani Abbaan Taayitichaa kenne raawwatinsa hin qabu.

- 7) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin ajajni dhaabbata faayinaansii qaqqabe ajajichi guyyaa dhaqqabee eegalee haga guyyaan ajaja kenname gahutti yookiin akkataa keewwata kana keewwata xiqqaa 6tiin raawwiin ajaja kennamee haga ga'utti ajaja kenname kabajuun irra jiraata.
- 8) Dhaabbanni Maallaqa tokko sababa gahaa tokko malee akkaata Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin bu'ura ajaja kennameen osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e haga maallaqa ajajichaan ibsame dhuunfaan itti gaafatama.

45. Taaksii Hin Kaffalamne Qaama Sadaffaa Kaffalchiisuu

- 1) Kaffalaa taaksii tokko taaksii irraa barbaadamu yeroo kaffaltiitti osoo hin kaffaliin yoo hafe Abbaan Taayitichaa qaama sadafaa kaffaalaa gibiraatiif maallaqa kaffalu ajaja barreeffamaa kennuun “ajaja kaffaltii jedhamee “kan ibsamu maallaqa ajajaan ibsame Abbaan Taayitichaatiif akka kaffalu ajaja kennuu kan danda'u yoo ta'u, maallaqni bifa kanaan kaffalamu idaa taaksii hin kaffalamne caaluu hin qabu.
- 2) Ajajni kaffaltii maallaqaa Kaffalaa taaksitiif qaamni sadaffaan kaffalu mindaa irraa yookiin daangaa yeroo murta'eef kaffaltii biroo wal fakkaatu irraa hir'isee galii akka godhu yeroo ta'utti kaffaltii tokko tokkoo irraa hanga maallaqaa hir'atu mindaa kaffalamu yookiin kaffaltii biroo (gibirri galii erga hir'ifamee booda) harka tokko sadaffaa caaluu hin qabu.
- 3) Herrega Baankii waaliin baname keessatti maallaqa argamu ilaalchisee ajajni kaffaltii kaffalaaf kennamu:
 - a) Abbootiin herrega waliinii hundi idaa taaksii hin kaffalamne yoo jiraate yookiin;
 - b) Herrega Waldaa Sharikaa osoo hin dabalatiin kaffalaan taaksii mallattoo abbootii herregaa biroon yookiin eeyyama osoo hin barbaachisiin herrega isaa irraa maallaqa baasuu kan danda'u yoo ta'e qofaadha.
- 4) Bu'uura ajaja kaffaltiitiin namni kamiyyuu kaffaltii raawwatu guyyaa ajajicha irratti ibsame kaffalticha kan raawwatu yoo ta'u; guyyaa kanas kaffalaan maallaqaa kaffalaa taaksitiif guyyaa qarshicha kaffaluu qabu dura yookiin qarshicha maqaa kaffalaa taaksitiin guyyaa qabameen dura ta'uu hin qabu.
- 5) Ajaja kaffaltii maallaqaa raawwachuu hin danda'u kaffalaan jedhu ajajni gahee guyyaa torba keessatti ajaja kenname sababa raawwachuu hin dandeenye Abbaa Taayitichaa barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 6) Kaffalaan maallaqaa akkaataa keewwata kana keewwata Xiqqaa 5tiin Abbaa Taayitichaatiif beeksisu kan erge yoo ta'e Abbaan Taayitichaa beeksisu barreeffamaan qophaa'e:

- a) Beeksisa fudhachuun ajaja kaffaltii haquu yookiin fooyyessuu ; yookiin
 - b) Kaffalaa maallaqaatiif beeksisa ergameef kufaa gochuu ni danda'a.
- 7) Kaffalaan taaksii taaksii irraa barbaadamu guutuu yookiin gar-tokkee kan kaffale yookiin waliigaltee kaffaltii taaksii Abbaa Tayitichaa biratti fudhatama qabu kan raawwate yoo ta'e Abbaan Tayitichaa kaffaltii kaffalaaf dabarsee ture ajaja kaffaltii barreeffamaan beeksise haquu yookiin fooyyessuu ni danda'a.
 - 8) Abbaan Taayitaa bu'ura labsii kanaatiin ajajani kaffalaaf kennuu yookiin kaffalaa taaksitiif garagalchaan erguu qaba.
 - 9) Abbaan Taayitichaa qarshii kaffalaan kaffalame kamiyyuu idaa kaffalalaa taaksii irraa hir'ifama.
 - 10) Beeksisa akkaataa Keewwata kanaatiin kennamu namni sababa gahaa tokko malee fudhachu dide hanga maallaqaa beeksisichaan ibsamee irratti dhuunfaan itti gaafatamaa ta'a.
 - 11) Keewwanni kun bu'ura seeraa Itoophiyaatiin qabeenya dhorkamuu hin dandeenye irratti raawwachu hin danda'u.
 - 12) Raawwii Keewwata kanaatiif "Kaffalaa" jechuun:
 - a) Kaffalaa taaksitiif abbaa idaa kan ta'e yookiin garafuduraatti abbaa idaa kan ta'u;
 - b) Kaffalaa taaksitiif yookiin maqaa kaffalaa taaksitiin maallaqa kan qabate yookiin gara fuulduraatti kan qabatu;
 - c) Kaffalaa taaksitiif kan kaffalamu qarshii namni biraa qabe;
 - d) Kaffalaa taaksitiif maallaqa akka kaffaluuf nama biraan nama eeyyamni kennameef.
- 46. Biyya Keessaa Akka Hin Baanee Dhorkuuf Ajaja Kennamu**
- 1) Tumaan Keewwata kanaa raawwatinsa kan qabatu ajajichi nama irratti raawwatu kaffaltiiwwan armaan gadii osoo hin kaffalle biyya keessaa bahuu ni danda'a jedhu sababni gahaan yoo jirate ta'a:
 - 1) Namni kun kaffaluun kan irra jiraatu yookiin taaksii gara fuulduratti; yookiin
 - 2) Namni kun hojii gaggeessaa Kubbaaniyaa ta'e yookiin murtee kennuu ilaalchisee gaheen nama kanaa kubbaaniyaa ol'aanaa ta'e jidduutti kan jiru yookiin taaksii gara fuulduratti kaffalamu; osoo hin kaffalle yoo hafe;
 - 2) Haalawwan Keewwata kanaan ibsaman yoo muudatan Abbaan Taayitichaa nama kamiinuu kan armaan gadiitti ibsame keessaa tokko raawwachuun dura Itoophiyaa akka hin bane ajaja dhorku "Biyya keessaa bahuu ajaja dhorkuu" jedhamee kan ibsamu kennuu danda'a:
 - a) Namni kamiyyuu; dhaabbanni yookiin Kubbaaniyaa kaffaluun kan irra jiru yookiin taaksii gara fuulduraatti kaffalamu guutummaan haga kaffalutti; yookiin

- b) Abbaan Taayitichaa haala ittiin fudhatuun keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a)tiin taaksii ilaalame kaffaluuf waliigaltee kaffaltii yoo raawwatu.
- 3) Biyya keessaa akka hin baaneef ajajni dhorku kan armaan gaditti ibsaman qabachuu qaba:
 - a) Nama Ajajichi ittin raawwatu maqaa, teessoo fi lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii; akkasumas
 - b) Biyya keessaa akka hin baane nama dhorkame, dhaabbata yookiin Kubbaaniyaa kaffaluun kan irra jiru yookiin gara fuulduraatti hanga taaksii kaffaluu qabu.
- 4) Abbaan Taayitichaa bu'ura iyyata dhiyeessuun Manni Murtii aangoo qabu yoo dheeresse malee akkaataa keewwata kana keewwata Xiqqaa 2tiin kan darbu biyyaa ba'uu ajaja dhorku guyyaa ajajni kennamee eegalee guyyaa kudhan booda raawwatamuu hin danda'u.
- 5) Abbaan Taayitichaa ajaja biyyaa akka hin bane dhorku nama garagalchi taasifameef kennuun kan irra jiraatu yoo ta'u, namni kun ajajicha fudhachuu diduun bu'uura keewwata kanaatiin gocha kamiyyuu raawwatamu gatii dhabeessa hin taasisu.
- 6) Itti gaafatamaan Abbaa Taayitaa Immigireeshinii ajajni naannoo yoo isa qaqqabu ajajicha fudhatama argachiisuuf tarkaanfiwwan barbaachisaan ni fudhata. Tarkaanfii kamiyyuu itti gaafatamaan fudhatu paasportii, waraqaa eenyummaa yookiin nama biraa dhorkame Itoophiyaa lakkisee bahuuf sanada fayyadamu kamiyyuu qabachuu fi kaa'uu ni dabalata.
- 7) Haal dureewwan biroo immigireeshiini guutuun akka eegametti ta'e namni kamiyyuu biyya lakkisee akka hin bane ajaja kennaame irratti taaksii caqasame yoo kaffale yookiin taaksicha akka kaffalu kaffaltii Abbaa Taayitichaatiin fudhatama qabu waliigaltee yoo uume Abbaan Taayitichaa namni kun biyyaa bahuuf kan isa dandeessisu waraqaa ragaa ni kennaaf. Namni kun waraqaa ragaa dhiyeessuun Itoophiyaa keessaa akka bahuuf kan eeyyamu immigireeshiniif raga gahaa ta'a.
- 8) Bu'ura Keewwata kanaatiin karaa seera qabeessa ta'een sababa gochaan kamiyyuu raawwatamen Mootummaan yookiin taaksiin, Gumurukaan, Immigireeshiniin, Poolisiin yookiin hojjataa biroo irratti yakka kamiyyuu yookiin himatni hariiroo hawwaasaa dhiyaatu yookiin itti fufuu hin danda'u.
- 9) Ajajni biyyaa bahuu dhorku kennamuu kan danda'u Daayirektara Ol'aanaan yookiin ajajni kun akka kennamu Daayirektarri Ol'aanaan aangoo kan kenneef hojjataa taaksii qofaadha.

47. Dhaabbata Daldalaa Yeroof Saamsuu

- 1) Tumaan Keewwata kanaa raawwatinsa kan qabaatu kaffalaan taaksii tokko deddeebiin:

- a) Bu'uura seera taaksitiin sanada barbaachisu osoo hin qabatiin yoo hafe; yookiin
- b) Taaksii yeroo kaffaluu qabutti kaffaluu dhiisuu
- 2) Tumaan keewwata kanaa yeroo raawwatutti kaffalaan taaksii akeekkachifni isa gahee guyyaa torba keessatti taaksii irraa barbaadamu kan hin kaffale yoo ta'e yookiin sanada barbaachisu kan hin qabanne yoo ta'e Abbaan Taayitichaa dhabbata daldaalaa kaaffalaa taaksii guyyaa kudha afuriif yeroof kan samsu ta'uu akeekachiisa barreeffama ni kenna.
- 3) Kaffalaan taaksii akeekachisa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin kenname taaksii yoo hin kaffalle yookiin sanada barbaachisu yoo hin qabanne Abbaan Taayitaa dhaabbata daldaalaa kaffalaa taaksii guyyaa kudha afur hin caalleef gar-tokkeen yookiin guutummaan akka samsamu ajaja taasisu "ajaja samsuu" jedhamee kan ibsamu ni kenna.
- 4) Abbaan Taayitaa ajajicha raawwachiisuuf gara dhaabbata daldaalaa kaffalaa taaksitti galuu kan danda'u yoo ta'u ajaja samsuu yeroo raawwachisutti miseensi poolisii akka argamu ajaja kennuu ni danda'a.
- 5) Abbaan Taayitaa bu'ura ajaja samsuutiin Gamoo dhaabbata daldaalaa kaffalaa taaksii irratti iddoo fuuldura muldhatutti beeksisa jecha armaan gadiitti ibsame qabatu ni maxxansa :“Dirqama taaksii bahuu dhabuun akkaataa Labsii kana keewwata 47 tiin ajaja Abbaa Taayitichaatiin yeroof saamsameera”
- 6) Haalawwan armaan gadiitti ibsaman guutamanii yoo argaman Abbaan Taayitichaa Dhaabbata daldaalaa kaffalaa taaksii irra deebi'ee akka banamu ni taasisa:
 - a) Daayirektarri Ol'aanaan yookiin hojjataan aangoon kennameef sanada galmee herregaa kaffalaa taaksii qabachuuf tarkaanfii gahaa fudhateera jedhee yoo hamane;
 - b) Kaffalaan taaksii taaksii yoo kaffale.
- 7) Daayireektara Ol'aanaan ajajni samsuu kennamu yookiin ajaja samsuu kennuuf haala addaan aangoo Daayireektara Ol'aanaatiin hojjataa taaksii qofaadha.

48. Idaawwan Taaksii Darban

- 1) kaffalaan taaksii tokko “daddabarsaa” jedhamee kan caqasamu hojii daldalaa gaggeessu waliin wal-qabatee idaan taaksii hin kaffalamne kan irra jiru yoo ta'ee fi qabeenyota daldalichaa guutummaatti yookiin gar-tokkeen nama quunnamtii qabuuf “nama qabeenyichi darbeef” jedhamee waamamuuf kan dabarse yoo ta'e, idaa qabeenya daldalichaatiin wal qabatee hin kaffalamne namni qabeenyichi darbeef kaffaluuf dirqama qaba.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa1 Abbaan Taayitichaa idaa taaksii dabarfame guutumaadhaan yookiin gar-tokkeedhaan nama qabeenyicha dabarse akka hin gaafanne hin daangessu.

49. Taaksii Dhaabbataan Kaffalamu

- 1) Dhaabbanni tokko yeroo kaffaltii taaksichaa keessatt kan hin kaffalle yoo ta'e, yeroo taaksichi hin kaffalamnetti yookiin taaksichi osoo hin kaffalamiin yeroo ji'a jahaa jiran keessatti namni hojii gaggeessa ture kamiyyuu taaksii hin kaffalamneef dhaabbaticha waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata.
- 2) Tumaan keewwata kana keewwata Xiqqaa 1 haalawwan armaan gadiitiin rawwaatiinsa hin qaban:
 - a) Dhaabbatichi gibira irraa barbaadamu osoo hin kaffaliin kan hafeef beekamtii yookiin heeyyama nama keewwata kan Keewwata 1tiin ibsamee ala yoo ta'ee; fi
 - b) Itti gaafatamummaa fi haalawwan biroo hojii gaggeessaaf kenname yoo ilaalaman hojii gaggeessichi tattaaffi dhaabbatichi gibira kaffaluu diduuf taasisu dhorkuuf of eeggannoo barbaachisu kan agarsiise yoo ta'edha.

50. Itti Gaafatamummaa Yeroo Taaksii Miliqsuun Yookiin Waliin Dhahuun Raawwatamutti Dhufu

- 1) Odiitarri heeyyamameef yookiin ogeessi herregaa heeyyamameef:
 - a) Kaffalaan taaksii taaksicha hir'isuu yookiin miliqsuu akka danda'u kan gargaare, jajjabeesse kan yaale yoo ta'e;
 - b) Taaksii hir'suuf yookiin haala taaksii miliqsuuf gargaaru karaa kamiiniyyuu osoo beekuu kaffalaa taaksichaa waliin yoo walii gale yookiin deeggaraa gochichaa yoo ta'e, sababa taaksii waliin dhahuu yookiin miliqsuu isaatiin hir'ina taaksii muudatuuf kaffalaa taaksichaa waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu.
- 2) Odiitarri eeyyamameef yookiin ogeessi herregaa eeyyamameef tokko akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen itti gaafatamaa ta'ee yoo argame Abbaan taayitichaa gocha kana:
 - a) Waldaa Ogeessota Hojii Odiitii, Waldaa Ogeessota Qabiinsa Herregaa fi Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaatiif yookiin qaama nama kanaaf beekamtii kennuuf gabaasa gochuu kan qabu yoo ta'u, waldichis heeyyama odiitarichaa akka haqu ni gaafata; yookiin
 - b) Abbaa Taayitaa heeyyama kennuuf aangoo qabuuf gabaasa ni taaisa.
- 3) Keewwata kanaan "taaksii hir'isuu" gaaleen jedhu hiika Labsii kana keewwata 110 irratti kennameef ni qabaata.

Kutaa Saddeet

Bakka Buufama, Deebiifi Idaa Taaksii Irraa Bilisa Ta'uu

51. Bakka Buufama Kaffaltii Taaksiitiif Kennamu

- 1) Kaffalaan taaksichaa bara taaksichaatti taaksii herrega kaffalamu irraa hir'atee hafuufii fi taaksii duraan kaffaleef bakka buufama argachuu qabu kaffalaan taaksichaa bara taaksichaatti idaa gibira galii irraa barbaadamu yeroo caalutti, Abbaan Taayitichaa maallaqa caalmaan mul'atu akkaataa tartiiba armaan gadiitiin hoji irra akka oolu ni taaisa:
 - a) Jalqaba (taaksii herrega kaffalamu irraa hir'ifamee hafu osoo hin dabalatiin) kaffalaan taaksichaa bu'uura Labsii Gibira Galiitiin taaksii irraa barbaadamu kamiyyuu kaffaluuf ni oola;
 - b) Haftee isaa kaffalaan taaksii seera taaksii biroo kamminiyyuu taaksii irraa barbaadamu kaffaluuf ni oola;
 - c) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 akkuma eegametti ta'ee, hafteen maallaqaa yoo jiraates guyyaa kaffalaan taaksii gaaffii naaf haa deebi'uu barreeffamaan gaafate irraa eegalee guyyota 90 (sagaltama) jiran keessatti kaffalaa taaksiitiif ni deebi'a.
- 2) Kaffalaan taaksii waliigaltee isaa barreeffamaan yoo ibse maallaqni keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(c) jalatti ibsame kaffaltii idaa taaksii fuulduraatti dhufu kamiifiyyuu dabarsuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) jalatti tumameen haftee maallaqaa kaffalaa taaksiitiif yoo hin kaffalle guyyaan 90 erga dhume jalqabee hanga guyyaa hafteen maallaqaa deebi'utti yeroo jiru keessatti kaffalaan taaksii mirga dhala argachuu qaba;
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin taarifni dhala kaffalamuu yeroon keewwaticha xiqqaa jalatti ibsame osoo hin jalqabiin kurmaana waggaa xiqqoo dursee jiruun taarifa dhala liqii ol'aanaa baankota daldalaatiin hojii irra ooleen ta'a.

52. Taaksii Hanga Kaffalamuu Qabuu Ol Kaffalame Deebisuu

- 1) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 akkuma eegametti ta'ee, kaffalaan taaksichaa (Labsii kana keewwata 48 jalatti kan tumame osoo hin dabalatiin) bu'uura seera taaksiitiin taaksii kaffalamuu qabuu ol kan kaffale yoo ta'e, guyyaa taaksichi kaffalame irraa eegalee waggoota sadan jiran keessatti guca mirkanaa'e fayyadamuun taaksiin hanga kaffaluu qabuu ol kaffale akka deebi'uufiif Abbaa Taayitichaatti iyyachuu ni danada'a.

- 2) Keewwatni kun raawwatiins kan qabaatu kaffalaan taaksii taaksii hanga kaffaluu qabu ol kaffale ilaalchisee Abbaan Taayitichaa shallaggii fooyya'insa taaksii akka taasisu haalli dirqisiisu kan hin jirre yoo ta'edha.
- 3) Abbaan Taayitichaa murtii iyyaticha irratti kenname iyyataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsameef barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 4) Kaffalaan taaksii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin yeroo iyyatuu fi kaffalaan taaksii bu'uura seera taaksiitiin taaksii hanga kaffaluu qabuu ol kan kaffale ta'uu isaa Abbaan Taayitichaa yoo itti amane hanga maallaqa caalmaan kaffalamee bu'uura tartiiba armaan gadiitiin hojii irra ni oolcha:
 - a) Jalqaba (taaksii herrega kaffalamu qabu irraa hir'ifamee hafu osoo hin dabalatiin) kaffalaan taaksii bu'uura Labsii Gibira Galiitiin taaksii irraa barbaadamu kamiyyuu kaffaluuf oola;
 - b) Kan hafe kaffalaan taaksichaa taaksii seera taaksii biroo kamiiniyyuu irraa barbaadamu kaffaluuf oola;
 - c) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 akkuma eegametti ta'ee, hafteen maallaqaa yoo jiraate kaffalaan taaksichaa guyyaa gaaffii naaf haa deebi'uu dhiyeesse irraa eegalee guyyoota 45 (afurtamii shan) keessatti kaffalaa taaksichaatiif ni deebi'a.
- 5) Kaffalaan taaksichaa waliigaltee isaa barreeffamaan yoo ibse, maallaqa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 (c) jalatti ibsame bu'uura seera taaksii kamiiniyyuu idaa taaksii fuulduraatti dhufu kamiyyuu kaffaluuf dabarsuu ni danda'a.
- 6) Abbaan Taayitichaa bu'uura keewwata kanaatiin taaksii dogoggoraan kan deebise yoo ta'e, kaffalaan taaksichaa Abbaa Taayitichaatiin yeroo gaafatamu guyyaa gaaffii sanada irratti ibsame maallaqa dogoggoraan deebi'eef Abbaa Taayitichaatiif deebisee kaffaluu qaba.
- 7) Maallaqa kaffalaan taaksii dogoggorsuun akka deebi'uuf gaafatuun dogoggoraan kan deebi'e yoo ta'e, kaffalaan taaksichaa maallaqichi dogoggoraan kan itti deebi'ee fi maallaqni dogoggoraan deebi'e guyyaa abbaa taayitichaatiif kaffalame gidduu yeroo jiru akkaataa taarifa Labsii kana Keewwata 39 Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsameen yeroo kaffaltichi tureef dhala kaffaluuf dirqama qaba.
- 8) Kaffaalaan taaksichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7tiin taaksii deebi'u akka kaffaluuf dirqamu, raawwii Labsii kanaatiif jecha taaksii kamiyyuu kaffalaan taaksicha akka kaffalutti fudhatama.

53. Yeroo Rakoon Humnaa Olee Muudatutti Taaksii Dhiifama Taasifamu

- 1) Keewwatni kun raawwatiinsa kan qabaatu Manni Marichaa:

- a) Balaa uumamaa hin eegamneen yookiin sababa badiitiin yookiin haala maal dhibdee kaffalaa taaksiitiin yookiin badii kamiiniyyuu waliin quunnamtii hin qabneen sababa ulfaataa rakkoo dhuunfaa uumameen kaffalaan taaksichaa taaksii irraa barbaadamu hundumaa akka kaffalu gochuun rakkoo ulfaataa hin dandamanne kan isa irratti hordofsiisu ta'uun; yookiin
 - b) Sababa du'a kaffalaa taaksichaatiin kaffalaan taaksichaa taaksii kaffaluu qabu hundumaa akka kaffalu gochuun hirkattota kaffalaa taaksichaa irratti rakkoo ulfaataa kan hordofsiisu ta'uu isaa Yoo itti amanedha.
- 2) Keewwatni kun Keewwatni Xiqqaan 3 akkuma eegametti ta'ee, keewwatni kun raawwatiinsa kan qabu yoo ta'e, Manni Marichaa kaffalaan taaksichaa yookiin qulqulleessituun dhaaltuu qabeenya kaffalaa taaksii du'ee taaksii kaffalamuu qabuu fi taaksii kana waliin wal qabatee kaffaltii dhala tureef gaafatamu guutummaan yookiin gar-tokkeen akka hin kaffalamne heeyyamuu ni danda'a.
 - 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiifamni taaksii taasifamuu kan danda'u hanga maallaqaa dambii Manni Maree baasuun murtaa'uutiin ta'a.
 - 4) Manni Marichaa kaffalaa taaksii yookiin qulqulleessituu dhaaltuu qabeenya kaffalaa taaksii du'ee murtii idaa taaksii irra bilisa taasisu kan kenne ragaa dogoggorsaa yokiin burjaajessaa dhihaateef irratti hundaa'uun yoo ta'e, idaan taaksii dhiifamaan hafe dhiifamni taasifamuun dura gara duraan turetti deebisuun kaffalaan taaksichaa idaa taaksichaa irraa bilisa akka hin taaneetti lakkaa'amee Labsiin kun raawwatiinsa ni qabaata.
 - 5) Abbaan Taayitichaa bu'uura keewwata kanaatiin idaa taaksii tokkoon tokkoon dhiifamni itti taasifamee fi hanga dhalaa fi sababa dhiifamni itti taasifameef galmeessee qabachuudhaan ji'a jaha jahaan odiitara muummichaatiif gabaasa dhiyeessuu qaba.

Kutaa Sagal

Wal Dhabdee Taaksii Waliin Wal Qabatee Uumamu

54. Ibsa Sababootaa

Bu'uura seera taaksiitiin iyyata Abbaa Taayitichaatiif dhiyaate kamiyyuu yeroo abbaan taayitichaa osoo hin fudhatiin hafetti beeksifni fudhachuu dhiisuu isaa ibsu ibsa sababoota iyyaticha hin fudhanneef kan hammate ta'uu qaba.

55. Murtiiwwanii fi Ol'iiyyannoon Taaksii Irratti Dhiyaatan Isa Dhumaa Ta'uu

- 1) Bu'uura deemsa kutaa kana jalatti tumameen yoo ta'e malee:
 - a) Taaksii yookiin murtii ol'iiyyannoon irratti dhiyaachuu danda'u murteessuu fi isa dhumaa ta'uu isaatiin haala kamiiniyyuu Boordichaan yookiin Mana Murtiitiin yookiin deemsa abbaa seerumaa birootiin mormiin irratti dhihaachuu hin danda'u;

- b) Beeksisa shallaggii taaksii yookiin murtii yookiin abbaa taayitichaatiin yookiin akka waraabbii murtiitti sanada mirkanaa’e dhiyeessuun beeksifni shallaggii taaksichaa yookiin murtichi sirnaan kan kenname ta’uu akkasumas beeksifni shallaggii taaksichaa yookiin murtichaa kan ilaallatu hanga taaksii yookiin tarreen dhimmoota biroo sirrii ta’uu isaanii ragaa murteessaaadha; akkasumas
 - c) Taaksii kaffalaan taaksii ofuma isaatii shallagu ilaalchisee beeksisa shallaggii taaksii isa ol’aanaa kaffalaan taaksii ofuma isaatii ittiin beeksise yookiin sanada waraabbii shallaggii beeksisa taaksii ol’aanaa abbaa taayitichaatiin mirkanaa’e dhiyeessuun qabiyyee beeksisichaatiif ragaa murteessaadha.
- 2) Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksiitiif shallaggii taaksii yookiin beeksisa murtii mala elektirooniksiitiin yeroo kennuuf, beeksisa shallaggii taaksii keewwata kana keewwata Xiqqaa 1(b) jalatti ibsame yookiin waraabbii murtii beeksisichaa yookiin murticha adda baasuunii fi beeksisa shallaggii taaksii mala elektirooniksiitiin darbe yookiin dhimmoota tarree murtii ibsuun sanada Abbaa Taayitichaatiin mirkanaa’e ni dabalata.
 - 3) Kaffalaan taaksii beeksisa shallaggii taaksii ofii isaa mala elektirooniksiitiin yeroo dhiyeessutti, keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) jalatti kan ibsame warraabbiin beeksisa shallaggii taaksii ofii beeksisicha adda baasuunii fi tarree dhimmoota beeksisa shallaggii taaksii ofii mala elektirooniksiitiin darbee ibsuun sanada Abbaa Taayitichaatiin mirkanaa’e ni dabalata.
 - 4) Kaayyoo keewwata kanaatiif “ murtii” jechuun Labsii kana keewwata 2 keewwata Xiqqaa 34 tiin hiika murtii taaksiitiif kenname jalatti qubee (b), (c), (d),(f), (g) yookiin (h) tiin kan ibsamedha.

56. Beeksisa Komii Murtii Taaksii Irratti Dhihaatu

- 1) Kaffalaan taaksii murtii taaksii irratti komii qabu beeksifni murtichi isa qaqqabee guyyoota 21 (digdamii tokko) keessatti komii murticha irratti beeksisa komii barreeffamaan Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu ni danda’a.
- 2) Murtii taaksii komiin irratti dhihaate shallaggii taaksii fooyya’een yoo ta’e, mirgi shallaggii taaksii fooyya’e komachuu kaffalaa taaksichaa shallaggii taaksii duraa fooyyessuun, hir’isuun yookiin dabaluun fooyya’insa taasifame qofa irratti kan daanga’e ta’a.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin beeksifni komii kaaffalaa taaksiitiin dhihaate sirnaan akka dhihaateetti kan lakkaa’amu haal dureewwaan armaan gaditti tarreeffaman yoo guutan qofadha:
 - a) Beeksifni komichaa kaffalaan taaksii sababoota murtii taaksii itti komatu, kaffalaan taaksichaa murticha sirreessuuf fooyya’iinsa taaisfamuu qaba jedhee itti amanuu fi sababoota fooyya’iinsa kana taasissun barbaachiseef sirriitti kan ibsu yoo ta’e;

- b) Komichi shallaggii taaksii waliin kan wal qabatu yoo ta'e, kaffalaan taaksii bu'uura shallaggii taaksiitiin taaksii kafflamuu qabuu fi beeksisa komiitiin mormiin irratti hin dhihaanne kan kaffale yoo ta'e; akkasums
- c) Murtii taaksichaa irratti komii yoo qabaates taaksicha kaffalee beeksisa komii dhiyeeffachuu kan filate yoo ta'e, taaksii itti murtaa'e yoo kaffaledha.
- 4) Abbaan Taayitichaa beeksifni komii sirnaan hin dhihaanne jedhee yoo amane kaffalaa taaksiitiif beeksisa barreefamaa kanneen armaan gadii ibsu battalumatti ni kennaaf:
 - a) Sababoota komichi sirnaan hin dhihaanne ittiin jedhu; fi
 - b) Kanneen armaan gadii keessaa kaffalaan taaksichaa yeroo ture keessatti komii isaa yoo hin dhiyeeffanne yeroon komii itti dhiyeeffatu akka darbu:
 - i) Komichi kan ilaallatu beeksifni murtii taaksii qaqqabee guyyoota 21 (digdamii tokko) keessatti; yookiin
 - ii) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 (b)(i) tiin beeksifni kennamu qaqqabee guyyoota 10(kudhan) keessatti.
- 5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4tiin yeroon komiin itti dhihaatu kan darbe yoo ta'e, abbaan taayitichaa beeksisa barreeffamaa kanuma ibsu kaffalaa taaksii ilaallatuuf ni kenna.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsameen yeroon komiin itti dhihaatu osoo hin darbiin dura kaffalaan taaksichaa murtii taaksii irratti yeroon beeksisa komii dhiyeeffatu akka dheeratuuf Abbaa Taayitichaatiif beeksisa barreeffamaa dhiyeessuu ni danda'a.
- 7) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin iyyatni yeroo dhihaatu; Abbaan Taayitichaa:
 - a) Kaffalaan taaksichaa naannicha keessa kan hin turre ta'uu isaatiin, sababa dhukkubaatiin yookiin sababa quubsaa birootiin yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 yookiin Keewwata Xiqqaa 4 tiin murtaa'e keessatti beeksisa komii dhiyeeffachuu dadhabuu isaatiinii fi
 - b) Karaa kaffalaa taaksiitiin beeksisa komii dhiyeessuuf turtiin sababaawaa hin taane jiraachuu yoo itti amane akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1jalatti kan ibsamen yeroon beeksifni komii itti dhihaatu guyyaa dhume jalqabee yeroo guyyaa 10 (kudhan) hin caalleef dheeressuu ni danda'a.

57. Komii Irratti Murtii kennuu

- 1) Abbaan Taayitichaa akkaataa Labsii kana Keewwata 56 tiin komiiwwan sirnaan dhihaatan bilisummaan qorachuun murtii komiiwwan irratti kennamuuf kutaa hojii dhaabbii yaada murtii dhiyeessu ni hundeessa.

- 2) Abbaan Taayitichaa deemsa komiiwwan ittiin dhihaatanii fi dhimmoota yaadni murtii Abbaa Taayitichaatiif dhihaatan ittiin hundeeffamanii fi tarree qajeelfamaa deemsa murtiin ittiin kennamuu ni baasa.
- 3) Kutaan hojichaa komii shallaggii taaksii irratti dhihaate yeroo qoratu hanga shallaggii taaksii irratti argamee dabaluu danda'a jedhee yoo itti amanu, kutaan hojichaa hojjetaa shallaggiin taaksichaa ilaallatuuf irra deebi'amee akka ilaalamuuf yaada murtii Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuun irra jira.
- 4) Abbaan Taayitichaa yaada murtii kutaa hojichaatti dhihaate erga qoratee booda, komii dhihaate guutummaan yookiin gar-tokkeen fudhachuun yookiin kufaa gochuun murtiin kan kennamu yoo ta'u, murtichis murtii komii irratti kenname jedhamee ibsama.
- 5) Abbaan Taayitichaa murtii komii irratti kenne kaffalaa taaksichaatiif barreeffamaan kan beeksisu yoo ta'u, komii shallaggii taaksii irratti dhihaate yoo ta'e shallaggii taaksichaa fooyyessuu dabalatee murticha raawwachisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an ni fudhata.
- 6) Beeksifni murtii komii irratti kenname dhimmoota ijoo dhimmichaa, argannoowwanii fi sababoota murtichaaf bu'uura ta'anii fi Boordichaaf ol'iiyannoo dhiyeeffachuun akka danda'amu kan ibsu ibsi hammatamuu qaba.
- 7) Kaffalaan taaksichaa guyyaa komii dhiheesse irraa eegalee guyyoota 180 (dhibba tokkoo fi saddeettama) jiran keessatti Abbaan Taayitichaa komicha irratti murtii kan hin kennine yoo ta'e, kaffalaan taaksichaa ol'iiyannoo isaa guyyaan 180 (dhibba tokkoo fi saddeettama) dhume guyyaa 30 (soddoma) keessatti Boordii ol'iiyannoo taaksiitiif dhiyeessuu ni danda'a.

58. Boordii Ol'iiyannoo Taaksiitiif Ol'iiyannoo dhiyeessuu

- 1) Kaffalaan taaksii murtii ol'iiyannoon irratti dhihaachuu danda'u irratti komii qabu akkaataa Labsii kana keewwata 89 tiin beeksisa ol'iiyannichaa Boordii ol'iiyannoo taaksiitiif dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Komii shallaggii taaksii irratti dhihaate waliin wal qabatee beeksifni ol'iiyanno kaffalaa taaksiitiin Boordii ol'iiyannoo taaksiitiif dhihaatu sirnaan dhihaateera jedhamuu kan danda'u taaksiin falmii irra jiru %50 (dhibbeentaa shantama) kan kaffalame yoo ta'e qofadha.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2'n "taaksiin falmii irra jiru" taaksicha waliin wal qabatee adabbii kaffalamuu qabuu fi dhala ture hin dabalatu.
- 4) Boordiiin ol'iiyannoo taaksii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin yeroo beeksifni ol'iiyannoo itti dhihaatu akka dheeratu iyyata dhihaatuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

59. Ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaatiif Dhiyaatu

- 1) Namni ol'iyyannoo taaksii Boordichaaf dhiyaate irratti falmachaa ture, murtii Boordichi kenne kan komate yoo ta'e, beeksifni murtii Boordichaa qaqqabee guyyoota 30 (soddoma) keessatti beeksisa murtichaa Mana Murtii Ol'aanaaf dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Namni ol'iyyannoo taaksii Boordichaan ilaalame irratti falmaa ture, yeroon ol'iyyannoo dhiyessuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akka dheeratuuf beeksisa barreeffamaatiin yoo gafatu, Manni Murtii Ol'aanaa yericha dheeressuufii ni danda'a.
- 3) Komii shallaggii taaksii irratti dhiyaate waliin wal qabatee beeksifni ol'iyyannoo kaffalaa taaksichaatiin Mana Murtii Ol'aanaa dhihaatu sirnaan dhihaateera jedhamuu kan danda'u taaksiin falmii irra jiru %75yoo kaffalame qofadha.
- 4) Ol'iyyatni Mana Murtii Ol'aanaa dhihaatu dhimmoota seeraa qofa irratti yoo ta'u, beeksifni ol'iyyannichaas dhimmoota seeraa ol'iyyannoo dhihaatan irratti ka'an ibsuu qaba. Manni Murtii Ol'aanaa ol'iyyannicha dhaga'uun:
 - a) Murtii Boordichaa cimsuu;
 - b) Murtii Boordichaa diiguun:
 - i) Murtii Boordichaa kan bakka bu'u kennuu; yookiin
 - ii) Bu'uura qajeelfama Manni Murtichaa kennuun dhimmichi irra deebi'amee akka ilaalamu Boordichaaf yookiin Abbaa Taayitichaatiif deebisee erguu;
 - c) Ol'iyyannicha kufaa taasisuu; yookiin
 - d) Murtii biroo itti fakkaate kennuu ni danda'a.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin “ taaksii falmii irra jiru “ jechuun taaksii Boordiiin ol'iyyannoo taaksichaa akka kaffalamu murtii itti kennee fi kaffalaan taaksichaa beeksisa ol'iyyannootiin komii taaksii irraatti dhiyeesse yoo ta'u, taaksicha waliin wal qabatee adabbii kaffalamuu qabuu fi kaffaltii dhala turee hin dabalatu.

60. Ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalatiif Dhihaatu

- 1) Namni ol'iyyannoo taaksii Mana Murtii olaanaatiif dhiyaate irratti falmachaa ture, murtii Manni murtichaa kenne irratti kan komate yoo ta'e, beeksifni murtii Mana Murtichaa qaqqabee guyyoota 30 (soddoma) keessatti beeksisa murtichaa Mana Murtii Waliigalaatiif dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Namni ol'iyyannoo taaksii Mana murtii Ol'aanaatiin ilaalame irratti falmaa ture, yeroon ol'iyyannoo dhiyessuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame akka dheeratuuf beeksisa barreeffamaan yoo gafatu, Manni Murtii Waliigalaa yericha dheeressuufii ni danda'a.

61. Dirqama Ibsuu

Bu'uura Kutaa kanaatiin murtii taaksii waliin walqabatee adeemsi falmii taaksii taasifamu kamiyyuu, murtiin taaksii sirrii ta'uu dhabuusaa dirqamni ibsuu kan kaffalaa taaksichaati.

62. Murtii Boordii Ol'iyyannoo Taaksii Yookiin Mana Murtii Raawwachuuf

- 1) Abbaan Taayitichaa murtiin Boordii Ol'iyyannoo Taaksii, Mana Murtii olaanaa yookiin Mana Murtii Waliigalaa erga isa qaqqabee eegalee guyyoota 30(soddoma) keessatti beeksisa shallaggii taaksii fooyya'e kaffalaa taaksiitiif kennuu dabalatee murticha raawwachuuf tarkaanfiilee barbaachisaa ta'an fudhachuu qaba.
- 2) Daangaa yeroo shallaggii taaksii fooyya'ee Labsii kana Keewwata 30 jalatti ibsamee murtii Boordii Ol'iyyannoo Taaksii yookiin Mana Murtii raawwachuuf fooyya'iinsa shallaggii taaksii taasifamu irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

Kutaa Kudhan

Odeeffannoo Sassaabuufi Raawwachiisuu

63. Waraqaa Qulqullinaa Taaksii

- 1) Kaffalaan taaksii kamiyyuu bu'uura uunkaa taaksii mirkanaa'eetiin waraqaa qulqullinaa taaksii akka kennamuuf Abbaa Taayitichaatti iyyachuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa kaffalaan taaksii bu'uura seera taaksiitiin dirqama taaksii kaffaluu irratti buufame kan raawwate ta'uu isaa yoo mirkaneessu bu'uura qajeelfama baasuutiin, kaffalaan taaksichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin iyyata isaa erga dhiyeessee guyyoota 14(kudha afur) keessatti waraqaa qulqullinaa taaksii kennuu qaba.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin kaffalaan taaksii iyyata dhiheeffatu waggaa darbeef yookiin waggootan darbaniif kaffalaa taaksii ta'ee kan hin galmoofta yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa kaffalaan taaksichaa kan galamaa'e ta'uu isaa ibsuudhaan kaffalaan taaksichaa iyyata dhiheeffatee guyyoota 14 (kudha afur) keessatti waraqaa qulqullinaa taaksii kennuufii qaba.
- 4) Biirrooleen Naannichaa, manni qopheessaa, kutaan hojii mootummaa yookiin qaamni mootummaa biroo kamiyyuu kaffalaan taaksichaa waraqaa qulqullinaa taaksii yoo dhiyeesse malee heyyama kamiyyuu kennuu yookiin haaromsuu yookiin caalbaasii mootummaa irratti akka hirmaatu eeyyamuu hin danda'u.
- 5) Abbaan Taayitichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin kaffalaa taaksii iyyata dhiheeffateef waraqaa qulqullinaa taaksii akka hin kennine kan murteesse yoo ta'e, kaffalaan taaksichaa iyyata erga dhiyeessee eegalee guyyoota 14(kudha afur) keessatti beeksisa murtii sababa iyyaticha fudhachuu dhiiseef ni kennaaf.

64. Barreeffama Hundeeffamaa fi Dambii Ittiin Bulmaataa Dhiyeessuu

- 1) Dhaabbanni kamiyyuu guyyaa galmee'e irraa eegalee guyyoota 30'n (soddoma) jiran keessatti waraaabbii barreeffama hundeeffamaa, dambii ittiin bulmaataa, waliigaltee waldaa shariikaa yookiin sanada hundeeffamaa yookiin galmee biroo kamiyyuu Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu qaba.
- 2) Sanadoota Keewwata kana Keewwata 1 jalatti ibsaman irratti jijjiiramni kamiyyuu yoo taasifamu jijjiiramichi erga taasifamee guyyoota 30(soddoma) keessatti jijjiiramicha Abbaa Taayitichaatiif barreeffamaan beeksisuu qaba.

65. Odiitaroota

- 1) Odiitaroonni gabaasa odiitii maamila isaanii guyyaa maamila isaaniif dhiyeessanii eegalee kan lakkaa'amu yeroo ji'a 3(sadii) keessatti gabaasaalee odiitichaa Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu qabu.
- 2) Odiiterri kamiyyuu dirqama Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame osoo hin bahatiin kan hafe yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa dirqama isaa kan hin bahanne ta'uu isaa Waldaa Ogummaa Qabiinsa Herregaa fi Odiitii Naannichaaf beeksisuun waldichi heeyyama odiiterichaa akka haqu ni gaafata.
- 3) **Keewwata kanaan «odiitera» jechuun hiika Dambii Kenniinsa Eeyyama Ogummaa Ogeessota Odiitii fi Qabiinsa Herregaa Namoota Dhuunfaan yookiin Waldaan Hojjetan Murteessuuf Bahe Lak. 4/2006'n kenname ni qabaata.**

66. Waliigaltee Tajaajilaa Nama Jiraataa Naannichaa Hin Taane Waliin Taasifamu Beeksisuu

- 1) Namni kamiyyuu waliigaltee tajaajilaa burqaan isaa Naannicha ta'e nama jiraataa Naannichaa hin taane faana seenu guyyaa waliigalticha mallatteesse yookiin raawwachuu eegale dursee guyyaa dhufe irraa eegalee guyyoota 30'n(soddomman) jiran keessatti bu'uura uunkaa mirkanaa'eetiin Abbaa Taayitichaa beeksisuu qaba.
- 2) Keewwata kanaan «waliigaltee tajaajilaa burqaan isaa Naannicha ta'e» jechuun waliigaltee qaxarrii osoo hin dabalatiin, dhiyeessii meeshaa yoo dabalates dabalachuu baates, irra guddaatti tajaajila kennuu irratti kan buu'ureffate galii burqaan isaa Naannicha ta'e kan argamsiisu waliigaltee tajaajilaa ti.

67. Odeeffannoo Yookiin Ragaa Argachuuf Beeksisa Kennuu

- 1) Seera taaksii kamiyyuu bulchuuf jecha Abbaan Taayitichaa kaffalaa taaksii yoo ta'es ta'uu baates nama kamiifiyyuu beeksisa barreeffamaa kennuun:
 - a) Yeroo beeksisicha keessatti ibsametti dhimma taaksii ofiisaa yookiin nama biroo kamiyyuu ilaalchisee odeeffannoo beeksisichaan ibsame akka kennuufiif;

- b) Yeroo fi iddoo beeksisicha keessatti ibsametti argamuun dhimma taaksii ofiisaa yookiin nama biroo kamiyyuu ilaalchisee ragaa beeksisichaan ibsame akka kennuufiif;
 - c) Yeroo beeksisicha keessatti ibsametti dhimma taaksii ofiisaa yookiin nama biroo kamiyyuu waliin kan wal qabatu isa harka yookiin too'annoo isaa jala kan jiran sanadoota beeksisicha keessatti ibsaman akka dhiyeessu gaafachuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1iin akka dhiyaatu kan gaafatame sanada yoo ta'e, sanadni gaafatame akkaataa adda baasuun danda'amutti beeksisichaan ibsamuun isaa gahaa dha.
- 3) Keewwatni kun:
- a) Bifa elektirooniksiitiin kan argaman dabalatee odeeffannoo kamiyyuu kennuu yookiin sanada kamiyyuu dhiyeessuu ilaalchisee seera biroon mirga addaa kennu yookiin faayidaa uummataa ilaallatu ; yookiin
 - b) Waliigalteen dirqama iccitii eegu buusu yoo jiraates kan raawwatiinsa qabaatu ta'a.

68. Aangoo Seenuu fi Sakatta'uu

- 1) Seera taaksii kamiiniyyuu bulchuuf jecha Abbaan Taayitichaa :
- a) Yeroo kamiyyuu fi beeksisa tokko malee iddoowwan armaan gadii irratti argamuu yookiin kanneen armaan gadii argachuuf mirga guutuu fi hin daangeffamne qabu :
 - i) Mooraa yookiin iddoo kamiyyuu ; meeshaa yookiin qabeenya kamiiniyyuu ;
 - ii) Sanada kamiiniyyuu ;
 - iii) Kuusaa odeeffannoo kamiiniyyuu ;
 - b) Bu'uura mirga Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) tiin argateetiin bifa elektirooniksiin kan qabame dabalatee sanada kamiiniyyuu kutaa sanadaa murtaa'e yookiin warabbii fudhachuu ni danda'a.
 - c) Abbaan Taayitichaa sanada kamiiniyyuu dirqama taaksii kaffalaa taaksichaa murteessuuf ragaa fayyadu ta'a jedhee itti amanu qabuu fi bu'uura seera taaksii kamiyyuutiin dirqama taaksii kaffalaa taaksichaa murteessuu fi falmii taaksii kamiyyuutiif hanga yeroo barbaachisuutti qabee tursuu ni danda'a.
 - d) Odeeffannoo maxxanfame yookiin odeeffannoo meeshaa kuusaa odeeffannootiin kuufame yoo hin kennamneef waraabbii odeeffannichaa fudhachuuf yeroo barbaachisuuf meeshicha qabee tursuu ni danda'a.
- 2) Aangoo keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen kan hojjechuu danda'u Daayireektera Ol'aanaa yookiin hajjetaa taaksii aangoo kanaan akka hojjetu Daayireekterri Ol'aanaan bakka bu'iinsa ifaa kenneefii qofaa dha.
- 3) Hojjetaan taaksii kamiyyuu aangoo keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen akka hojjechuu danda'u Daayireekterri Ol'aanaan eeyyama kennuufiisaa ragaa

barreeffamaa ibsu nama abbaa qabeenyaa yookiin abbaa qabiyyee seera qabeessa ta'een yoo gaafatamu dhiyeessuu hin dandeenye gara mooraa yookiin iddoo kamiyyuu seenuu yookiin seenee turuu hin danda'u.

- 4) Abbaan qabeenyaa yookiin abbaan qabiyyee seera qabeessaa mooraa yookiin iddoo Keewwata kana Keewwatni Xiqqaan 1 irratti raawwatuu Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessii fi deeggarsa barbaachisaa ta'an taasisuuf dirqama kan qabu yoo ta'u, kunis kanneen armaan gadii ni dabalata :
 - a) Sanadoota kamiyyuu kuusaa ragaatiin yookiin bifa biroo kamiyyuutiin qabaman mooraa yookiin iddoo qorannoon itti gaggeessamutti argaman ilaalchisee gaaffii dhiyaataniif afaaniin yookiin barreeffamaan deebii kennuu ; yookiin
 - b) Bu'uura Keewwata kanaan daataan barbaadame paaswoordiidhaan kan eegame yoo ta'e, odeeffannoo daataan itti cufame itti banamu kennuu ;
- 5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin namni sanadni yookiin meeshaan kuusaa daataa jalaa qabame sanadicha yookiin meeshicha qorachuudhaan waraabbii ragaa barbaadee waraabbii elektirooniksii sanada meeshaa kuusaa daataa keessatti qabamee dabalatee sa'aatii hojii idileettii fi bu'uura haaldureewwan Abbaan Taayitichaa murteessuun baasii ofii isaatiin fudhachuu ni danda'a.
- 6) Sanada yookiin meeshaa kuusaa daataa kamiyyuu akkaataa Keewwata kanaatiin fudhatamee fi qabame Daayireekterri Olaanaan yookiin haggetaan taaksii Daayireekterri Olaanaan bakka bu'uuse mallattoosaatiin mirkaneessuu qaba.
- 7) Keewwatni kun :
 - a) Ogummaa seeraa dabalatee mirga addaa kan kennu yookiin faayidaa uummataa waliin wal qabatee bifa elektirooniksiitiin kan argaman dabalatee sanada yookiin qabeenya kamiiniyyuu dhiyeessuu, mooraa yookiin iddoo kamiyyuu seenuu seera biroo ilaallatu ; yookiin
 - b) Waliigalteen dirqama iccitii eeguu buusu yoo jiraates raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.

Kutaa Kudha Tokko

Seerota Taaksii Dursanii Hiikuu

Kutaa Xiqqaa Tokko

Hiika Kaffaloota Taaksii Hunda Irratti Raawwatiinsa Qabaatu

69. Hiikota Dirqisiisoo Ta'anii Kaffaloota taaksii Hunda Irratti Raawwatiinsa Qabaatan

- 1) Abbaan Taayitichaa seera taaksii tokko ilaalchisee bu'uura Labsii kana keewwata 70 tiin hiika kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu kennuu ni danda'a.
- 2) Hiikni kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu bu'uura labsii kana keewwata 70 tiin kenname hanga hin kaanetti Abbaa Taayitichaa ni dirqisiisa.

- 3) Hiikni Abbaa Taayitichaa kennamee kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu, kaffaloota taaksii irratti dirqisiisaa hin ta'u.

70. Hiika Kaffaloota Taaksii Hunda Irratti Raawwatiinsa Qabaatu Kennuu

- 1) Hiikni Abbaan Taayitichaa kennu kaffalaa taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu weeb-saayitii Abbaa Taayitichaa irratti bahuu qaba.
- 2) Hiikni Abbaan Taayitichaa baasu kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu, kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'uu isaa ibsuu kan qabu yoo ta'u, dhimma hiikichaan ibsame kan ibsu mata duree fi lakkoofsa addaa qabaachuu qaba.
- 3) Hiikni kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu guyyaa hiika kana irratti ibsame irraa eegalee raawwatiinsa kan qabaatu yoo ta'u, hiikicha irratti guyyaan kamiyyuu kan hin ibsamne yoo ta'e guyyaa hiikichi websaayitii Abbaa Taayitichaa irratti bahe irraa eegalee raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.
- 4) Hiikni kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu, haala hiikichaan ibsameen raawwii seera taaksii tokko ilaalchisee yaada Abbaa Taayitichaa kan ibsu ta'ee raawwii labsii kanaa yookaan seera biraatiif jecha murtii Abbaa Taayitichaa akka ta'etti hin fudhatamu.

71. Hiika Kaffaloota Taaksii Hunda Irratti Raawwatiinsa Qabu Kaasuu

- 1) Abbaan Taayitichaa Weeb-Saayitii isaa irratti beeksisa baasuun hiika kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu hunda isaa yookaan gartokkeen kaasuu ni danda'a. Kun yoo ta'u hiikichi adda cituun:
 - a) Guyyaa beeksisaan ibsame; yookiin
 - b) Guyyaa beeksisichi weeb-saayitii Abbaa Taayitichaa irratti bahe lamman keessaa guyyaa isa ture irratti jalqaba.
- 2) Seerri hiika kaffaloota taaksii hundaa irratti raawwatiinsa qabaatuun wal faallessu yoo bahe yookaan Abbaan Taayitichaa hiika addaa yoo kenne hiikni duraan ture seericha yookaan hiika haaraa kenname waliin kan wal hin simne hanga ta'etti akka ka'etti lakkaa'ama.
- 3) Hiikni kaffalaa taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu guutumaa guutuutti yookaan gar-tokkeen ka'e :
 - a) Osoo hin ka'in dura bittaa fi gurgurtaa jalqabaman irratti raawwatamuun isaa itti fufa;
 - b) Erga ka'ee booda bittaa fi gurgurtaa jalqabame irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

Kutaa Xiqqaa Lama

Hiika Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatu

72. Hiikota Dirqisiisoo Ta'an Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatan

- 1) Kaffalaan taaksii kamiyyuu bittaa fi gurgurtaa raawwate yookaan raawwachuuf yaade irratti raawwatiinsa seera taaksii tokkoo ilaalchisee ejjennoon Abbaa Taayitichaa maal akka ta'e hiika ibsu akka kennuufiif Abbaa Taayitichaatiif iyyata dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Iyyatni akkaataa keewwata kanaatiin dhiyaatu barreeffamaan ta'ee:
 - a) Tarreeffama dhimmootaa bittaa fi gurgurtaa iyyaticha waliin walitti dhufeenya qabanii fi sanadoota bittaa fi gurgurtichaa rogummaa qaban hunda haammachiisuu;
 - b) Dhimma hiikichi gaafatameef ifatti ibsuu; akkasumas
 - c) Seerri taaksii rogummaa qabu raawwatiinsa bittaa fi gurgurticha irratti qabu ilaalchisee ibsa yaada kaffalaa taaksichaa guutuu qabachuu qaba.
- 3) Kan Labsii kana keewwata 73 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaan Taayitichaa iyyatni bu'uura keewwata kanaatiin dhiyaate guyyaa ga'een irraa eegalee guyyoota 60 (jaatama) keessatti gaaffii isaaf dhiyaateef hiika dhimmicha ilaallatu kennuu qaba.
- 4) Kaffalaan taaksichaa bittaa fi gurgurtaa hiikni irratti gaafatame irratti ragaa sirrii fi guutuu ta'e rogummaa qabu kan dhiyeessee fi bittaa fi gurgurtichis haala kamiiniyyuu akkaataa iyyata dhiyaate irratti ibsameen raawwatamuun isaa yoo mirkanaa'e kana irratti hundaa'uudhaan hiikni kenname Abbaa Taayitichaa ni dirqisiisa.
- 5) Hiikni Abbaa Taayitichaatiin kennamu kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu kaffalaa taaksichaa hin dirqisiisu.
- 6) Hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu yeroo hiikichi itti kennametti ragga'ee kan jiru yoo ta'e hiika kaffalaa taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu waliin kan wal fallessu yoo ta'e garaagarummaa hiikota hunda gidduu jiru ilaalchisee hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa akka qabaatuuf kenname raawwatiinsa ni qabaata.

73. Iyyata Hiika Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatu Gaafachuuf Dhiyaatee Kufaa Taasisuu

- 1) Abbaan Taayitichaa hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu akka kennamuuf iyyata kaffalaa taaksii tokkoon dhiyaatu sababoota armaan gadii keessaa tokkoon kufaa taasisuu ni danda'a:
 - a) Abbaan Taayitichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti gaaffii iyyanni irratti dhiyaate irratti haalawwan armaan gadiitiin murtii irratti kennee yoo jiraate:
 - i) Beeksifni shallaggii taaksii kaffalaa taaksiitiif kennamee yoo jiraate;

- ii) Akkaataa Labsii kana keewwata 70 tiin hiikni kaffaltoota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu kenname hojii irra kan jiru yoo ta'e;
- iii) Hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu akkaataa Labsii kana keewwata 76 tiin marsariitii Abbaa Taayitichaa irratti bahee hojii irra oolaa kan jiru yoo ta'e.
- b) Iyyatichi dhimma kaffalaa taaksichaa ilaallatu oodiitii taaksii jala jiru waliin kan walitti dhufeenya qabu yoo ta'e, dhimma kaffalaan taaksii mormii irratti dhiyeesse waliin kan walitti dhufeenya qabu yookaan kaffalaan taaksichaa hanga taaksii ofii isaa shallage fooyyessuuf bu'uura Labsii kana keewwata 31 tiin iyyata dhiyaate waliin walitti hiidhamiinsa kan qabu yoo ta'e;
- c) Iyyatichi faayidaa kan hin qabne yookiin jeequmsa uumuuf kan dhiyaate yoo ta'e;
- d) Bittaa fi gurgurtaan iyyatichi irratti dhiyaate kan hin gaggeeffamne yoo ta'u yookaan bittaa fi gurgurtichi gaggeeffamuu akka hin dandeenye amanuuf kan dandeessisu sababni gahaan yoo jiraate;
- e) Kaffalaan taaksichaa odeeffannoo gahaa hiikicha kennuuf dandeessisu Abbaa Taayitichaatiif kan hin dhiyeessine yoo ta'e;
- f) Galteewwan iyyaticha fudhachuuf barbaachisanii fi dhimmoota Abbaan Taayitichaa rogummaa qabu jedhuu biroo ilaalcha keessa galchuudhaan ilaalcha Abbaa Taayitichaatiin iyyaticha fudhachuun sababaawaa kan hin taane yoo ta'e;
- g) Hiikicha kennuun raawwatiinsa tumaalee taaksiin ittiin dhokfamuu kan haammatu yoo ta'e.
- 2) Abbaan Taayitichaa bu'uura keewwata kanaatiin hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu akka kennamuuf iyyata dhiyaate kufaa taasisuuf murteessuu isaa kaffalaa taaksichaatiif barreeffamaan beeksisuu qaba.

74. Hiika Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatu Kennuu

- 1) Abbaan Taayitichaa hiika kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu yoo kennu kaffalaa taaksii iyyateef barreeffamaan beeksisuu kan qabu yoo ta'u, hiikni haala kanaan kennamu Labsii kana keewwata 76 jalatti dursee yoo ka'e malee yeroo hiikicha irratti ibsameef kan tajaajilu ta'a.
- 2) Abbaan Taayiticha dhimma fuulduratti uumamuuf yookaan miidhaa biroo rogummaa qabu yaada keessa galchuudhaan hiika kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu kennuu ni danda'a.
- 3) Hiikni kenname kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa akka qabaatuu fi gaaffii hiikichi itti kenname kan ibsuu qabu ta'ee dhimmoota armaan gadiis qabachuu qaba:
 - a) Kaffalaa taaksichaa;

- b) Seera taaksii hiikichaaf rogummaa qabu;
- c) Bara taaksii hiikichi itti raawwatamu;
- d) Bittaa fi gurgurtaa hiikichi ilaallatu;
- e) Yaadamoota hiikichi irratti hundaa’e.

4) Hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu dhimma iyyata dhiyaate irratti ibsame irratti yaada Abbaa Taayitichaa kan ibsu yoo ta’u raawwii labsii kanaa yookiin seera birootiif jecha murtii Abbaa Taayitichaa ta’ee hin fudhatamu.

75. Hiika Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatu Kaasuu

- 1) Abbaan Taayitichaa sababni gahaan yoo jiraatu hiika kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu kaffalaa taaksii ilaallatuuf beeksisa barreeffamaa kennuun guutumaa guutuutti yookaan gar-tokkeen kaasuu ni danda’a. Kun yoo ta’u hiikichi guyyaa beeksisicha irratti ibsame irraa eegalee akka ka’etti lakkaa’ama.
- 2) Hiika kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu waliin seerri walfaallessu yoo ba’e yookiin Abbaan Taayitichaa hiika haaraa kaffaloota taaksii hunda irraatti raawwatiinsa qabaatu yoo kenne hiikni duraanii kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu seerichaan yookiin hiika haaraa kenname kaffaloota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaatu waliin kan wal hin simne hanga ta’etti akka ka’etti lakkaa’ama.
- 3) Hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu ka’e:
 - a) Bittaa fi gurgurtaa kaffalaa taaksiin hiikichi osoo hin ka’in dura jalqabame irratti raawwatamuun isaa itti fufa;
 - b) Bittaa fi gurgurtaa kaffalaa taaksiin hiikichi erga ka’ee booda jalqabame irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

76. Hiikni Kaffalaa Taaksii Tokko Irratti Raawwatiinsa Qabaatu Kennamuu Isaa Ibsuu

- 1) Abbaan Taayitichaa Labsii kana keewwata 74 tiin hiika kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu kenne marsariitii isaa irratti baasuu qaba. Ta’us eenyummaa kaffalaa taaksii fi odeeffannoo daldalaa iccitaawaa kamiyyuu hiikichi ilaallatu hiikicha keessatti ibsame ifa taasisuu hin qabu.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, kaffalaan taaksii kamiyyuu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin hiika ifa ta’een kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu fayyadamuu kan danda’u yoo ta’u, Abbaan Taayitichaa ijoo dubbii hiikicha keessatti ibsameef raawwii seera taaksii rogummaa qabuu fi yeroo hiikichi ragga’ee itti turuutti hiika ifa taasifameen ni dirqisiifama.
- 3) Hiikni kaffalaa taaksii tokko irratti raawwatiinsa qabaatu bu’uura Labsii kana keewwata 75 tiin yoo ka’u Abbaan Taayitichaa guyyaa Labsii kana keewwata 75 irratti ibsame irraa

eegalee kan addaan citu ta'uu isaa beeksisa ibsu battalumatti marsariitii Abbaa Taayitichaa irratti ibsuu qaba.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Yaadota Biroo Abbaa Taayitichaa

77. Yaadoota Biroo Abbaa Taayitichaatiin Kennaman

Bu'uura Tumaalee kutaa kanaatiin hiikaawwan kennaman Abbaa Taayitichaa irratti dirqisiisaa kan ta'anii fi kaffalaa taaksii tokko yookiin kaffaltoota taaksii hunda irratti raawwatiinsa qabaaatan malee bu'aaleen maxxansaa Abbaa Taayitichatiin dhiyaatan yookiin haala biraatiin afaaniinis ta'ee barreeffamaan yaadoleen kennaman Abbaa Taayitichaa irratti dirqisiisaa hin ta'an.

Kutaa Kudha Lama

Wal Qunnamtiiwwan, Unkaaleefi Beeksisoota

78. Afaan Hojii

Abbaan Taayitichaa walquunnamtii Afaan Oromootiin hin taasifamne yookiin sanada Abbaa Taayitichaatiif hin dhiyaanneef beekamtii kennuu dhiisuu ni danda'a.

79. Unkaalee fi Beeksisoota

- 1) Unkaaleen, beeksisoonni taaksii, ibsawwan, gabateewwanii fi sanadootni biroo kamiyyuu Abbaa Taayitichaatiin mirkanaa'an yookaan maxxanfaman seerota taaksii ga'umsaan bulchuuf uunka Abbaan Taayitichaa murteesseen kan qophaa'an yoo ta'u, seerri taaksii haala biroottiin kan tume yoo ta'e malee sanadoota kana marsariitii Abbaa Taayitichaa irratti baasuun dirqisiisaa miti.
- 2) Abbaan Taayitichaa sanadoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman waajjiraalee Abbaa Taayitichaa yookaan iddoolee birootti yookiin poostaadhaan, mala elektrooniksiitiin yookiin mala Abbaan Taayitichaa murteessu biroottiin uummatni akka isaan argatu taasisuu qaba.

80. Uunka Mirkanaa'e

- 1) Beeksifni kaffalaa taaksiitiin dhiyaatu kamiyyuu, iyyatni, beeksifni, ibsi yookiin sanadni biroo akkaataa uunka qophaa'eetiin kan dhiyaate ta'ee kan lakkaa'amu sanadichi:
 - a) Bu'uura uunka akaakuu sanadichaatiif Abbaa Taayitichaatiin mirkanaa'een kan dhiyaate;
 - b) Sanada walitti dhufeenya qabu kamiyyuu dabalatee odeeffannoo uunkichi gaafatu kan qabatee; fi
 - c) Akkaataa uunkichi barbaaduun kan mallattaa'e yoo ta'edha.
- 2) Beeksifni kaffalaan taaksichaa Abbaa Taayitichaatiif dhiyeesse, iyyatni, beeksifni, ibsi yookiin sanadni biroon bu'uura uunka mirkanaa'eetiin kan hin dhiyaanne yoo ta'e,

Abbaan Taayitichaa sanadichi bu'uura uunka mirkanaa'eetiin kan hin dhiyaanne ta'uu isaa nama kanaaf battalumatti barreeffamaan beeksisuu qaba.

- 3) Sanadni tokko bu'uura sanada mirkanaa'eetiin kan hin dhiyaanne yoo ta'ellee, sanadichi bu'uura uunka mirkanaa'eetiin odeeffannoowwan barbaadaman baay'inaan uunka qabateen kan dhiyaate yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa sanada kana fudhachuu ni danda'a

81. Haalawwan Sanadootni Abbaa Taayitichaatiif Itti Dhiyaatan

- 1) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsameen akka dhiyeessuuf Abbaa Taayitichaatiin barreeffamaan kan hin hayyamamneef yoo ta'e malee, kaffalaan taaksii kamiyyuu akkaataa Labsii kana Keewwata 83 Keewwata Xiqqaa 2tiin beeksisaa taaksii Abbaa Taayitichaatiif dhiyeessuu qabu, iyyata, beeksisaa, ibsa yookiin sanada biroo mala eleetrooniksiitiin dhiyeessuu qaba.
- 2) Kaffalaan taaksii tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 raawwatiinsa irratti hin qabaanne beeksisaa taaksii, iyyata, beeksisaa, ibsa yookiin sanada biroo qaamaan yookaan poostaa idilee fayyadamuun Abbaa Taayitichaatiif ni dhiyeessa.

82. Beeksisoota Kennuu

- 1) Bu'uura Seera taaksiitiin kaffalaa taaksii tokkoof kan bahe beeksifni akka gahu taasifamu yookaan kennamu yookiin sanadni biroo kamiyyuu kaffalaa taaksichaatiif akkaataa armaan gadiitiin barreeffamaan qaqqabuunii qaba:
 - a) Kaffalaa taaksichaatiif yookaan bakka bu'aa taaksichaatiif yookiin bakka bu'aa taaksii heeyyamni kennameefiif qaamaan kennuudhaan yookaan sanada ergame namni fuudhu yoo dhabame, beeksisicha balbala mana daldalaa yookaan mana jireenyaa kaffalaa taaksichaa naaniicha keessatti argamu irratti yookaan iddoo biroo mijataa ta'e irratti maxxansuudhaan;
 - b) Iddoo daldalaa idilee yookaan mana daldalaa dhuma irratti beekamu yookaan mana jireenyaa kan kaffalaa taaksichaa naannicha keessatti argamutti xalayaa imaantiin erguudhaan;
 - c) Bu'uura Labsii kana Keewwata 83 Keewwata Xiqqaa 3 tiin mala eleetrooniksiitiin kaffalaa taaksichaatiif dabarsuun.
- 2) Maloota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman fayyadamuun beeksisicha qaqqabsiisuun kan hin dandaa'amne yoo ta'e, baasiin maxxansichaa kaffalaa taaksichaatiin kan haguugamu ta'ee gaazeexaa beeksifni mana murtii irratti bahuun beeksisicha baasuudhaan beeksisichi akka gahu taasisuun ni danda'ama.
- 3) Kafalaan taaksii kamiyyuu bu'uura seera taaksiitiin akkaataa beeksisaa yookaan sanada biroo gaheenitiin hojii irraa barbaadamu guutummaan yookiin gar-tokkeen erga

raawwatee booda seerummaa karaa beeksisichi yookiin sanadni biroon akka isa gahu itti taasifame irratti mormiin dhiyaachuu hin danda’u.

83. Sirna Taaksii Eleektroonikii Hojii Irra Oolchuu

- 1) Labsii kana keessatti haala birootiin keewwatni tumamu jiraatus, Abbaan Taayitichaa hojiiwwan armaan gadii karaa sirna kompiiwutaraatiin yookaan meeshaa eleektiroonikii socho’u birootiin mala elektiroonikiitiin akka raawwataman hayyamu ni danda’a.
 - a) Akkaataa seera taaksiitiin galmaa’uuf yookaan Waraqaa eenyummeessa taaksii argachuuf iyyata dhiyeessuuf;
 - b) Akkaataa seera taaksiitiin beeksisaa taaksii yookaan sanada biroo dhiyeessuuf;
 - c) Akkaataa seera taaksiitiin taaksii yookaan kaffaltii biroo raawwachuuf;
 - d) Akkaataa seera taaksiitiin kaffaltii taaksii deebi’u raawwachuuf;
 - e) Sanada kamiyyuu Abbaan Taayitichaa dabarsu erguuf;
 - f) Akkaataa seera taaksiitiin raawwatamuu kan qabu yookaan gocha biraa kamiyyuu yookaan dhimma akka raawwatamuuf hayyamame raawwachuuf.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Abbaan Taayitichaa hojii kamiyyuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame sirna kompuuwutaraa yookaan meeshaa elektiroonikii socho’u birootti fayyadamuun mala elektroonikiitiin akka raawwatuuf kaffalaa taaksii ajajuu ni danda’a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Abbaan Taayitichaa hojii kamiyyuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame sirna kompiiwutaraa yookaan meeshaa eleektirooniksii socho’u biroo fayyadamuun mala eleektiroonikiitiin raawwachuu ni danda’a.
- 4) Kaffalaan taaksii mala eleektiroonikiitiin walquunnamtiiwwan fudhachuuf yookaan taasisuuf humna dandeessisu akka hin qabne Abbaan Taayitichaa yoo amane kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 jalatti tumame raawwatiinsa hin qabaatu.
- 5) Kaffalaan taaksii mala eleektiroonikiitiin beeksisaa taaksii dhiyeessuu fi taaksii kaffalu kamiyyuu hojiiwwan kana raawwachuuf mala birootiin akka fayyadamu Abbaan Taayitichaa yoo hayyameef malee maluma kanaan itti fufuu qaba.

84. Yeroo Sanadni Itti Dhiyeeffamu Yookaan Taaksiin Itti Kaffalamu

- 1) Guyyaa beeksifni taaksii, iyyatni, beeksifni, ibsi yookaan sanadni biroon itti dhiyaatu.
- 2) Guyyaa taaksiin itti kaffalamu yookiin
- 3) Bu’uura seera taaksiitiin guyyaa tarkaanfiin biroo kamiyyuu itti fudhatamu, Sanbata, Dilbata yookaan guyyaa ayyaana uummata Itoophiyaa irra yoo oole guyyaan sanadichi itti dhiyaatu, kaffaltiin itti raawwatamu yookaan akkaataa seera taaksiitiin guyyaa tarkaanfiin kamiyyuu itti fudhatamu guyyaa hojii itti aanu ta’a.

85. Hir'ina Beeksisa Fudhatama Hin Dhabsiifne

1) Keewwatni kun raawwatiinsa kan qabaatu:

- a) Bu'uura seera taaksiitiin beeksisni shallaggii taaksii qophaa'e yookaan sanadni biroon kaffalaa taaksichaatiif kan kenname yoo ta'e;
- b) Beeksifni kenname qabiyyee isaa fi bu'aa isaatiin kaayyoo seera taaksii beeksisichi bu'uura godhate waliin kan walsimuu fi waliigalu yoo ta'ee; fi
- c) Kaffalaa taaksii shallaggiin taaksichaa ilaallatuun, ni ilaallataan jedhamee yaadamu yookaan beeksisichi ilaallatuun kaayyoo fi hubanoo waliinii beeksisicha keessatti ibsame bu'uura kan godhate yoo ta'edha.

2) Yeroo keewwatni kun raawwatamutti:

- a) Beeksisa shallaggii taaksii yookaan sanada biroo kaffalaa taaksichaatiif sirnaan akka qaqqabu hanga taasifametti tumaaleen seera taaksii beeksisichaaf bu'uura ta'e kamiyyuu hin eegamne jechuun beeksisicha fudhatama dhabsiisuu;
- b) Foormiin beeksisa shallaggii taaksichaa yookaan sanada biroo kamiyyuu hin guutamne jechuun kufaa taasisuu yookaan akka hin kennamnetti lakkaa'uu yookaan akka hin kennamnetti akka lakkaa'amu taasisuu; yookiin
- c) Beeksisa shallaggii taaksichaa yookiin sanada biroo kamiyyuu irratti sababa dogongora, balleessaa yookaan hanqina mul'atuutiin fudhatama dhabsiisuun hin dandaa'amu.

3) Dogoggorichi yookaan garaagarummichi kaffalaa taaksii beeksifni shallaggii taaksii kennameef kan dogongorsu hanga hin taanetti beeksifni shallaggii taaksichaa sababoota armaan gadiitiin fudhatama dhabuu hin danda'u:

- a) Sababa dogoggora maqaa kaffalaa taaksii beeksisa shallaggii taaksichaa keessatti ibsamee, hanga galii yookaan maallaqa ibsamee yookaan hanga taaksii akka kaffalamu gaafatameetiin;
- b) Sababa garaagarummaa shallaggii taaksii qophaa'ee fi beeksisa shallaggii taaksii kaffalaa taaksichaatiif kenname gidduutti mul'atuutiin.

86. Dogoggoroota Sirreessuu

Abbaan Taayitichaa beeksisa Shallaggii taaksii yookaan sanada biroo bu'uura seera taaksiitiin kaffalaa taaksichaatiif kenne dogoggoroota barreeffamaa, shallaggii herregaa yookiin dogoggora biroo kamiyyuu taateewwan dhimmichaa irratti gaaffii hiikaa kan hin kaasifne yoo kan of-keessatti qabate yoo ta'utti, Abbaan Taayitichaa dogongoricha sirreessuuf jecha beeksisa shallaggii taaksichaa yookaan sanada biroo guyyaa beeksifni shallaggii taaksichaa yookaan sanadichi kaffalaa taaksichaatiif itti kenname irraa eegalee waggoota jiran shanan keessatti fooyyessuu ni danda'a.

Kutaa Kudha Sadii

Boordii Ol'iiyannoo Taaksii

87. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Boordii Ol'iiyannoo Taaksii

- 1) Murtiiwwan ol'iiyatni taaksii irratti fudhatamu irratti Boordii Ol'iiyannoo Taaksii kanaan booda « **Boordii** » jedhamee waamamu ol'iiyata dhagahu sadarkaa Naannoo, Godina, Magaalotaa fi Aanaa irratti Labsii kanaan hundeeffameera.
- 2) Walitti qabaan Boordii sadarkaa Naannootti Pireezidaantii Naannichaatiin, sadarkaa Godinaatti bulchaa godinaatiin, sadarkaa Magaalaatti Kantiibaa magaalaatiin, sadarkaa Aanaatti bulchaa aanaatiin kan muudamu ta'a.
- 3) Itti waamamni Boordii sadarkaa Naannootti Pireezidaantii Naannichaatiif, sadarkaa Godinaatti bulchaa godinaatiif, sadarkaa Magaalaatti Kantiibaa magaalaatiif, fi sadarkaa Aanaatti bulchaa aanaatiif ta'a.

88. Muudama Miseensota Boordii

- 1) Pireezidaantii Naannichaa, bulchaan godinaa, Kantiibaana magaalaa, fi bulchaan aanaa fedhii Boordichaa tilmaama keessa galchuun miseensota barbaachisoo ta'an Boordichaaf ni muuda. Tarreeffamni isaa Dambiin kan murtaa'u ta'a.
- 2) Keewwata kana Keewwatni Xiqqaa 3 akkuma eegametti ta'ee, namni ulaagaalee armaan gadii keessaa tokko guutu miseensa Boordichaa ta'ee muudamuu ni danda'a :
 - a) Ogeessa seeraa dhimmoota taaksii yookiin daldalaa irratti muuxannoo bal'aa qabu;
 - b) Nama dhimmoota taaksii irratti muuxannoo bal'aa qabuu
 - c) Nama kana dura hojjetaa taaksii turee fi dhimmoota taaksii irratti muuxannoo teeknikaa fi bulchiinsaa bal'aa qabu;
 - d) Beekumsa, muuxannoo yookiin ogummaa addaa hojiiwwan Boordichaa waliin rogummaa qabu nama qabu;
- 3) Namoonni armaan gadii miseensa Boordichaa ta'anii hin muudaman:
 - a) Nama hojjetaa taaksii ta'ee tajaajilaa jiru yookiin nama hojjetaa taaksii ta'uu erga dhiisee waggaa lama hin guutne;
 - b) Taaksii waliin dhahuu yookiin dhoksuu waliin wal qabatee bu'uura seera taaksiitiin nama adabbiin itti kenname yookiin yakkaan balleessaa jedhame ;
 - c) Bu'uura Labsii Yakkoota Malaammaltummaa yookiin seera birootiin nama yakka malaammaltummaatiin balleessaa jedhame;
 - d) Iidaa isaa kan hin kaffalle nama kasaare.
- 4) Barri hojii miseensa Boordichaa tokko waggaa 3 (sadii) ta'ee bara hojii biroof akka tajaajilu irra deebiin muudamuu ni danda'a.
- 5) Muudamni miseensa Boordii tokkoo kan addaan citu :

- a) Qaxarriin yookiin haala birootiin hojjetaa taaksii ta'ee tajaajiluu yoo eegalu;
- b) Taaksii waliin dhahuu yookiin dhoksuu waliin wal qabatee bu'uura seera taaksiitiin yoo adabbiin itti kenname yookiin balleessaa jedhame ;
- c) Bu'uura Labsii Yakkoota Malaammaltummaa yookiin seera birootiin yakka malaammaltummaatiin yoo balleessaa jedhame;
- d) Kasaaree idaa isaa kan hin kaffalle yoo ta'e ;
- e) Gaaffii barreeffamaa hojii gadidhiisuu qaama isa muudeef dhiyessee hojii isaa yoo gadidhiise ;
- f) Barri hojii isaa yoo xumuramee fi irra deebiin hin muudamne ta'e ; yookiin
- g) Hojii Boordichaa hojjechuu dadhabuu isaatiin yookiin sababa hir'ina naamusaa mirkanaa'eetiin qaama isa muudeen barreeffamaan hojii isaa irraa yoo ka'u ;
- 6) Miseensi Boordichaa kamiyyuu bu'uura Kutaa kanaatiin dirqama isaa bahachuuf sababa gocha raawwateen yookiin raawwachuu dhabuutiin himanni kamiyyuu isa irratti dhiyaachuu hin danda'u.

89. Iyyata Ol'iyyannoo

- 1) Murtii ol'iyyatni irratti dhiyaatu irratti namni ol'iyyata dhiyeessuu barbaadu, beeksisni murtichaa erga isa gahee guyyoota 30 (soddoma) keessatti uunkaa mirkanaa'e fayyadamuun murticha irratti iyyata ol'iyyannoo Boordichaaf dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Iyyatni ol'iyyannichaa ibsa sababa ol'iyyannichi itti dhiyaateef agarsiisu qabachuu qaba.
- 3) Boordichi iyyatni barreeffamaa yoo dhiyaatuufii fi sababni quubsaan jiraachuu isaa yoo amanu yeroo ol'iyyatni itti dhiyaatu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame dheeressuu ni danda'a.
- 4) Iyyatni yeroo ol'iyyatni itti dhiyaatu akka dheeratuuf dhiyaatu sirna itti keessummeeffamu dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 5) Kaayyoo Keewwata kanaatiif « uunkaa mirkanaa'e » jechuun uunkaa iyyata ol'iyyannoo Boordiidhaan mirkanaa'e jechuudha.

90. Boordichaaf Aangoo Sanadoota Dhiyeessuu

- 1) Abbaan Taayitichaa beeksisni ol'iyyatichaa erga isa gahee guyyoota 30 (soddoma) keessatti yookiin yeroo dabalataa Boordichi eeyyame keessatti:
 - a) Garagalacha murtii ol'iyyatni itti gaafatame iyyatni ol'iyyannoo irratti dhiyaatee;
 - b) Murtii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) tiin ibsame ol'iyyatni itti gaafatame irratti kan hin ibsamne ibsa murtichaatiif sababa ta'e ;
 - c) Murticha ol'iyyannoon ilaaluuf sanada biroo kamiyyuu Boordichaaf barbaachisu; Boordichaaf dhiyeessuu qaba.

- 2) Boordichi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(b) tiin ibsi sababoota murtichaa dhiyaate quubsaa ta'uusaa yoo arguu baate, ibsa dabalataa sababoota murtichaa ibsan beeksisicha keessatti yeroo ibsametti akka dhiyeessu beeksisaa barreeffamaatiin Abbaa Taayitichaa ajajuu danda'a.
- 3) Boordichi murtii ol'iyyannichaatiif sanadoota biroo ilaaluun barbaachisaadha jedhee yoo amanu, sanadoota kana beeksisicha keessatti yeroo ibsametti akka dhiyeessu beeksisaa barreeffamaatiin Abbaa Taayitichaa ajajuu ni danda'a.
- 4) Abbaan Taayitichaa bu'uura Keewwata kanaatiin waraabbii ibsaa yookin sanadaa kamiyyuu Boordichaaf dhiyeessee ol'iyyataatiif kennuu qaba.

91. Sirna Hojimaata Boordichaa

- 1) Walitti qabaan Boordichaa dhaddachoota Boordichaa keessaa miseensa tokkoo ta'ee tajaajila. Ijoo dubbiiwwan ol'iyyaannoon ka'an tilmaama keessa galchuun akka barbaachisummaa isaatti ol'iyyaticha dhagahuuf miseensota ni ramada.
- 2) Hojimaatni Boordichaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Miseensi Boordichaa kamiyyuu dhimma kamiyyuu ilaalu gocha miseensummaa isaatiin raawwatu waliin kan walitti bu'uu danda'u faayidaan akaakuu, maallaqaa yookiin kan biroon yoo jiraate, faayidaa kana walitti qabaa Boordichaatiif beeksisuu kan qabu yoo ta'u, walitti qabaan Boordichaas faayidaa kana galmeessuun miseensichi ol'iyyannoo dhagahuu keessatti akka hin hirmaanne ni taasisa.

92. Murtii Boordichaa

- 1) Boordichi ol'iyyata dhiyaateef akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 yookiin 7tiin tumameen dhagahee murtii ni kenna.
- 2) Boordichi iyyatni ol'iyyannoo guyyaa dhiyaateefiitti aanee guyyoota 120 (dhibbaa fi digdama) jiran keessatti ol'iyyata dhiyaate irratti murtii ni kenna.
- 3) Walitti qabaan Boordichaa walxaxiinsa dhimmichaa tilmaama keessa galchuunii fi kenniinsa haqaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame beeksisaa barreeffamaa garee wal falmitootaatiif kennuun yeroo murtiin ol'iyyataa itti kennamu guyyoota 60 (jaatama) yeroo hin caalleef dheeressuu ni danda'a.
- 4) Boordichi daangaa yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 yookiin 3 jalatti ibsame kabajuu dhabuun isaa murtii Boordichi kenne fudhatama dhabsiisuu hin danda'u.
- 5) Ol'iyyatni dhiyaate shallaggii taaksii kan ilaallatu yoo ta'e, Boordichi:
 - a) Hanga maallaqaa shallaggii taaksichaan murtaa'ee cimsuu, hir'isuu yookiin shallaggicha akkaataa birootiin fooyyessuu ; yookiin
 - b) Bu'uura qajeelfama kennuutiin irra deebi'ee akka ilaaluuf shallaggii taaksichaa Abbaa Taayitichaatiif deebisuu ni danda'a.

- 6) Boordichi ol'iiyata shallaggii taaksii irratti dhiyaate qorachuun shallaggiin taaksichaa dabalamuu qaba amantaa jedhu yoo qabaatu ; Boordichi beeksisa shallaggii taaksichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 (b) tiin Abbaa Taayitichaatiif deebisee ni erga.
- 7) Ol'iiyyatni dhiyaate murtii biroo ol'iiyyannoo irratti dhiyaatu kan ilaallatu yoo ta'e, Boordichi murticha cimsuu, fooyyessuu yookiin diiguu yookiin bu'uura qajeelfama Boordichi kennuutiin irra deebi'ee akka ilaalu Abbaa Taayitichaatiif deebisee erguu ni danda'a.
- 8) Boordichi garagalcha murtichaa guyyaa murtichi kennamee eegalee guyyoota 7 (torba) jiran keessatti tokko tokkoo garee wal falmaniif ni kenna.
- 9) Murtiin Boordichi kennu sababoota murtichi irratti bu'uureffate, qorannoo dhimmoota ijoo dubbii bu'uura ta'aniitiin bu'aa argamee fi ragaa murtichaaf bu'uura ta'e yookiin dhimma biroo murtichaaf bu'uura ta'e hammachiisuu qaba.
- 10) Murtiin Boordichi ol'iiyata dhiyaateefii irratti kennu guyyaa murtichi kennamee yookiin guyyaa biroo boordichi beeksisa murtichaa keessatti ibse irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.
- 11) Boordichi kaffalaa taaksii ol'iiyata dhiyeesseetiif kan murteesse yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa murtii kana raawwachiisuuf beeksisa shallaggii taaksii fooyya'e kennuu dabalatee akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 8 tiin beeksisni murtii erga isa qaqqabee guyyaa 30 keessatti tarkaanfiilee barbaachisaa ta'an hundaa fudhachuu qaba.

93. Bulchiinsa Boordichaa

Walitti qabaan Boordichaa dhimmoota bulchiinsaa Boordichaa ittigaafatamummaan ni gaggeessa.

94. Gabaasa Waggaa Boordichaa

- 1) Walitti qabaan Boordichaa tokkoon tokkoo bara baajataatiif gabaasa dhimmoota Boordichaa ilaallatan ni qopheessa.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin gabaasni bara baajataatiif qophaa'e barri baajataichaa erga xumuramee booda yeroo baatii 3 keessatti qaama Boordichi itti waamamuuf ni dhiyaata.

Kutaa Kudha Afur

Bakka Bu'oota Taaksii Heyyamni Kennamuufii Qabuuf Heeyyama Kennuu

95. Heeyyama Bakka Bu'ummaa Taaksi Argachuuf Iyyata Dhiyaatu

- 1) Namni dhuunfaa kamiyyuu tajaajila bakka bu'ummaa taaksii kennuu barbaadu waldaan sharikaa yookiin Kubbaaniyyaa heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii akka kennamuuf uunkaa mirkana'e fayyadamuun Abbaa Taayitichatti iyyachuu danda'a.

2) Kaayyoo kutaa kanaatiif “**tajaajila bakka bu’ummaa taaksii** “ jechuun.

- a) Kaffalaa taaksii bakka bu’uun beeksisa taaksii qopheessu;
- b) Kaffalaa taaksii bakka bu’uun beeksisa komii qopheessu;
- c) Raawwii seerota taaksii ilaalchisee kaffalaa taaksitiif gorsa kennuu;
- d) Abbaa Taayitaa waliin dhimmoota jiraniif kaffalaa taaksii bakka bu’uu;
- e) Kaffalaa taaksii bakka bu’uun Abbaa Taayitaa waliin walitti dhufeenya hojii biroo kamiyyuu gochuu.

96. Bakka Bu’oota Taaksitiif Heeyyama Kennuu

- 1) Abbaan Taayitaa Labsii kana keewwata 95 tiin eeyyama bakka bu’ummaa taaksii akka kennamuuf namni dhuunfaa iyyate tajaajila bakka bu’ummaa taaksii kennuuf nama gahumsa qabu ta’uu yoo mirkaneeffate heeyyama bakka bu’ummaa taaksii ni kennaaf.
- 2) Abbaan Taayitichaa Labsii kana keewwata 95 tiin heeyyama bakka bu’ummaa taaksii akka kennamu waldaa sharikaa iyyate:
 - a) Miseensi waldaa sharikaa keessa jiru yookiin qaxaramaan tajaajila bakka bu’ummaa taaksii kennuuf gahaa ta’uu; fi
 - b) Tokkoon Tokkoo miseensa Waldaa Sharikaa amala gaarii fi naamusaa kan qaban ta’uu yoo mirkaneeffate bakka bu’ummaa eeyyama taaksii ni kenna.
- 3) Abbaan Taayitaa akkaataa Labsii kana keewwata 95 tiin heeyyama bakka bu’ummaa taaksii akka kennamu kubaaniyyaa iyyate.
 - a) Qaxaramaan Kubbaaniyyaa tajaajila bakk bu’ummaa taaksii kennameef kennuuf gaha tahuun;
 - b) Tokkoon tokkoo daayirektarri kubbaaniyyaa, hojii gaggeessaa fi raawwataa hojii biroo Abbaan Taayitichaa amala gaarii fi naamusa kan qabu ta’uu yoo mirkaneessu bakka bu’ummaa eeyyama taaksii ni kenna.
- 4) Dambiin bu’uura labsii kanaatiin ba’u bakka bu’ummaa taaksii kennameefiitiin tajaajila kennuuf namni iyyatu gahumsa kan qabu ta’uu isaa murteessuuf kan gargaaran ulaagaalee akka agarsiiftuutti gargaaran ni tuma.
- 5) Abbaan Taayitichaa iyyataa Labsii kana keewwata 97 jalatti caqasameef murticha barreeffamaan ni beeksisa.
- 6) Heeyyamni bakka bu’ummaa guyyaa kennamee calqabee waggaa sadiif kan turu yoo ta’u akkaataa Labsii kana Keewwata 97 tiin haareffamuu danda’a.
- 7) Abbaan Taayitichaa tarree namoota bakka bu’ummaa taaksii kenneefii karaa mijataa ta’een yeroo yeroon ifa gochuu ni danda’a.

- 8) Bakka bu'ummaan heeyyama taaksii heeyyama ogummaa ta'uu isaatiin heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii namni kennameef heeyyamni hojii daldaalaa kennameef yoo ta'e hojichi kan hojjatamu bakka bu'ummaa taaksitiin qofa.

97. Heeyyama Bakka Bu'ummaa Taaksii Haaromsuu

- 1) Namni bakka bu'ummaan taaksii heeyyamni kennameef heeyyamichi akka haaromfaamuuf Abbaa Taayitichaatti iyyachuu qaba.
- 2) Iyyanni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin dhiiyatu:
 - a) Bu'uura uunka mirkanaa'e; fi
 - b) Yeroon tajaajilaa heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii kennameef xummuramee guyyaa 21 keessatti yookiin yeroo kana irra dheeratu Abbaan Taayitichaa heeyyamu keessatti dhiyeesutu irraa eegama.
- 3) Namni heeyyama bakka bu'ummaa taaksii kennameef haaldureewwan Labsii kana keewwata 96 jalatti ibsaman guutee hanga itti fufetti keewwata kana keewwata Xiqqaa 1tiin nama heeyyamichi akka haaromsamuuf iyyateef Abbaan Taayitaa heeyyama bakka bu'ummaa taaksii heeyyamni kennameef ni haaromsaaf.
- 4) Heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii heeyyamni guyyaa haaromfamee eegalee waggaa sadiif kan turu yoo ta'u bu'ura labsii kanaatiin guyyaa dabalataatiif haaromsamuu ni danda'a.
- 5) Abbaan Taayitaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin heeyyamni akkaa haaromsamuuf qaamni gaafate iyyata irratti murtee kenname barreeffamaan beeksisa.

98. Daangaa Tajaajiloota Bakka Bu'ummaa Taaksii heeyyamni Kennameef Irra Jiru

- 1) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 akkuma eegametti ta'ee nama heeyyamni bakka bu'ummaan taaksii kennameefiin ala namni kamiyyuu kaffaltiin tajaajila bakka bu'ummaa taaksii kennuu hin danda'u.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 Labsii kana keewwata 95 Keewwata Xiqqaa 2(a)tiin hiikaa tajaajila bakka bu'ummaa taaksii heeyyamni kennameefiif kennameen tajaajilota hammatamaniin alatti deemsa tajaajila ogummaa idilee isaatiin tajaajila bakka bu'ummaa taaksii heeyyamni kennameefiitiin kennu nama heeyyama abukaatummaa qabu irratti raawwatinsa hin qabaatu.

99. Heeyyama Bakka Bu'ummaa Taaksii Haquu.

- 1) Namni heeyyamni bakka bu'ummaa kennameef hojii bakka bu'ummaa taaksii addaan kutuuf barbaade hojichi dhaabachuun dura guyyaa torba keessatti Abbaa Taayitaa barreeffamaan beeksisuu qaba.

- 2) Namni heeyyama bakka bu'ummaa taaksii kennameef itti fufinsaan bakka bu'ummaa taaksitiin hojjachuu yoo hin barbaanne heeyyama bakka bu'umaa taaksii akka haqamuuf Abbaa Taayitichaa barreeffamaan gaafachuu qaba.
- 3) Abbaan Taayitaa kan armaan gadii keessaa sababa tokkoon heeyyama bakka bu'ummaa taaksii haquu qaba:
 - a) Bakka bu'aan taaksii haala Abbaa Taayitaa amansisuun ta'uu kan danda'e heeyyama isaatiin yookiin sababa of-eeggannoo gochuu dhabuun akka hin taane yoo mirkaneesse malee beeksisa taaksii bakka bu'aa taaksii heeyyama kennameefitiin dhiyaate haala kaminuu soba ta'ee yoo argame;
 - b) Namni bakka bu'ummaan taaksii heeyyamni kennameef heeyyama argachuuf ulaagawwan gahaa ta'an qabatee itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin Abbaan Taayitaa bakka bu'aan taaksii hir'ina naamusa ogummaa agarsiisera jedhee yoo itti amane;
 - c) Bakka bu'aan taaksii hojii bakka bu'ummaa taaksii yoo dhaabe; akkasuma bakka bu'aan taaksii Kubbaaniyaa yookiin waldaa sharikaa yoo ta'uu; jiraachuun kubbaanichaa yookiin waldaan sharikaa yoo dhabatu;
 - d) Namni heeyyamni bakka bu'uma taaksii kennameef heeyyamichi akka haqamu bu'ura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin iyyata yoo dhiyeessu ;
 - e) Yeroon Tajaajilla heeyyama bakka bu'ummaa taaksii xummuramuu fi heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii akka haareffamuf akkaataa labsii kana keewwata 96 iyyata osoo hin dhiyeessiin yoo hafe.
- 4) Abbaan Taayitaa heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii kan haqame ta'uu beeksisa barreeffamaa bakka bu'aa taaksitiif kennuu qaba.
- 5) Heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii haquun kan mirkanaa'u:
 - a) Bakka bu'aan taaksii hojii bakka bu'ummaa taaksii hojjachuu guyyaa dhaabe; yookiin
 - b) Beeksisa heeyyamni isaa kan haqame ta'uu ibsu bakka bu'aa taaksii heeyyamni kennameetiif erga kennamee guyyoota 60 booda.
- 6) Seera taaksii biroo kamiiniyyuu haala addaatiin kan tumame jiraatus; Abbaan Taayitaa eeyyama bakka bu'ummaa taaksii namni kennameef kamiyyuu naamusa ogummaa darbuun raawwateera jedhee yoo amane darbinsa naamusa ogummaa kana nama heeyyamni bakka bu'umaa taaksii kennameef eeyyama daldaalaa kennuuf Abbaan Taayitaa Itti gaafatamummaa qabuuf gabaasa ni taasisa.

Kutaa Kudha Shan
Adabbiiwwan Bulchiinsaa FI Yakkaa FI Badhaasawwan
Kutaa Xiqqaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

100. Adabbiiwwan Bulchiinsa fi Itti gaafatamummaa Yakkaa Tumaawwan Waliigalaa Ilaallatu

- 1) Gochaa tokko raawaachuuf yookiin raawwachuu dhabuun adabbii bulchiinsaa fi itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsisu yeroo ta'utti namni badicha raawwate adabbii bulchiinsaa adabamuun itti gaafatamummaa yakkaa hin hambisu.
- 2) Kaffalaan taaksii kamiyyuu adabbiin bulchiinsaa kan irratti darbe fi yookiin himanni yakkaa kan irratti dhiyaate dirqama taaksii kaffaluu hin hambisu.

Kutaa Xiqqaa Lama
Adabbiiwwan Bulchiinsaa

101. Adabbiiwwan Galmeessaa Fi Haqinsa Waliin Wal qabatan

- 1) Adabbiiwwan bulchiinsaa biroon Labsii kanaan ibsaman akkuma eegamanitti ta'ee; namni kamiyyuu taaksii kaffaluuf galmaa'uu osoo qabuu kan hin galmoofne yoo ta'e, guyyaa galmaa'uun irra tureeirraa eegalee hanga yeroo galmeedhaaf iyyateetti yookiin hanga yeroo kaka'umsa Abbaa Taayitichaatiin galmaa'etti guyyaa jiru keessatti taaksii kaffaluu qabu % 25 adabbii ni kaffala.
- 2) Kaffalaan Taaksii taaksii akkataa keewwata kana keewwata Xiqqaa 1tiin kaffalu kan irra hin jirre yoo ta'e guyyaa galmaa'uun irraa jirurraa eegalee hanga guyyaa galmaa'eetti tokkoon tokkoo ji'a jiruuf yookiin guyyaa walakkaa ji'aatiif yoo ta'e adabbii qarshii 1,000.00(kuma tokko)ni kaffala.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin adabbiin bu'u keewwata kana keewwata Xiqqaa 2tiin adabbii bu'uu gadi yoo ta'e keewwanni kun keewwanni xiqqaan 2 raawwatinsa ni qabata.
- 4) Namni kamiyyuu bu'ura Labsii kana keessatti tumameen sababa gahaa tokko malee galmeen akka haqamuuf kan iyyate yoo ta'e galmeen akka haqamuuf iyyachuun guyyaa irra jiraatuu eegalee galmeen akka haqamuuf haga guyyaa ibsameetti yookiin kaka'umsa Abbaa Taayitaatiin galmeen haga guyyaa haqameetti tokkoon tokkoo ji'aa yookiin guyyaa walakkaa ji'aa ta'eef qarshii 1,000.00(kuma tokko)adabbii ni kaffala.

102. Adabbii Sanada Qabachuun Dhabuun Kennamu

- 1) Tumaan Keewwata kanaa keewwata Xiqqaa 2 akkuma eegametti ta'ee; bu'ura seera taaksitiin sanada qabachuun irraa eegamu kamiyyuu kaffalaan taaksii bu'ura seera

taaksiitiin bara taaksii sanada qabachuun irra jiratun taaksii kaffaluun irra jiraatu 20%(dhibbeentaa digdama) adabbii ni kaffala.

- 2) Kaffalaan taaksii bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin sanada qabachuun irra jiraatu yoo hin qabanne bara sanadicha qabachuun irra jiru taaksiin kaffalu kan hin jirre yoo ta'e:
 - a) Gibira galiitiif yoo ta'e kaffalaan taaksii sanada herregaa bara taaksii tokkoon tokkoo hin qabanneef qarshii 20,000.00 (kuma digdama); yookiin
 - b) Taaksii kan biroo kamiyyuu yoo ta'e Kaffalaan taaksii sanada herregaa bara taaksii hin qabanneef qarshii 2,000.00 (kuma lama) adabbii ni kaffala.
- 3) Bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin adabbiin bu'u akkaataa Keewwata kana Keewwata xiqqaa 2tiin adabbii bu'ura kan xiqqaatu yoo ta'e keewwanni kun keewwanni xiqqaan 2 raawwatinsa qabaata.
- 4) Keewwata kana Keewwanni Xiqqaan 1,2 fi 3 akkuma eegametti ta'ee kaffalaan taaksii kamiyyuu waggaa lamaa oliif sanada herregaa yoo hin qabanne qaamni kaffalaa taaksitiif eeyyama daldaalaa kenne beeksisa Abbaa Taayitaa irraa kennamuun heeyyama daldaalaa kaffalaa taaksii ni haqa.
- 5) Kaffalaan taaksii sadarkaa "A" yeroo Labsii kana keewwata 19 Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsameef sanadoota osoo hin qabatiin yoo hafe adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantama) ni kaffala.
- 6) Kaffalaan taaksii sadarkaa "B" Labsii Gibira Galii keewwata 34 keewwata xiqqaa 4 tiin waggaa 2'f (lamaaf) sanadoota osoo hin qabatiin yoo hafe qarshii 20,000.00(kuma digdama) adabbii ni kaffala.

103. Adabbii Lakkoofsa Eenyummeessaa Kaffalaa Taaksii Waliin Wal Qabate

- 1) Bu'uura seera taaksii irratti tumameen kaffalaan taaksichaa lakkoofsa eenyummeessaa isaa nagahee taaksii irratti, yaadannoo deebiitii yookiin kireediitii taaksii irratti, beeksisa taaksii irratti yookiin kaffalaan taaksii sanada biroo kamiyyuu irratti osoo hin ibsiin yoo hafe tokkoo tokkoo sanada lakkoofsi eenyummeessaa kaffala taaksii hin ibsamne irratti adabbii qarshii 3,000.00 (kuma sadii) ni kaffala.
- 2) Haalli Labsiin kun Keewwatni 16 Keewwatni Xiqqaan 6 irratti raawwatiinsa qabaatu yoo jiraate malee, kaffalaan taaksii kamiyyuu:
 - a) Lakkoofsa eenyummeessaa taaksii isaa namni biroo akka ittii fayyadamu kan kenne yoo ta'e; yookiin
 - b) Lakkoofsa eenyummeessaa taaksii nama biroo kan fayyadame yoo ta'e; adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.

- 3) Sababa gochoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(a) yookiin (b) jalatti caqasamaniin faayidaan maallaqaa kaffalaan taaksichaa yookiin namni biroo argate qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) kan caalu yoo ta'e, hanga adabbii maallaqaa kaffalu faayidaa argate waliin wal qixa ta'a.

104. Beeksisa Taaksii Tursiisanii Dhiyeessuun Adabbii Hordofsiisu

- 1) Kaffalaan taaksii yeroo seeraan murtaa'e keessatti dirqama isaa hin bane tokkoon tokkoo yeroo taaksii tureef yookiin yeroo gar-tokkee ta'eef taaksii hin kaffalamne adabbii %5 (dhibbeentaa shan) hanga %25 (dhibbeentaa digdamii shan) guututti ni kaffala.
- 2) Namni yeroo herrega jalqabaa yookiin gar-tokkee ta'eef beeksisa taaksii hin dhiyeessine akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen adabbiin kaffalu qarshii 50,000.00 (kuma shantama) caaluu hin qabu.
- 3) Raawwii keewwata kanaatiif jecha taaksii hin kaffalamne kan jedhamu garaagarummaa beeksisa taaksii irratti mul'achuu qabuu fi taaksii guyya taaksichi kaffalamuu qabu gidduu jirudha.
- 4) Adabbii haala kamiiniyyuu buufamu kanneen armaan gaditti ibsaman keessaa isa xiqqaadhaa gadi ta'uu hin qabu:
 - a) Qarshii 10,000.00 (kuma kudhan);
 - b) Hanga taaksii beeksisa taaksii irratti mul'achuu qabuu %100 (dhibbeentaa dhibba).
- 5) Kan Keewwata kanaan ibsame jiraatus, kaffalaan taaksichaa taaksiin yeroo taaksichaatti kaffalu kan hin jirre yoo ta'e, beeksisa taaksii osoo hin dhiyeessiin tokkoon tokkoo yeroo taaksii tureetiif adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.

105. Taaksiin Turee Kaffalamu Adabbii Hordofsiisu

- 1) kaffalaan taaksii kamiyyuu yeroo kaffaltii taaksii keessatti taaksii osoo hin kaffaliin yoo hafe, yeroo tureef:
 - a) Taaksii yeroo ji'a tokkoo yookiin walakkaa ji'aa ta'uuf hin kaffalamne irratti %5 (dhibbeentaa shan); fi
 - b) Taaksii sanaan booda tureef yeroo ji'a tokkoo yookiin gar-tokkee ji'aa ta'uuf hin kaffalamne irratti dabalataan %2 (dhibbeentaa lama) adabbii ni kaffala.
- 2) Hanga adabbii bu'uura keewwata kanaatiin buufamuu idaa taaksii ijoo caaluu hin qabu.
- 3) Taaksii kaffalamuu hin qabne irratti adabbiin osoo hin kaffalamiin turuun buufame akkaataa Labsii kana Keewwata 52 Keeww Xiqqaa 4 tiin kaffalaa taaksichaatiif ni deebi'a.
- 4) Keewwatni kun Labsii kana keewwata 107 ilaalchisee taaksiin hin kaffalamne raawwatiinsa hin qabu.

106. Taaksii Herrega Kaffalamu Irraa Hir'ifamee Hafu Waliin Wal Qabatee Adabbii Kennamu

- 1) Bu'uura Labsii Gibira Galii jalatti tumameen namni herrega kaffalamu irraa taaksii hir'isee Abbaa Taayitichaatiif dabarsuu qabu kamiyyuu, taaksii osoo hin hir'isiin hafe yookiin hir'isee Abbaa Taayitichaatiif kan hin dabarsine % 10 adabbii ni kaffala.
- 2) Keewwatni kun Keewwatni Xiqqaan 1 dhaabbataaf raawwatiinsa yeroo qabaatutti, bu'uura Keewwata Xiqqaa kanaatiin adabbii buufamu irratti dabalataan hojii gaggeessaan dhaabbatichaa, shuumiin herregaa ol'aanaan yookiin hojjetaan dhaabbatichaa biroo kamiyyuu taaksiin hir'ifamee hafuu akka qabuu fi taaksiin qabames kaffalamuu akka qabu mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qabu kamiyyuu tokkoon tokkoon isaanii adabbii qarshii 2,000.00 (kuma lama) ni kaffalu.
- 3) Yeroo Labsiin Gibira Galii keewwatni 91 raawwatiinsa itti qabaatutti dhiyeessaa fi bitataan tokkoon tokkoon isaanii adabbii qarshii 20,000.00 (kuma digdamaa) ni kaffalu.
- 4) Bu'uura Labsii Gibira Galii Keewwata 91 tiin taaksii herrega kaffalamu irraa hir'ifamee kaffalamu hambisuuf yaaduun bu'uura Keewwata kanaatiin nama herrega kaffalamu irraa taaksii hir'isee kaffaluuf dirqama qabuuf namni meeshaawwan yookiin tajaajilawwan dhiyeessuuf heeyyamamaa hin taane adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudha) ni kaffala.

107. Taaksii Dabalata Qabeenyaa Waliin Wal Qabatee Adabbiiwwan Kennaman

- 1) Bu'uura Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin namni Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin galmaa'uuf dirqama qabu osoo hin galmaa'iin yoo hafe, guyyaa galmaa'uun irra ture irraa eegalee hanga guyyaa galmaa'uuf iyyateetti yookiin hanga guyyaa kaka'umsa Abbaa Taayitichaatiin galmaa'eetti tokkoon tokkoo ji'aa jiruuf yookiin yeroo gar-tokkee ji'aa ta'eef adabbii qarshii 2,000.00 (kuma lama) ni kaffala.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin adabbii buufamu irratti dabalataan, nama Keewwatni Xiqqaan kun irratti raawwatiinsa qabaatu guyyaa galmaa'uun irra ture irraa eegalee hanga guyyaa galmaa'uuf iyyateetti yookiin hanga guyyaa kaka'umsa Abbaa Taayitichaatiin galmaa'eetti yeroo jiru keessatti bittaa fi gurgurtaa taaksiin dabalata qabeenyaa irratti kaffalamuun irra ture raawwate irratti taaksii dabalata qabeenyaa kaffalamu adabbii %100 (dhibbeentaa dhibba) ni kaffala.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin adabbiin buufamu bu'uura yeroo Keewwata Xiqqaa kana keessatti ibsameen kaffalaan taaksichaa bittaa fi gurgurtaa taaksiin dabalata qabeenyaa irratti kaffalamu raawwate taaksii dabalata qabeenyaa kaffalamuun irra ture hin hambisu. Ta'us kaffalaan taaksichaa bittaa fi gurgurtaa yeroo kana keessaatti raawwate irratti tarn oovar taaksiin kaffale yoo jiraate taaksii dabalata qabeenyaa kaffalamuu qabu irraa hir'ifamni ni taaisfamaaf.

- 4) Namni kamiyyuu ta'e jedhee taaksii dabalata qabeenyaa bittaa fi gurgurtaa kaffalamuu qabu hir'isuuf yookiin hanga taaksii bittaa fi gurgurtaa irraa deebi'u dabaluuf yaaduun nagahee taaksii sirrii hin taane kan kenne yoo ta'e adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.

108. Nagahee Taaksii Kennuu Dhabuu

Kaffalaan taaksii kamiyyuu nagahee kennuu osoo qabuu kan hin kennine tokkoon tokkoo nagahee bitataaf hin kennineetiin adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.

109. Taaksii Hir'isanii Beeksisuun Adabbii Hordofsiisu

- 1) Hangi taaksii beeksisa taaksii irratti ibsame hanga taaksii sirrii kaffalaan taaksichaa kaffaluu qabu irraa kan xiqqaate yoo ta'e, garaagarummaan isaa "hir'ina taaksii" jedhamee kan ibsamu hanga hir'ina taaksichaa %10 adabbii ni kaffala.
- 2) Keewwata kana keewwatni xiqqaan 1 kaffalaa taaksichaa irratti yeroo lammaffaaf yeroo irratti raawwatamutti hanga adabichaa gara %30 tti ol ka'a.
- 3) Keewwatni kun Keewwatni Xiqqaan 1 kaffalaa taaksichaa irratti yeroo sadaffaaf fi isaa ol yeroo irratti raawwatamutti hanga adabichaa gara %40 tti ol ka'a.
- 4) Hir'inni taaksichaa kan uumame kaffalaan taaksichaa taaksii ofii isaa shallagsiisee beeksifni taaksii osoo hin dhihaatiin dura tumaa seeraa falmisiisaa ta'e Abbaan Taayitichaa ibsa itti hin kennine irratti ejjennoo sababaawaa qabate irratti kan hundaa'e ta'ee yoo argame adabbiin bu'uura Keewwata kanaan buufamu raawwatiinsa hin qabu.

110. Taaksii Irraa Baqachuun Adabbii Kennamu

Abbaan Taayitichaa shallaggii taaksii kaffala taaksii yoo hojjetu tumaa taaksii irraa baqachuu dhorku hojii irra yoo oolche kaffalaan taaksichaa tumaan kun osoo hojii irra hin oolu ta'ee hanga taaksii taaksii irraa baqachuun hambisuu danda'u ture dachaan adabbii isaa kaffala.

111. Sirna Taaksii Elektrooniksii Hordofuu Dhabuun Adabbii Hordofsiisu

- 1) Bu'uura seera taaksiitiin Abbaan Taayitichaa beeksifni taaksii yookiin kaffaltiin taaksichaa bu'uura sirna taaksii elektirooniksiitiin akka raawwatu kaffalaa taaksii gaafate bu'uuruma sirna kanaatiin osoo hin raawwatiin yoo hafe kaffalaan taaksichaa sababa sirnicha hin hordofneef akka ibsu Abbaan Taayitichaa barreeffamaan gaafachuu qaba.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin kaffalaa taaksii beeksifni qaqqabe beeksisa taaksichaa yookiin kaffaltii taaksichaa mala elektirooniksiitiin raawwachuu dhabuu isaa guyyaa beeksisichi qaqqabee eegalee guyyoota 14'n (kudha arfan) jiran keessatti sababa gahaa Abbaa taayitichaa amansiisuu danda'u dhiyeessuu yoo dadhabe adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.

112. Bakka Bu'aa Taaksii Heeyyamni kennameef Irratti Adabbii Kennamu

Namni bakka bu'ummaa taaksiitiin heeyyamni kennameef:

- 1) Akkaataa Labsii kana Keewwata 24 tiin maamila isaatiif waraqaa ragaa yookiin ibsaa yoo hin kennine; yookiin
- 2) Waraqaleen ragaa fi ibsawwan maamiltootaaf kennaman Labsii kana Keewwata 24 Keewwata Xiqqaa 4tiin yeroo murtaa'eef kan hin qabanne; yookiin
- 3) Akkaataa Labsii kana Keewwata 100 Keewwata Xiqqaa 1 tiin bakka bu'aan taaksii heeyyamni kennameef hojii bakka bu'ummaa taaksii dhaabuu isaa Abbaa Taayitichaa fi yoo hin beeksifne; Adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.

113. Meeshaa Gurgurtaa Galmeessu Waliin wal Qabatee Adabbii Kennamu

- 1) Namni meeshaa gurgurtaa galmeessutti fayyadamuuf dirqama qabu akmiyyuu:
 - a) Meeshaa beekamtiin hin kennamneef yookiin Abbaa Taayitichaa biratti hin galmoofne namni fayyadamee argame tokkoo tokkoo meeshichaatiif adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.
 - b) Yeroo meeshichi suphaa irra jiru yookiin sababa gahaa biroottiin yoo ta'e malee, nagahee meeshaa gurgurtaa galmeessuun ala nagahee biroo kamiiniyyuu bittaa fi gurgurtaa kan raawwate adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.
 - c) Meeshaa gurgurtaa galmeessu irratti miidhaa kan geessise yookiin yaadannoon fiizikaalaa akka jijjiiramu kan taasise yookiin jijjiiruuf kan yaale yoo ta'e adabbii qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) ni kaffala.
 - d) Hojjetaan taaksii sirna odiitii meeshaa gurgurtaa galmeessuu akka hin taasifne kan gufachiise yookiin meeshicha irratti waggaatti al tokko wiirtuu tajaajilaatti qorannoo teekniikaa kan hin taasifne adabbii qarshii 25,000.00 (kuma digdamii shan) ni kaffala.
 - e) Bakka daldalaatti meeshaa gurgurtaa galmeessutti fayyadamuuf wiirtuu tajaajilaa waliin waliigaltee osoo hin raawwanne yookiin meeshicha tarminaa osoo wal hin quunnamsiisiin kan itti fayyadame yookiin galmee qorannoo meeshicha bira kan hin keenye yookiin meeshaaleen meeshaa gurgurtaa galmeessuun galmaa'an deebi'uu isaanii yookiin maamilichi gaaffiin naaf haa deebi'uu dhiyeessuu isaa galmee deebii irratti sirrii galmaa'uun isaa osoo hin mirkanaa'iin nagahee deebi'eeraa kan kenne adabbii qarshii 25,000.00 (kuma digdamii shan) ni kaffala.
 - f) Meeshaan gurgurtaa galmeessu hatamuun yookiin sababa humnaa ol ta'een badiin irra gahee tajaajilaan ala ta'e guyyaa sadii keessatti yookiin sababa biroo kamiiniyyuu badii irra gahee sa'aatii 4 keessatti wiirtuu tajaajilichaa fi Abbaa Taayitichaa kan hin beeksifne yoo ta'e, adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.
 - g) Teessoo siirrii bakka daldalaa meeshaan gurgurtaa galmeessu taa'u kan hin beeksifne yoo ta'e, adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.

- h) Jijjiirraa teessoo yookiin maqaa yommuu taasisu hojii daldalaa yommuu dhiisu guyyaa sadii dursee wiirtuu tajaajilaa yookiin Abbaa Taayitichaa kan hin beeksifne yoo ta'e, adabbii qarshii 25,000.00 (kuma digdamii shan) ni kaffala.
- i) Bakka daldalaa meeshaan gurgurtaa galmeessu faayidaa irra itti oolutti:
- i) Maqaa fayyadamaa, maqaa daldalaa, teessoo hojiin daldalaa itti gaggeeffamu, lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii, lakkoofsa beekamtii fi itti fayyadama meeshaa gurgurtaa galmeessuu;
 - ii) “hojjettootni gurgurtaa meeshichi yoo miidhame nagahee tartiiba qabu heeyyama Abbaa Taayitichaatiin maxxanfame mamiltootaaf kennuuf dirqama qabu” beeksisa jedhuu; fi
 - iii) “Nagaheen kan hin kennamne yoo ta'e hin kaffaliinaa” kan jedhu beeksisa barreeffamaa; bakka ifa ta'ee fi mul'atutti maxxansee yoo hin argamne adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.
- j) Sooft weerii meeshichaa hojii irra oole nama Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennamneen akka jijjiiramu yookiin fooyya'u yoo taasise, adabbii qarshii 30,000.00 (kuma soddomaa) ni kaffala.
- 2) Namni meeshaa gurgurtaa galmeessu yookiin sooft weerii dhiyeessuun beekamtii fi heeyyamni kennameef kamiyyuu:
- a) Jijjiirraa teessoo daldala isaa Abbaa Taayitichaatiif yoo hin beeksifne adabbii qarshii 100,000.00 (kuma dhibba) ni kaffala;
 - b) Meeshaa gurgurtaa galmeessu Abbaa Taayitichaatiin beekamtii hin kennamneef gabaaf yoo dhiyeesse, adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala;
 - c) Galmee tokkoo tokkoo Meeshaa gurgurtaa galmeessuutiif Abbaa Taayitichaa irraa lakkofsa addaa meeshaa yoo hin fudhanne yookiin lakkofsa addaa meeshichaa fudhate meeshicha irratti bakka mul'achuuf mijatutti yoo hin maxxansine adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala;
 - d) Meeshaalee gurgurtaa galmeessan hojii irra jiran irratti jijjiirraa taasifamu kamiyyuu dursee Abbaa Taayitichaatiif yoo hin beeksifne yookiin qajeelfama itti fayyadama meeshichaa keessatti odeeffannoo sirrii hin taane yoo galche yookiin odeeffannoo sirrii keessaa yoo hir'ise, adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala;
 - e) Meeshaaleen gurgurtaa galmeessan hatamuun yookiin miidhaan irra gahee kan suphamuu hin dandeenye ta'uu isaa beeksisanii akka bakka bu'uuf gaafataniif wiirtuun tajaajilaa guyyaa sadii keessatti dhiyeessuu akka hin dandeenye Abbaa Taayitichaatiif dursee kan hin beeksifne yoo ta'e, adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala;

- f) Waliigaltee wiirtuu tajaajilaa waliin taasiseef odeeffannoo yoo hin qabaanne yookiin waliigaltee yoo addaan kute yookiin wiirtuu tajaajilaa waliigaltee haaraa taasise Abbaa Taayitichaatiif yoo hin beeksifne adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.
- 3) Wiirtuun tajaajilaa meeshaa gurgurtaa galmeessu kamiyyuu:
 - a) Meeshaa gurgrutaa galmeessu yaadannoon fiizikaalaa isaa jijjiiramee guyyaa lama keessatti Abbaa Taayitichaatiif yoo hin beeksifne adabbii qarshii 20,000.00 (kuma digdamaa) ni kaffala.
 - b) Meeshaa gurgrutaa galmeessu waggaatti al tokko qorannoo teekniikaa gaggeessuuf waliigaltee seenee yoo hin raawwanne adabbii qarshii 20,000.00 (kuma digdamaa) ni kaffala.
 - c) Dhiyeessaan beekamtiin osoo hin kennaminii fi Abbaa Taayitichaa biratti osoo hin galmaa'iin hojjettoota hojiitti bobbaase tokkoo tokkoo isaaniitiif adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) ni kaffala.

114. Adabbiiwwan Adda Addaa

- 1) Akkaataa Labsii kana Keewwata 12 tiin kaffalaan taaksii jijjiirama kamiyyuu hin beeksifne adabbii qarshii 20,000.00 (kuma digdamaa) ni kaffala.
- 2) Akkaataa Labsii kana Keewwata 64 tiin dhaabbanni barreeffama hundeeffamaa, dambii ittiin bulmaataa, waliigaltee shariikummaa isaa yookiin sanada hundeeffamaa yookiin galmee biroo yookiin sanadoota kana irratti fooyya'iinsa taasifame kamiyyuu osoo hin dhiyeessiin hafe tokkoon tokkoon ji'aa sanadichi osoo hin dhihaatiin hafeef yookiin yeroo gar-tokkee ji'aa ta'eef adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.
- 3) Akkaataa Labsii kana Keewwata 65 jalatti tumameen odiitarri kamiyyuu gabaasa isaa hin dhiyeessine tokkoon tokkoon ji'aa sanadichi osoo hin dhihaatiin hafeef yookiin yeroo gar-tokkee ji'aa ta'eef adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni kaffala.
- 4) Adabbiin akkaataa keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin buufamu heeyyama odiitarichaa ilaalchisee tarkaanfii boordiin qabiinsa herregaa fi odiitii Naannichaa fudhatu irratti dabalataa ta'a.
- 5) Akkaataa Labsii kana Keewwata 66 tiin namni nama jiraataa Itoophiyaa hin taane waliin waliigaltee taasifame Abbaa Taayitichaatiif hin beeksifne kanuma osoo hin beeksisiin tokkoon tokkoo guyyaa tureef adabbii qarshii 1,000.00 (kuma tokkoo) ni kaffala.
- 6) Akkaataa Labsii Gibira Galii Keewwata 75 tiin namni tarree dhimma namoota quunnamtii qabu waliin taasisu hin ibsine adabbii qarshii 100,000.00 (kuma dhibba) ni kaffala.

- 7) Namni odeeffannoo kamiyyuu kennuuf dirqama qabu odeeffannoo Abbaan Taayitichaa gaafatu Abbaa Taayitichaatiif kan hin kennine yoo ta'e, akkuma haala isaatti namni odeeffannicha hin kennine yookiin itti gaafatamaan mana hojii odeeffannoo gaafatame adabbii qarshii 5,000.00 (kuma shan) ni kaffala;

115. Haala Murtiin Adabbii Bulchiinsaa Itti Kennamu

- 1) Abbaan Taayitichaa nama adabbii bulchiinsa itti murteesse beeksisa murtii adabbii kennuufii qaba.
- 2) Gochaa tokko raawwachuun yookiin raawwachu dhabuun adabbii bulchiinsaa hordofsiisu taaksii tokko qofa irratti kan hin murtoofne yoo ta'e, tokkoon tokkoo adabbii kophaa kophaatti erga murtaa'ee booda adabbiiwwan hunduu walitti qabamanii buufamu.
- 3) Namni adabbiin bulchiinsa itti murtaa'e adabbichi akka ka'uuf Abbaan Taayitichaatti barreeffamaan iyyachuu kan danda'u yoo ta'u, sababa adabbichi akka ka'uuf gaafateef iyyaticha irratti ibsuu qaba.
- 4) Abbaan Taayitichaa akkaataa keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin iyyanno yoo dhihaatuuf yookiin kaka'umsa mataa isaatiin adabbii nama tokko irratti buufame bu'uura qajeelfama baasuun guutummaan yookiin gar-tokkeen kaasuu ni danda'a.
- 5) Tokkoon tokkoo Adabbii bulchiinsaa akka ka'u Abbaan Taayitichaa murtii itti kenne galmee qabachuu fi kurmaana waggichaatti Mana Maree Bulchiinsaatiif gabaasa dhiyeessuu qaba.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Yakkoota Taaksii

116. Adeemsa Dhimmooni Yakka Taaksii Itti Ilaalaman

Yakkootni taaksii irratti raawwataman Seera Yakkaa Itoophiyaa darbuun kan raawwataman ta'uu isaaniitiin himannichi kan bu'uuramu, kan ilaalamuuf iyyatni irratti dhiyaatu bu'uura Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaatiin ta'a.

117. Yakkoota Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Taaksii Waliin Wal Qabatan

- 1) Namni kamiyyuu:
 - a) Lakkoofsa eenyummaa kaffalaa taaksii tokkoo oli yoo fudhate yookaan fudhachuuf kan yaale yoo ta'e;
 - b) Lakkoofsa eenyummaa kaffalaa taaksii isaa namni biraan akka itti fayyadamuuf kan kenne; yookiin
 - c) Lakkoofsa eenyummaa taaksii nama biroo kan fayyadame yoo ta'e; adabbii maallaqaa qarshii 20,000.00(kuma digdama) fi hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii gahuutiin ni adabama.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti kan tumame tokkoon tokkoon lakkoofsa eenyummaa kaffalaa taaksii fudhateef yookiin fudhachuu yaaleef baaqqeedhaan raawwatiinsa ni qabaata.
- 3) Lakkoofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksii hojii irra kan oole haalawwan Labsii kana keewwata 16 (6) jalatti ibsamaniin yoo ta'e kan keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(b) fi (c) jalatti tumaman raawwatiinsa hin qabaatan.

118. Ibsawwan Sobaa Yookiin Dogoggorsaa fi Sanadoota Waliindhahaman

- 1) Namni kamiyyuu:
 - a) Abbaa Taayitichaatiif sanada sobaa yookiin dogoggorsu kan kenne; yookiin
 - b) Ibsa Abbaa Taayitichaatiif dhihaachuu qabu haala dogoggorsiisuu danda'uun waantota hammatamuu qaban sababa gahaa tokko malee kan hambise yoo ta'e;
 - c) Sandoota waliin dhahaman Abbaa Taayitichaatiif kan dhiyeesse yoo ta'e; adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 (kuma shantamaa) hanga 100,000.00 (kuma dhibba tokkoo) ga'uuniifi adabbii hidhaa waggaa shanii hanga waggaa saddeetii ga'uun ni adabama.
- 2) Namni tokko Abbaa Taayitichaatiif dabarsuu akka danda'u osoo beekuu yookiin sababa gahaa akka beeku isa dandeessisu osoo qabuu ibsa sobaa yookiin ibsa nama dogoggorsu nama biraatiif yoo kenne akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin akka ibsa sobaa yookiin ibsa nama dogoggorsu Abbaa Taayitichaatiif kennameetti lakkaa'ama.
- 3) Namni kamiyyuu taaksii waliin dhahuuf yaaduun nama lubbuun hin jirreen yookaan nama teessoon isaa hin beekamneen yookaan bakka bu'ummaa kennuuf yookiin nama hojii daldalaa hojjechuuf seeraan nama hayyamni hin kennamneef yookiin nama hojii daldalichaa irraa fayyadamaa hin taaneen yookiin maqaa nama biraa hin jirreetiin hayyama daladala baasuun bakka bu'ummaadhaan hojii daldalaa kan hojjetu yoo ta'e taaksii hojii daldalichaa irraa gaafatamuuf itti gaafatamaa ta'uun isaa akkuma eegametti ta'ee akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin yakkaan ni adabama.

119. Nagaheewwan Seeraan Alaa Yookiin Waliindhahaman

- 1) Namni kamiyyuu:
 - a) Nagaheewwan waliindhahaman kan qopheesse, kan maxxansiise, kan gurgure yookiin rabse; yookiin
 - b) Idaa taaksii isaa hir'isuuf yookiin deebii gaafachuuf sanadoota waliindhahaman kan fayyadame yoo ta'e; adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokkoo) fi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudhanii ga'uun ni adabama.
- 2) Sanadoota waliindhahaman Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman fayyadamuun faayidaan qarshii argame qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) kan

caalu yoo ta'e, bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin adabbiin buufamu adabbii qarshii faayidaa qarshichaa waliin wal qixa ta'ee fi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa kudha shanii ga'uun ta'a.

- 3) Namni sanadoota sobaa hojjechuuf, qopheessuuf yookaan maxxansiisuuf kan gargaaru mashinni, meeshaa yookiin sooftiweerii qabatee argame, kan gurgure, kireesse yookaan karaa biraatiin dhiyeesse kamiyyuu adabbii maallaqaa qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lamaa) fi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa kudha shanii ga'uun ni adabama.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin balleessaa ta'uun yoo mirkanaa'e maashinichi, meeshichi sooftiweerichi yookaan bu'aan yakkichaa ni dhaalama.
- 5) Namni Sanadoota sobaa qabate, kaa'e, gurgurtaaf mijeesse yookaan sanadootni sobaa tajaajila irra akka oolan taasise hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa shanii ga'uun ni adabama.

120. Yakkoota Waliigalaa Nagaheewwaniin walqabatan

- 1) Kaffalaan taaksii dirqama nagahee kennuu qabu kamiyyuu nagahee malee bittaa fi gurgurtaa kan raawwate yoo ta'e adabbii maallaqaa qarshii 25,000 (kuma digdamii shanii) hanga 50,000.00 (kuma shantama) fi adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa shanii ga'uun ni adabama.
- 2) Koppii nagaheewwanii walfakkaatan bittaa fi gurgurtaa tokko irratti kennaman irratti gatii adda addaa galmeessuun namni gatii gurgurtaa hir'ise kamiyyuu adabbii qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) fi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga wagga torbaa gahuun ni adabama.
- 3) Gatiin gurgurtichaa sirriin qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) kan caalu yoo ta'e bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin adabbiin buufamu hanga qarshii isa olaanaa nagaheewwan irratti ibsamee fi adabbii hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudhanii ga'uun ni adabama.
- 4) Namni osoo bittaa fi gurgurtaan hin raawwatamin nagahee kenne yookaan fudhate adabbii qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) hanga 200,000.00 (kuma dhibba lamaa) ga'uunii fi hidhaa cimaa waggaa torba hanga waggaa kudhanii ga'uun ni adabama.
- 5) Nagaheen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti ibsame hanga qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lama) kan caalu kan qabate yoo ta'e akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin adabbiin buufamu adabbii qarshii hanga qarshii nagahee irratti ibsame waliin walqixa ta'ee fi adabbii hidhaa waggaa kudhanii hanga waggaa kudha shanii ga'uun ni adabama.

- 6) Namni osoo Abbaan Taayitichaa hin hayyaminiif nagahee taaksii maxxanse adabbii maallaqaa qarshii 300,000.00 (kuma dhibba sadii) hanga 500,000.00(kuma dhibba shanii) ga'uunii fi hidhaa cimaa waggaa lamaa hanga waggaa shanii ga'uutiin ni adabama.
- 7) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 6tiin namni balleessaadha jedhame yakkicha yeroo lammaffaaf raawwatee balleessaa ta'uun yoo irratti mirkanaa'e meeshaan maxxansaa isaa fi dhaabbanni maxxansichaa ni dhaalama, hayyamni daldala isaas ni haqama.

121. Deebii Seera Qabeessa Hin Taane Yookiin Bakka Buufama Hin Malle Gaafachuu

- 1) Namni Abbaa Taayitichaa dogongorsuuf yaadee deebii yookiin bakka buufama kan gaafate yoo ta'e adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantama) fi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa torbaa ga'uun ni adabama.
- 2) Adabbiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin buufamu, kaffalaa taaksichaa akkaataa labsii kan keewwata 52tiin taaksii deebii taasifameef deebisee kaffaluuf dirqama qabu irraa bilisa hin taasisu.

122. Yakkoota Taaksii Dabalata Qabeenyaa Waliin Wal Qabatan

- 1) Namni Taaksii Dabalata Qabeenyaatiif osoo hin galmaa'in nagahee kenne adabbii qarshii 200,000.00(kuma dhibba lamaa) fi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudhanii ga'uutiin ni adabama.
- 2) Taaksii Dabalata Qabeenyaatiif namni galmaa'e kamiyyuu:
 - a) Akkaataa Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin yaadannoo deebiitii yookaan kireediitii taaksii kennuuf hayyamamaa kan hin taane yoo ta'e; yookaan
 - b) Akkaataa Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaatiin hayyamameen ala yaadannoo deebiitii yookaan kireediitii taaksii kan kenne yoo ta'e; adabbii qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) fi hidhaa salphaa waggaa tokkootiin ni adabama.

123. Yakkoota Qaraxa Teembiraa Waliin Walqabatan

- 1) Namni kamiyyuu :
 - a) Ragummaadhaaf yoo ta'e malee osoo qaraxni teembiraa itti kaffalamuu qabuu sanada qaraxni teembiraa irratti hin kaffalamne hojii irra kan oolche yookaan kan mallatteesse yookiin
 - b) Qaraxa teembiraa kaffalamuu dhiisuuf yookiin qaraxa teembiraa gadi aanaa kaffaluuf yaaduun amala sirrii sanada tokkoo kan hin ibsine yookaan kan dhookse yoo ta'e, Adabbii maallaqaa qarshii 25,000.00 (kuma digdamii shan) hanga 50,000.00 (kuma shantamaa) gahuu fi adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii haga waggaa shanii ni adabama.

2) Namni kamiyyuu:-

- a) Teembeera yookiin sanada teemberri itti maxxanfame gurguruuf kan eeyyamameef ta'ee Labsii qaraxa teembeera yookiin dambii kan darbe yoo ta'e; yookiin
- b) Teembeera yookiin sanada teemberri itti maxxanfame osoo hin heeyyamamaniif kan gurgure yookiin gurgurtaaf kan dhiyeesse yoo ta'e; Adabbii maallaqaa qarshii 5,000.00 (kuma shan) hanga qarshii 25,000.00 (kuma digdamii shan) fi adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii haga waggaa shanii ni adabama.

124. Yakkoota Tarkaanfii Taaksii Kaffalchiisuuf Fudhatamu Waliin Wal Qabatan

- 1) Namni qabeenya kaffalaa taaksii fuudhu kamiyyuu bu'uura seera taaksii tumameen dirqama irratti buufame osoo hin raawwanne yoo hafe adabbii qarshii 5,000.00 (kuma shanii) fi hidhaa salphaa waggaa tokkotiin adabama.
- 2) Namni bu'uura Labsii kana keewwata 43tiin ajajni qabinsa qabeenyaa isa qaqqabe:
 - a) Qabeenyaa ajajni irratti darbe yoo gurgure, jijjiire, yookiin karaa biraa yoo dabarse ta'e;
 - b) Qabeenyaa ajajni irratti darbe yoo dhokse, caccabse, akka hin hojjanne taasise yookiin miidhe; yookiin
 - c) Qabeenyaa ajajni irratti darbe ilaalattu sanada kamiyyuu yoo barbadeesse, dhokse, dhabamsise, miidhe, haqe, laaqe yookiin balleesse yoo ta'e; Adabbii hidhaa cimaa waggaa lamaa hanga waggaa sadii ni adabama.
- 3) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 akkuma eegametti ta'ee; bu'uura ajaja kaffaltii qaama sadaffatiif kennamuun qarshii ibsame namni Abbaa Taayitaatiif hin kaffalle kamiyyuu hidhaa salphaa waggaa lamaa hanga sadiitiin ni adabama.
- 4) Namni ajajni kaffaltii qarshii qaama sadaffatiif akka kaffaluuf isa gahe akkaataa Labsii kana Keewwata 45 Keewwata Xiqqaa 5tiin ajajicha raawwaachuu akka hin dandeenye Abbaa Taayitaatif yoo beeksise ajaja Abbaan Taayiticha akkaataa Labsii kana Keewwata 45 Keewwata Xiqqaa 6tiin haqamuun yookiin fooyya'uun yookiin namni ajajni isa gahe beeksisa dhiyeesse kufaa gochuun haga hin beeksifnetti namni ajajni kaffaltti maallaqaa qaama sadaffaatiif kennamu ajajicha akka raawwatetti lakkaa'ama.
- 5) Namni kamiyyuu akkaata Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin balleessa ta'ee argamuun isaa maallaqa ajaja kaffaltii qaama sadaffaaf keennameen maallaqaa caqasame yeroon isaa gahe dirqama kaffaluu isaa hin hambisu.
- 6) Ajaja dhorkaa biyya keessaa bahuu darbuun namni kamiyyuu Itoophiyaa keessaa bahe yookiin bahuuf kan yaale adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa haga sadiitiin ni adabama.

- 7) Akkataa Labsii kana keewwata 44 tiin ajaja darbe kan hin kabajne dhaabbanni Faayinaansii kamiyyuu sababa kanaan Abbaan Taayitaa haga qarshii osoo hin funaniin hafe adabbii maallaqatiin ni adabama.
- 8) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7tiin kan ibsame yakki kan raawwatame hojii gaggeessaan Dhaabbata Faayinaansichaa osoo beekuu yookiin sababa dagannoo isaatiin yoo ta'e hojii gaggeessichi adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa hanga waggaa sadiitiinni adabama.
- 9) Namni Abbaa Taayitichaa irraa eeyyama osoo hin argatiin bu'ura Labsii kana Keewwata 47 tiin ajajni samsuu naannoo hojiitti darbe yookiin iddoo samsame kan bane yookiin kan dhorke adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa hanga waaggaa sadiitiin ni adabama.

125. Taaksii Miliksuu

- 1) Namni kamiyyuu itti yaadee taaksii miliksuuf galii isaa kan dhokse ; beeksisa taaksii kan hin dhiyeesine yookiin taaksii kan hin kaffalle yoo ta'e adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) hanga qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lamaa) fi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa shaniitiin ni adabama.
- 2) Namni herrega kaffalaa irraa taaksii hir'isee galii akka godhuuf itti gaafatamummaan itti kenname itti yaadee taaksii milikisuuf qarshii hir'isee qabatee Abbaa Taayitichaatiif yoo hin dabarsine adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa shaniitiin ni adabama.

126. Bulchiinsa Seera Taaksii Gufachiisuu

- 1) Namni kamiyyuu bu'ura seera taaksitiin hojjataa taaksii dirqama isaa bahaa jiru kan gufachiise yookiin gufachiisuuf kan yaale adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadiittiin ni adabama.
- 2) Namni kamiyyuu Seera bulchiinsa taaksii kan gufachiise yookiin gufachiisuuf kan yaale adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (kuma kudhanii) gadi hin taanee fi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga shaniitiin ni adabama.
- 3) Kaayyoo raawwii Keewwata kanaatiif kan armaan gaditti ibsamani fi biroo walfakkatan gochaawwan gufachiisuu jedhamee fudhatama.
 - a) Akkaataa Labsii kana Keewwata 67 tiin bu'ura beeksisa kennamutiin raawwachuu dhabuu dabalatee; sanadoota sakata'uuf gaaffii Abbaa Taayitichaa fudhachuu diduu yookiin gabaasawwan yookiin kaffalaa taaksii dhimma taaksii ilaalchisee odeeffannoo kennuuf eeyyamamaa yoo ta'uu baate.
 - b) Akkaataa Labsii kana Keewwata 67 tiin dhiyaatee ragaa akka kennu beeksisa kennameen raawwachuu diduu.

- c) Akkaataa Labsii kana Keewwata 68 tiin Daayirektarri Ol'aanaan Abbaa Taayitichaa yookiin Daayirektarri Ol'aanaan bakka bu'aa hojjataa taaksii raga kamiyyuu yookiin raga argachuuf mirga qaban akka hin fayyadamne dhorkuu.
- d) Akkaataa Labsii kana Keewwata 68 Keewwata Xiqqaa 4 tiin deeggarsa barbaachisu kennuu yookiin haala mijeessuuf heeyyamamaa ta'uu dhabuu;
- e) Waajjira Abbaa Taayitichaa keessatti jeequmsa kaasuu yookiin hojjettoonni taaksii dirqama qaxarrii isaanii akka hin baane gufachiisuu.

127. Aangoo Osoo Hin Qabaatiin Taaksii Sassaabuu

Seera taaksii kamiiniyyuu namni taaksii akka sassaabu aangoon hin kennamneef kamiyyuu taaksii kamiyyuu kan sassaabe yookiin sassaabuuf kan yaale yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii 50,000 .00 (kuma shantama) hanga 75,000.00 (kuma torbaatamii shan) fi adabbii hidhaa cimaa waggaa 5 (shan) hanga waggaa 7 (torbaa) ni adabama.

128. Yakka Taaksii Gargaaruu yookiin Jajjabeessuu

Namni tokko bu'uura seera taaksiitiin yakka taaksii tumame raawwataa “yakkaa muummee” jedhamee nama biroo beekamu akka raawwatamu kan gargaare, jajjabeesse, tumse, kakaase yookiin kan waliigale yoo ta'e, adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen ni adabama.

129. Yakkoota Boordii Ol'iiyannoo Taaksii Waliin Wal Qabatan

1) Namni kamiyyuu:

- a) Nama miseensa Boordii Ol'iiyannoo Taaksii ta'uun itti gaafatamummaa isaa bahaa jiru kan arrabse;
- b) Heeyyama osoo hin qabaatiin deemsa hojii Boordichaa kan addaan kute;
- c) Deemsa hojii Boordichaa jeequuf yaaduun mooraa boordichaa keessatti yookiin naannoo Boordichi jirutti jrrqumsa kan uume yookiin jeequmsichatti kan hirmaate; yookiin
- d) Haala kamiiniyyuu hojii Boordichaa kan gufachiise yoo ta'e; Adabbii qarshii 500.00 (dhibba shan) hanga 3,000.00 (kumaa sadii) fi adabbii hidhaa salphaa ji'a 6 (jaha) hanga waggaa 2 (lamaa) ni adabama.

2) Namni kamiyyuu:

- a) Boordicha fuul duratti akka dhihaatu yookiin Boordichaaf sanada akka dhiyeessu yookiin odeeffannoo akka kennun ajajni yoo qaqqabu sababa gahaa malee bu'uura ajajichaatiin kan hin raawwanne;
- b) Sababa gahaa tokko malee Boordicha fuul duratti kakuu raawwachuuf yookiin dhugaa ragaa bahuuf mirkaneessa kennuuf heeyyamamaa kan hin taane;

- c) Dhimma Boordichi ilaaluuf gaffii dhihaateef sababa gahaa malee deebii kennuuf heeyyamamaa kan hin taane; Adabbii qarshii 300.00 (dhibba sadii) hanga 3,000.00 (kuma sadii) fi adabbii hidhaa salphaa ji'a 6 (jaha) hanga waggaa 2 (lamaa) ni adabama.
- 3) Namni kamiyyuu Boordichaaf osoo beekuu ragaa sobaa yookiin dogoggorsaa kan kenne yoo ta'e, adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantama) gadi hin taanee fi adabbii hidhaa cimaa waggaa 3 (sadii) hanga 5 (shan) ni adabama.

130. Yakka Bakka Bu'oota Taaksii Heeyyamni Kennameefiin Raawwatamu

Namni kamiyyuu heeyyamni bakka bu'ummaa taaksii osoo hin kennamiifiin Labsii kana Keewwata 98 darbuun tajaajila bakka bu'ummaa taaksii kan kenne yoo ta'e, adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii gahuun ni adabama.

131. Yakkoota Meeshaa Gurgurtaa Galmeessuun Walqabatee Raawwataman

- 1) Meeshaa gurgurtaa galmeessuutti fayyadamuuf namni dirqama qabu kamiyyuu :
 - a) Meeshaa gurgurataa galmeessu Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennamneefiitiin yookiin hin galmoofneetiin yoo fayyadame, hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa toorba hin caalleen ni adabama;
 - b) Meeshichi yeroo suphaa irra jiru yookiin sababa biroo quubsaa ta'een yoo ta'e malee nagahee meeshaa gurgurtaa galmeessuun maxxanfameen ala yookiin nagahee malee bittaa fi gurgurtaa yoo raawwate, hidhaa waggaa lamaa gadi hin taanee fi waggaa shan hin caalleen ni adabama;
 - c) Yaadannoo fiizikaalaa meeshaa gurgurtaa galmeessuu irratti miidhaa kan geessise yookiin yaadannoon fiizikaalaa akka jijjiiramu kan taasise yookiin miidhaa geessisuuf yookiin yaadannicha jijjiiruuf yaalii kan taasise yoo ta'e, hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa shan hin caalleen ni adabama.
- 2) Dhiyeessii meeshaalee gurgurtaa galmeessuu yookiin sooftiweeriitiin namni beekamtii fi heeyyamni kennameefii kamiyyuu:
 - a) Meesahaa yookiin sooftiweerii Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennamneef gabaarra yoo oolche ; hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa shan hin caalleen ni adabama.
 - b) Meeshaa gurgurtaa galmeessu hojiirra jiru irratti jijjiirama taasifamu kamiyyuu dursee Abbaa Taayitichaa yoo hin beeksifne yookiin qajeelfama itti fayyadama meeshichaa keessatti odeeffannoo sirrii hin taane yoo galche yookiin odeeffannoo sirrii yoo hir'ise, hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa shan hin caalleen ni adabama.
- 3) Namni kamiyyuu dhiyeessii meeshaalee gurgurtaa galmeessuu yookiin sooftiweeriitiin heeyyama osoo hin qabaatiin meeshaalee gurgurtaa galmeessu yookiin sooftiweerii

kamiiniyyuu gabaarra kan oolche yoo ta'e, adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa toorbaa gahuun ni adabama.

- 4) Dhiyeessan wiirtuu tajaajila meeshaalee gurgurtaa galmeessuu kamiyyuu hojjetaa beekamtiin hin kennamneefii fi Abbaa Taayitichaatiin hin galmoofta hojii irratti bobbaasee yoo argame, adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 (qarshii kuma shantama) yookiin adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo hin caalleen ni adabama.
- 5) Hojjetaan meeshaalee gurgurtaa galmeessuu kamiyyuu beekamtii wiirtuu tajaajilichaa yookiin Abbaa Taayitichaa malee meeshaa gurgurtaa galmeesu yoo hiike yookiin walitti deebise yookiin meeshaa gurgurtaa galmeessu osoo hin miidhamiin ta'e jedhee saamsa isaa yoo kaase yookiin qaama isaa yoo jijjiire yookiin gochaawwan kana fakkaatan yoo raawwate, adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 (qarshii kuma kudhan) hin caallee fi adabbii hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taanee fi waggaa sadii hin caalleen ni adabama.
- 6) Hojjetaan taaksii dambii fi qajeelfama itti fayyadama meeshaalee gurgurtaa galmeessuu darbuun :
 - a) Meeshaa gurgurtaa galmeesu kan hiike yookiin walitti deebise yookiin hojjetaan wiirtuu tajaajilaa bakka hin jirretti hojiirra akka oolu kan eeyyame yookiin lakkoofsa addaa meeshichaa kan jijjiire yoo ta'e ; yookiin
 - b) Gocha seeraa alaa kamiyyuu itti fayyadamaa meeshaa gurgurtaa galmeessuun yookiin wiirtuu tajaajilichaan yookiin hojjetichaan yookiin dhiyeessichaatiin raawwatame osoo beekuu yookiin dagannoon sa'aatii 24 (digdamii afur) keessatti Abbaa Taayitichaatiif gabaasa kan hin taasifte yoo ta'e ; balleessaa ta'uunsaa mana murtiitiin yoo mirkanaa'e, adabbii maallaqaa qarshii 5,000.00 (qarshii kuma shan) hin caallee fi adabbii hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taanee fi waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

132. Yakkoota Dhaabbileedhaan Raawwataman

- 1) Seera taaksii darbuutiin yakka kan raawwate dhaabbata yeroo ta'utti yeroo yakkichi raawwatametti hojii gaggeessaa namni ta'e kamiyyuu yakkicha akka raawwatetti lakkaa'ama
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1:
 - a) Yakkichi kan raawwatame hojii gaggeessichi osoo hin eeyyamiin yookiin hin beekiin yoo ta'e ; fi
 - b) Namni haala walfakkaataa keessa jiruu fi dhimmoota of eeggannoon ilaalu raawwatamuu badichaa ittisuuf ofeeggannoowwan ni fudhata jedhamanii tilmaamaman taasisuuf tattaaffii maluu fi tarkaanfii ogummaa hojimaataan deeggarama fudhatee kan argame yoo ta'e ; raawwatiinsa hin qabaatu.

133. Maqaa Namoota Yakka Taaksii Raawwatanii Ifa Tasisuu

- 1) Abbaan Taayitichaa yakka taaksiitiin tarree maqaa namoota murtii dhumaa mana murtiitiin balleessaa jedhamanii marsariitii Abbaa Taayitichaatiin yookiin subquunnamtii birootiin yeroo yeroon ifa taasisuu ni danda’a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin tarreeffamni ifa taasifamu kanneen armaan gadii qabachuu qaba:
 - a) Maqaa, suuraa fi teessoo nama balleessaa jedhamee ;
 - b) Tarree dhimmoota yakkichaa Abbaan Taayitichaa barbaachisaa dha jedhuu ;
 - c) Yeroo taaksii yakkichi itti raawwatamee ;
 - d) Namni balleessaadha jedhame sababa yakka raawwateen hanga taaksii hin kaffallee ;
 - e) Nama balleessaadha jedhame irratti adabbiin maallaqaa buufame yoo jiraate hanga adabbichaa.

Kutaa Xiqqaa Afur

Badhaasa

134. Taaksii Dhoksuu Ilaalchisee Odeeffannoo qabatamaa Kennameef Badhaasa Kennamu

- 1) Namni kamiyyuu dhoksuun ; xiqqeessee beeksisuun; waliin dhahuun yookiin karaa hin malle kamiyyuu taaksii dhoksuu raawwate ilaalchisee odeeffannoo qabatamaa fi ifa ta’e mirkanaa’uu danda’u Abbaa Taayitichaatiif kan kenne yoo ta’e, Abbaan Taayitichaa bu’uura qajeelfama baasuutiin hanga taaksii dhoksamee hanga % 20 (dhibbeentaa digdama) bifa badhaasaatiin yeroo taaksichi sassaabamu nama kanaatiif ni kenna.
- 2) Keewwata kana Keewwatni Xiqqaa 1 :
 - a) Gocha taaksii dhoksuu irratti kan hirmaate ; yookiin
 - b) Taaksii dhoksamee gabaasuun qaama hojii idilee isaa nama ta’e; irratti raawwatiinsa hin qabaatu.
- 3) Badhaasa keewwaata kana jalatti caqasame ilaalchisee Abbaan Taayitichaa Qajeelfama ni baasa.

135. Badhaasa Raawwii Hojii Ol’aanaaf Kennamu

- 1) Abbaan Taayitichaa hojjetaa taaksii raawwii hojii olaanaa galmeessiseef akkasumas kaffalaa taaksii dirqama isaa haala fakkeenya ta’uu danda’uun bahateef badhaasa ni kenna.
- 2) Badhaasa Keewwaata kana jalatti caqasame ilaalchisee Abbaan Taayitichaa qajeelfama ni baasa.

Kutaa Kudha Jaha
Tumaalee Adda Addaa

136. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

- 1) Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Naannichaa dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa Labsii kanaa fi dambii Labsii kana hojiirra oolchuuf bahu raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

137. Tumaalee Ce'umsaa

- 1) Labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura sababa gochaa raawwatameen yookiin raawwatamuu dhabuutiin murtii taaksii kenname irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jiraatuyyuu :
 - a) Labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura taaksii kaffalamuu qabu osoo hin kaffalamiin hafe irratti adabbiin bulchiinsaa buufamu bu'uura seerota taaksii hojiirra turaniin ni raawwatama.
 - b) Labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura dhimma jalqabamee ilaalamaa ture haala jalqabameen kan itti fufu ta'a;
 - c) Bu'uura tumaalee Labsii kanaatiin kutaan hojii komii qulqulleessuu fi Boordiin Ol'iyyannoo Taaksii hanga hundeeffamutti Gareen Komii Keessummeessuu fi Boordiin Ol'iyyannoo Gibiraa fi Taaksii hojiirra jiran hojii isaanii haaluma duraan tureen kan itti fufu ta'a;
 - d) Labsiin kun osoo hin ragga'iin dura yeroon iyyataa fi ol'iyyannoon duraatiin itti dhiyaatu akkaataa seera duraatiin kan darbe yoo ta'e, Labsii kanaan yeroon dheeraan sababa kennameef qofa iyyatichii fi ol'iyyannichi bu'uura Labsii kanaan ni dhiyaata hiika jedhu kennisiisu hin danda'u.

138. Tumaalee Raawwatiinsa Hin Qabanne

Tumaalee Labsii kana keewwata 137 akkuma eegametti ta'ee, seerotnii fi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

139. Yeroo Labsii Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,
Guyyaa Guraandhala 24/Bara 2009
Lammaa Magarsaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa.